# XIINXALA ERGAA SIRBOOTA OROMOO BAROOTA 2021- 2022TTI BAHAN: HAALA WALQABAATINSA SIYAASA OROMOOTIIN.

**QORATAAN: TAARIKUU DHINSAA JABEESSAA**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU GAMISAAN ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUUMAANITIITTI, DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUF DHIYAATE**

**JIMMAA, OROMIYAA**

**Fulbaana, 2024**

**YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANIITIITTI, DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO FI OGBARRUU**

# XIINXALA ERGAA SIRBOOTA OROMOO BAROOTA 2021-2022TTI BAHAN: HAALA WALQABAATINSA SIYAASA OROMOOTIIN

**QORATAAN: TAARIKUU DHINSAA JABEESSAA**

**GORSAA DURSAA: TAAYYEE GUDDATAA (PhD)**

**GORSAA AANTEE: ABDUSALAAM ABBAA OLII (MA)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU GUUTTACHUUF QOPHAA’EE DHIYAATE**

**JIMMAA, OROMIYAA**

**Fulbaana, 2024**

## YUUNIVARSIITII JIMMAA

## Dhaabbata Qorannoo Sagantaa Digirii Duraatiin Boodaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo fi Ogbarruu ittiin guuttachuuf Taarikuu Dhinsaa Jabeessaa, Mataduree “**Xiinxala Ergaa Sirboota Oromoo Baroota 2021-2022tti Bahan Haala Wal Qabaatiinsa Siyaasa Oromootiin”** jedhurratti qophaa’e adeemsa barbaachisu guutee kan dhiyaatedha.

Maqaa qorataa: Taarikuu Dhinsaa Jabeessaa Mallattoo____________Guyyaa________

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa______________________________Mallattoo___________Guyyaa___________

Qoraa Keessaa:___________________________ Mallattoo__________ Guyyaa__________

Gorsaa Dursaa:___________________________Mallattoo__________Guyyaa___________

Gorsaa Aantee:____________________________ Mallattoo__________Guyyaa___________

______________________________________________________________

Itti Gaafatamaa Muummee yookiin Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

**Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaa fi mallattoon kiyya armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii kiyya ta'uu fi kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaanne ta'uusaa, akkasumaas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Taarikuu Dhinsaa Jabeessaa

Mallattoo ____________________

Guyyaa______________________

## GABAAJEEWWAN

Gabaajeewwan armaan gaditti tarreeffaman kanneen qorannoo kana keessatti bakka adda addaa galanii waan jiraniif, namoonni qorannoo kana dubbisanii akka salphaatti hubatanii itti fayyadamuu danda'an taasisa.

| | |
|---|---|
| ABO | Adda Bilisummaa Oromoo |
| ABUT | Adda Bilisa Baasaa Ummata Tigiraay |
| ADWUI | Adda Dimookiraataawaa Warraaqsa Uummattoota Itoophiyaa |
| ALA | Akka Lakkoofsa Awuroppaa |
| ALI | Akka Lakkoofsa Itoophiyaa |
| FDRE | Federal Dimocratic Republic Ethiopia |
| KFO | Koongiraansii Feederaalistii Oromoo |
| KKF | Kan Kana Fakkataan |
| OMN | Oromia Media Network |
| TPLF | Tigray People Liberation Front |
| YKN | Yookaan |
| WBO | Waraana Bilisummaa Oromoo |

# GALATA

Hunda dura hojii qorannoo kana na jalqabsiisee isa na xumursiise Waaqayyo guddaa hundaa ol ta'eef galanni haa ta'u. Itti aansuudhaan, gorsaa dursaa koo Taayyee Guddataa (PhD) hamiilee fi kaka'umsa daangaa hin qabneen dadhabbii fi nuffii tokko malee, yeroo isaanii aarsaa gochuun gorsaa fi hubannoo cimaa naaf kennuun hojii koof jabina guddaa waan naa ta'anif guddaa galatoomaan jedha. Akkasumas, hojii qorannoo kana keessatti milkaa'ina hojii koof gorsaa fi deggeersa ogummaa naaf kennuun kan na jajjabessan gorsaa aantee koo Abdusalaam Abbaa Olii (MA) galanni koo guddaadha. Kana malees, kanneen deggeersa yaadaa kallattii addaa addaan naaf taasistan hundi keessanuu galatoomaa ulfaadhan jedha. Dabalataanis,akka qorannoon koo fixaan ba'iinsa argatuuf maatii koo kallattii addaa addaan deggeersa naa gootan galatoomaa ulfaadhaan jedha.

## AXEREERAA

*Qorannoon kun kan geggeeffame xiinxala ergaa sirboota Oromoo baroota 2021-2022tti bahan haala walqabaatinsa siyaasa Oromoo irratti kan xiyyeeffatudha. Haaluma kanaan, qorannoon kun kan xiyyeeffatu sirboota Nuti maal taanaa?, WalAgarraa, Gaafa Roorroo, Bulloo, Gumaa Gurraachafi Saglii jedhaman jahan madda ragaa tokkooffaa taasifachuun kan geggeeffamedha. Kaayyoon waliigalaa qorannoo kanaa, sirboota Oromoo baroota 2021-2022 filatamaan keessaa ergaa isaanii haala walqabatiinsa siyaasa Oromoon xiinxaaluudha. Sirboonni filatamanii qorannoon irratti geggeeffame kun mala iddatteessuu miti carraa keessaa mala iddatteessuu kayyeeffataatti dhimma ba'e. Qorannoo kanaaf qorataan ragaan suur-sagalee yuutubii irraa fudhachuun hordofuun odeeffannoowwan wal fakkaataan walitti qindeessee mala xiinxala ragaa jiran keessaa qabiyyee sirboota filatamanii xiinxaluun mala ibsaatiin ragaaleen xiinxalalamaniiru. Yaadxinni qorannoon kun bu'uureeffate yaadxina hawaasummaa fi seenawaa fayyadamuun, ergaan ijoo walaloo sirbaa haala siyaasa keessa jiru mul'isuun hiika isaa xiinxaluuf dhimma itti bahameera. Xiinxala sirbaa haala walqabaatinsa siyaasa Oromoo irratti geggeeffameen ergaan ijoo isaanii tokkummaa dhabuu, hidhaa, haqa dhabuu fi miidhaa siyaasaa akka ta'e bu'aan qorannoo kanaa ni mul'isa. Ergaan ijoo miidhaama ummata Oromoo qabiyyee walaloo sirba kana keessatti qorannoo kanaan argaman, reebicha, hidhuufi darraruu, qaama hir'isuu, ajjeechaa, himannaa sobaa fi ragaa sobaan murtii kennuu, barnoota irraa ari'uu, sodaachisuu, dorsisuu,saamicha lafaa fi lafa irra buqqisuun, isaan gurguddoodha. Miidhaa fi dhiibbaan ummata Oromoo irra karaa siyaasaa irra gahaa jiru jala bahuuf, kutaa fi amantiidhaan osoo wal hin qoodin tokkummaa isaa cimsee falmii geggeessuun mirga abbaa biyyummaa isaa mirkaneffachuu akka qabu ergaan ijoo walaloo sirboota kanaa bal'inaan ni mul'isu. Akka waliigalaa walaloo sirba weellistoota kanaan miidhaa fi darraraa karaa siyaasaa, sirnoota darbanii fi sirna mootummaa kana keessatti gahaa jiru jijjiiruuf, hubannoo ummataa uumuu fi kakaasuu keessatti gahee salphaa taphachaa hin turre. Xumurarratti gaheen sirba weellistoota Oromoon weellifaman qabsoo ummata Oromoo keessatti qaban qabiyyeen isaanii xiinxalamee barreeffaman dhaloota dhufuuf dabarsuu barsiisuuf gara fuula duraatti xiyyeeffannaan itti kennamee osoo qoratamee gaariidha.*

# BAAFATA

**QAABIYYEE** **FUULA**

GALATA ........................................................................................................................ i

AXEREERAA ..................................................................................................................iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA.......................................................................................... 1

1.1 Seenduubee Qorannichaa........................................................................................ 1

1.2 Ka’umsa Qorannichaa ............................................................................................. 5

1.3 Gaaffiiwwan Qorannichaa........................................................................................ 7

1.4 Kaayyoo Qorannichaa ............................................................................................. 8

1.4.1 Kaayyoo Gooroo ................................................................................................ 8

1.4.2 Kaayyoo Gooree ................................................................................................ 8

1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa .............................................................................. 8

1.6 Daangaa Qorannichaa ............................................................................................. 9

1.7 Hanqina Qorannichaa.............................................................................................. 9

1.8 Qindaa’ina Qorannichaa........................................................................................ 10

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUUWWAN WALFAKKII ........................................ 11

2.1 Ogbarruu ............................................................................................................... 11

2.1.1 Aartii…………………………………………………………………………………...…..12

2.1.2 Walaloo.............................................................................................................. 13

2.1.2.1 Gosoota Walaloo …………………………………………………………………..14

2.1.2.1.1 Walaloo Liirikii ……………………………………………………………..14

2.1.2.1.2 Walaloo Seenessaa ………………………………………………………….15

**2.1.2.1.3 Walaloo bifa Diraamaan dhiyaatu …………………………………………..……16**

2.1.3 Yaadrimee Sirbaa ........................................................................................................ 17

2.1.3.1 Maalummaa Sirbaa……………………………………………………………18

2.1.3.2 Faayidaa Sirbaa……………………………………………………………..…19

2.1.3.3 Walaloo Sirbaa………………………………………………………………...21

2.1.3.4 Warraaqsaa fi Sirba ………………………………………………………….…..23

2.1.3.5 Oromummaa Sirbootaan Ibsuu …………………………………………………23

2.1.3.6 Sirba Ammayyaa Oromoo………………………………………………….....25

2.2 Sakatta'a Qorannoo Walfakkii .......................................................................................... 26

2.3 Yaaxxina Qorannichaa ....................................................................................................... 28

2.4 Haala Sochii Uummatni Oromoo Keessa turee fi yeroo Sirbonni kun itti bahan ................ 30

BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ......................................................................... 34

3.1 Saxaxa Qorannichaa ........................................................................................................... 34

3.2 Irraawwatama Qorannichaa ................................................................................................ 34

3.3 Madda Ragaa Qorannichaa ................................................................................................. 34

3.4 Iddattoo fi Iddatteessuu ....................................................................................................... 35

3.5 Adeemsa Ragaa Sassaabuu ................................................................................................. 35

3.6 Mala Xiinxala Ragaalee ...................................................................................................... 35

BOQONNAA AFUR: XIINXALAA FI HIIKA RAGAALEE ..................................................... 37

4.1 Seensa Sirboota Filatamuun Xiinxalamanii ........................................................................ 37

4.1.1 Wal Agarraa ( Galaanaa Garoomsaa, 2021) .................................................................. 37

4.1.1.1. Barcuma ………………………………………………………………………...38

4.1.2 Bulloo (Yoosan Getaahun, 2021) ........................................................................ 38

4.1.2.1. Farda…………………………………………………...…………………..39

4.1.2.2. Abbaa Fardaa……………………………………………………………...39

4.1.2.3. Waltajjii…………………………………………………………………....41

4.1.3 Gaafa Roorroo (Taammiraat Tolaasaa, 2022) ........................................................ 41

4.1.4 Nuti Maal Taanaa? (Caalaa Daggaffaa, 2021) ........................................................ 42

4.1.5 Saglii ( Leenco Gammachuu, 2021) ......................................................................... 42

4.1.6 Gumaa Gurraacha (Falmaataa Kabbadaa, 2022)...................................................... 43

4.2 Xiinxala Ergaa Sirboota Filataman Keessatti Gama Siyaasaatiin....................................... 43

4.2.1 Ergaa Gama Haqa Dhabuun Dhiyaate ...................................................................... 44

4.2.1.1 xiiqii……………………………………………………………………………44

4.2.1.2. Dhugaa ……………………………………………………………...…..46

4.2.2 Sirna Bulchiinsa Biyyaattiifi Oromoo ....................................................................... 51

**4.2.2.1 Hidhaa……………………………………………………………………………………………53**

4.2.2.2 Hayyummaa…………………………………………………………….…….…55
4.2.2.3 Tokkummaa…………………………………………………..……....56
4.2.2.4 Hidhannoo……………………………………………………………….……56
4.2.2.5 Saamicha Lafaa ………………………………………………………………...59
4.2.2.6 Wareegamu……………………………………………………………….…60
4.2.2.7 Falmii……………………………………………………………………………….61
4.2.2.8 Waadaa……….………………………………………………………..…...64
4.2.2.9 Gabrummaa………………………………………………………………………68
4.2.2.10 Haloo baafachuu……………………………………………………….…..70
4.2.2.11 Qe'ee ofii eeggachuu……………………………………………..………72
4.2.2.12 Gumaa gootaa…………………………………………………..…………..73
4.2.2.13 Guddummaa Oromoo…………………………………………………….…..75
4.2.2.14 Dhaadannoo………………………………………………………………………76
4.2.2.15 Dadhaabina Sirnnichaa……………………………………………………...78
4.2.2.16 Warra Kaabaa……………………………………………………………………..81
4.2.2.17 Oromootti abdii himuu……………………………………………………………82
4.2.3 Hawwii Bilisummaa .......................................................................................... 83
4.2.3.1 Dhaamsa……………………………………………………………………….....83
4.2.3.2 Gaabbii ………………………………………………………………………..84
4.2.3.3 Gorsa ………………………………………………………………..…….85
4.2.3.4 Obsa ……………………………………………………………………….……86
4.2.3.5 Roorroo……………………………………………………………………….…87
4.2.4 Ergaa Qabeenya Oromoo fi Hawaasummaa ibsuuf dhiyaate .................................... 91

4.2.4.1 Qabeenya Oromoo Daawwachisuuf……………………………………………………..92

4.2.4.2 Gootummaa ………………………………………………………………………..93

4.2.4.3 Gadda………………………………………………………………………….…99

4.2.5. Ergaa Gama Gamtaa Oromoo Mul'isuuf Dhiyaate .................................................. 101

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA ....................................... 103

5.1 Cuunfaa ................................................................................................................... 103

5.2 Argannoo ................................................................................................................. 105

5.3 Yaada Furmaataa..................................................................................................... 106

Wabiilee ........................................................................................................................... 108

Dabalee ............................................................................................................................ 111

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaan kun barruuwwan waa'ee qorannoo kanaa cimsanii fi qabiyyeewwan addaa addaa of keessatti qabaachuun kan qindaa'edha. Haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti kan ilaalamuus; seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, gaaffiwwan qorannichaa, kaayyoowwan qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa fi qindaa'inni qorannichaa walduuraa duuba isaanii eeganii ibsamanii jiru.

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Uummanni Oromoo uummatoota gaanfa Afrikaa keessa bal'inan jiraachaa turee fi jiraachaa jiran keessaa isa tokkodha. Uummanni kun biyya gaanfa Afrikaa keessatti argamtu Itoophiyaa keessa jiraachaa kan turaanii fi jiraachaa kan jiranidha. Fiixee Birrii (2013) Biraanuu Lammeessoofi Taaboor Waamii (2013) wabeeffachuun "Sabni Oromoo Kuush kan jedhamu durduriitii jalqabee gaanfa Afrikaa keessa kan ture ta'uu dubbatama. Akkasumaas, Saba Kuushiitti dhalatee maqaa Itoophiyaa jedhamuun beekamudha''

Yaadni kun kan ibsu uummanni Oromoo hortee uummata Kuush keessaa isa tokko akka ta'e, gaanfa Afrikaa keessaa biyya Itoophiyaa jedhamtu keessa kan jiraatuufi maqaa Itoophiyaa jedhamtu kanaan illee akka beekamtu ibsa. Mohaammad Sayid (2006) waa'ee uummata Oromoo yoo ibsu, "uummanni Oromoo baay'inaan gaanfa Afrikaa biyya Itoophiyaa keessa jiraata. Lafti Oromootaa jiituu, badhaatuu, magaarituu, bal'oo, gabbattuu fi hawwattudha. Biyyi Oromoo "Oromiyaa'' yoo ta'u, afaan isaanii immoo Afaan Oromoo afaan saba guddaa afaan warra Gadaan bulaan jedhamee beekama'' jedha. Hayyuun seenaa kun uummanni Oromoo gaanfa Afrikaa keesssaa Itoophiyaa keessa kan jiraatuuf afaan dubbatu kanaan aadaa, duudhaa, safuu, amantaa, eenyummaa, falaasama, gadda, gammachuu, haala jiruuf jireenya isaa kan ittiin ibsatu afaan Oromoo ta'uu isaa ibsa.

> Oromoon akka seenaan ibsutti saba durdurii kaasee mandhee isaa gaanfa Afrikaa gubbaa godhachuun jiraachaa tureefi jiraachaas jirudha. Uummata guddaa hojii jabduu dalagaa addunyaa tanarra jaarraa, seenaa, seexaa isaa dhaloota horee qabuun dabareen wal harkaa fuudhaa, waliif dabarsaa, waliif qoodaa asiin ga'e ta'uu kan ibsudha. (Irranaa Gammachuu, 2019)

Yaadni armaan olii kun uummanni Oromoo saboota gaanfa Afrikaa keessa jiraatan keessaa isa guddaa akka ta'ee, wantoota jiruu fi jireenya isaa keessatti isa quunnaman hunda dhalootaa gara dhalootatti dabarsaa kan har'a ga'e fi dabarsaa kan jiru ta'uu isaa ibsa. Wantootni jiruu fi jireenya isaa keessatti isa muudatan gaariis ta'e yaraa karaa ittiin labata itti aanuuf dabarsaa ture keessaa inni tokko Ogbarruudha. Dhalli namaa jiruu fi jireenya isaa keessatti yaada, miira, fedhii, hawwii akkasumas muudannoo, muuxannoo isaarraa ka'ee haala jiruu fi jireenya isaa kan ittiin ibsatuf dabarsatu haala adda addaa jiran keessa tokko Ogbarruudha. Ogbarruu jechuun Ogummaa dhalli namaa ittiin aadaa, duudhaa, falaasamaa, haala jiruu fi jireenya isaa, akkasumas miira isaa, gaddaa fi gammachuu qabu ittiin ibsatudha. Ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee, namni haala keessa jiru hunda kan ittiin calaqqisiiffatudha. Ogbarruu keessatti dandeettiin sammuu qooda olaanaa qaba. Sababiin isaas, wanta dhiyeessuun barbaadame akka namni dhaggeeffatu ykn dubbisu gochuudhaaf karaa adda ta'een dhiyeessuuf dandeettiin sammuu gahee guddaa taphata. Qabiyyee fi haala dhiyeenya isaarratti hunda'uun Ogbarruun amala nama bashannansiisuu, barsiisuu, onnachisuu, kakaasuu fi gammachiisuu of keessa qaba. (Asafaa, 2009 f .16-17).

> Ogbarruun waa'ee ummataa ummataaf deebisee kan dhiyeessu, daawitii jiruu fi jireenya dhala namaadha. Waa'ee jiruuf jireenya yookiin finna ummataa waan ta'eefis hayyuulee Ogbarruu biratti hayyuuleen seenaa, kan falaasamaa, kan siyaasaa, kan seeraa fi kanneen biroollee gama ogummaa isaaniitiin ilaaluudhaan hiikawwan adda addaa kennanii jiru jedha. (Asafaa, 2009, f 16-17).

Akka yaada kanaatti; Ogbarruun waan barreeffamaa fi afaaniin jiru hojii kalaqa sammuu dhala namaa kan of keessatti qabatudha. Akkasumaas, hayyoonni garaagaraa Ogbarruuf hiika garagaraa laatu. Akka Misgaanuun (2012) ibsutti Ogbarruun umurii dheeraa jalqabbii afaaniitii wajjin walgitu qabaachuu isaati. Haaluma kanaan Ogbarruun muuxannoo jiruu fi jireenya hawaasaa hunda ofkeessatti kan hammate ta'uu isaarraa kan ka'e hiika hunda galeessa ta'e Ogbarruuf laachuun hin danda'amu. Fedhasaa (2013, f.49) gama isaatiin Ogbarruu yoo ibsu, jecha afaan Ingilizii "literature" jedhamu irraa kan hiikameef ogummaa barreessummaa hiika jedhu kan qabudha jechuun lafa kaa'a.

Ogbarruun, afaaniin seenaa, safuu, aadaa, duudhaa, jiruu fi jireenya hawaasaa baatee dhalootaa dhalootatti daddarbu afoola yoo jedhamu, Ogbarruun barreeffamaa garuu kalaqa sammuu nama

dhuunfaa kan of keessaa qabu barreeffamaan muuxannoo fi muudannoo barreessaa irratti hunda'uun dandeettii kalaqa sammuu seenaa, jiruuf jireenya, muuxannoo, muudannoo akkasumaas gadda, gammachuu, miidhaa, diddaa hawaasni tokko qabu jechoota Ogbarruutti fayyadamuun hawaasichuma ittiin barsiisuu, kakaasuu, akeekkachisuu fi tajaajilu ogummaa kalaqaati. Gosoota Ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko walaloodha.

Ogwalaloon gooroowwan Ogbarruu keessaa umurii dheeraa qabaachuun kan beekamu akka ta'e ni hubatama. Kanarraa ka'unis umurii Ogwalaloo umurii afaanii fi jireenya dhala namaan kan walsimu ta'uu yaadni ka'u ni jira. Haata'u malee Ogwalaloon afaanii fi barreeffamaan kan dhiyaatu yoo ta'es xiyyeeffannoon qorannoo kootii walaloo barreeffaman keessaa walaloo sirboota baroota 2021-2022tti bahan sirboota filatamaan kallattii siyaasaan xiinxaluudha. Walaloon bifa garaagaraan (kitaabaafi sirbaan) dhiyaachuu danda`a. Bifa sirbaan yommuu dhiyaatu amala muuziqaa qabaachuu qaba. Muuziqaan barreessaa walaloo, weellisaa, qindeessa yeedaloo fi hojii muuziqaa kan hammatudha. Muuziqaadhaaf baay'ee kan barbaachisu yeedaloo ta'us afaan walaloo fayyadamuun hin oolu. Kun immoo, muuziqaa fi afaan haalaan kan walitti hidhaaman ta'uu agarsiisa. Muuziqaan meeshaa hawaasummaa fi siyaasaa ta'ee keessumaa uummattoota hacucaamoo tajaajila. Qorannoon kun qindaa'ee dhiyaachuu muuziqaa osoo hin taane xiinxala ergaa ijoo qabiyyee sirboota siyaasaa irratti xiyyeeffata.

Sirbi meeshaa hawaasni tokko ittiin aadaa, duudhaa, siyaasa, dinagdee, tokkummaa, jaalala, miidhaa fi quqqaa kkf ittiin ibsatudha. Yaada kana tumsuun Tasfayee (2013, f. 86) akka ibsutti, "they are the reflection of the life situation of the society the period they were composed. They have existed in any culture specially influencing political movements and ritual activities" jechuun ibsa. Akka yaada kanatti sirbi haala jiruu fi jireenya ummata tokkoo yeroo itti barreeffame ykn sirbame keessa kan mul'isudha. Weellisaan walaloo sirba gargaaramuun wantoota namatti dhagahamu hunda ibsa, deggeera yookaan qeeqa. Sirbi gammachuu, gadda, roorroo, walabummaafi kkf hammachuun bifa nama hawwatuun dhiyaachuun ergaa seenaa, siyaasaa, dinagdee, jaalalaaf kkf dabarsa. Jiruu fi jireenya ummata Oromoo keessatti aartiin keessattuu sirbi iddoo guddaa qaba. Sirba gargaaramuun gaddaa fi gammachuusaa, jibbaafi jaalalasaa, dhabuufi argachuusaa, roorroofi birmadummaasaa ibsata. Keessumattuu, ummanni Oromoo cunqursaa fi dhiibbaa siyaasaa irra gahaa turee fi gahaa jiru sirbatti dhimma bahuudhaan ibsata (Tesfaye 2013: f, 86).

Barreessaan walaloo sirbaa tokko haala jiruu fi jireenya, akkasumas, miidhaa fi dhiibbaa gama aadaa, seenaa, hawaasummaa, dinagdeef siyaasaatiin hawaasa keessa jiraatu irra qaama alaatiin irra gahu ilaalchisee fi bifa ittiin miidhaa kana falmachuu danda'u haala qabatamaa jiru afur irratti hunda'ee, kalaqa isaatiin hawaasicha barsiisuu, hubachisuu, akeekkachisuu fi dammaqsu keessatti gahee olaanaa qaba. Walaloon sirbaa kunis, haala miira hawaasa kanaa hawwachuu danda'uun qindeessaan muuziqaa yeedaloo itti uumuun fi meeshaan qindaa'ee sagaleen weellisaan akka sirbu ta'a. Yaada kana irratti (Finnegan 1970 f.272) sirbi haala yeroo irratti yaada kennuuf, dhiibbaa siyaasaaf, hawaasa daddammaqsuuf akkasumas ilaalcha hawaasaa ibsuu fi sirreessuuf gargaara. Itti dabaluun sirbi haala garaagaraa keessatti tokkummaa biyya tokkoo eeguu keessatti qooda guddaa qaba "in different contexts, songs can have the effect of intensifying factional differences or of encouraging national unity." Kana malees, sirba gartuu ykn dhuunfaan mormaniif sirbamudha. "Songs are also directed against opposing groups or individuals" (Finnegan, 1970, f. 272).

Akkasumas, sirbi waloodhaan barreeffamee yeedaloo fi sagaleen qindaa'ee weelliisaadhaan weelliifamudha. Kunis haala jiruu fi jireenya ummata sanaa yeroo keessa jiru walsimsisuun karaa miidiyaalee adda addaa fayyadamuun ummata bira kan gahu yeroo ta'u, qabiyyeen isaa kan jaalalaa fi jaalalaan alaa ta'u danda'a. Sirboonni siyaasaa gosa sirba ummata Oromoo biratti beekamaa ta'an keessaa isa tokkodha. Sirboonni kun kan ummanni Oromoo ittiin miidhaa isaarra gahu ittiin ibsatudha. Sirbi humna hawaasa sochoosuu, dadammaqsuu fi tokkomsuu of keessaa qaba. Miidhaa namarra jiru yeroo ibsatan xiiqii fi onneetu nama guuta. Gaheen aartistii Oromoos, kana hubate miidhaa sana faarsuun kan hin hubanne hubachisuun mirga isaa akka falmaatu taasisa. Seenaa ummata Oromoo fi falaasama isaa dhaloota gara dhalootatti dabarsuu keessatti sirbi gahee olaanaa qabataa tureera; har'as qabaachaa kan jirudha. Sirba Oromoo, kan sabni Oromoo gadda, gammachuu, jibba, jaalala, gidiraa bulchinsa abbootti aaangoo, haala siyaasaa dhufaa darbaa ittiin komachuu, mormii isaa ittiin ibsachuu, tokkummaa isaa ittiin ibsachuu, wallaalaa isaa ittin gorfachuu, kan laafe ittiin jabeessu, ittiin wal tumsuu fik.k.f ibsuuf itti fayyadamaa tureera akkasumaas itti fayyadamaa jira.

Ummatni Oromoo hanga walakkeessa jaarraa 19ffaatti, osoo bittaa mootota Habashaa jalatti hin kufin, sirna Gadaatiin akka of bulchaa ture ragaaleen seenaa jiran ni dhugoomsu. Sirnoota kana keessatti olaantummaa aadaa hawaasaa fi siyaasaa, akkasumaas, saamichi dinagdee irratti

geggeeffamaa turus, afaan, aadaa fi afoola isaatiin adda ta’ee jiraachuu danda’uu isaas qorattoonni ni addeessuu (Asafaa, 2015. f.3). Ummanni Oromoo miidhaa sirnootni kun irraan gahaa turan, karaa afoola isaa mormii qabu taasiisaa akka ture qorannoon adda addaa ni mirkanneessa (Asafaa, 2015. f.5). Erga ummanni Oromoo sirna Nafxanyaatiin cabee eegalee dhiibbaa fi roorroo sirnichaan irra gahaa ture mormii qabu ibsachuuf sirba aadaa Oromoo gartokkoon gara sirba siyaasaatti ce’uu (Tesfaye 2013, f.87) qorannoo isaatiin addeeseera.

Ummanni Oromoo erga Impaayera Itoophiyaa jalatti humnaan makame irraa eegalee siyaasa isaa karaa garaagaraa keessattuu sirba fayyadamuun ibsachaa tureera. Keessattuu, bara 2021-2022 ALA gidduutti, miidhaa fi cunqursaa irra gahu fakkeenyaaf, Oromoonni hedduun sababa ilaalcha siyaasa isaanii qofaaf jumilaan hidhamuu, reebichaan qaama hir’achuu, ajjeefamuu, gudeedamuu, buutuun bakka bu’e dhabamsiisuu, himata malee hidhanii waggaa dheeraa tursiisuu, hayyoonni Oromoo gammeeyyiin mana hidhaatti darbatamuu, haqa dhabuu fi olaantummaa seeraa dhabuu weellistoonni Oromoo garaagaraa walaloo sirban qindeessanii dhiyeessuun Oromoon tokkummaan qabsaa’ee akka mormu ka’umsa ta’aniru. Qorannoon kunis xiinxala ergaa sirboota Oromoo baroota 2021-2022tti bahan keessaa sirboota filataman irratti *Wal Agarraa, 3Obsa (Bulloo), Saglii, Gumaa Gurraacha, Gaafa Roorroo, Maal Taanaa?* ergaa haala walqabaatinsa siyaasa Oromootiin xiinxaluu irratti xiyyeeffatee kan geggeeffamedha.

## 1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Sirbi daawitii beekumsa hawaasaati. Dandeettii, ogummaa, falaasama hawaasa tokkoo mul’isa. Sirbi mul’iftuu fi riqicha hambaa seenaa dhalootaa gara dhalootatti dabarsuu danda’a. Karaa biraa, bu’aa ba’ii jiruu fi jireenya dhufaa darbaa agarsiisa. Sona aadaa fi seenaa saba tokkoo ibsa. Gosoota sirba Oromoo keessaa, sirbi siyaasaa isa tokkodha. Sirbi kun aarii, quqqaa, dhibdee garaa Oromoo keessa jiru ala baasee ibsachuuf yommuu sirbamu; dhiibbaa fi miidhaa garaa keessaa baasuuf gargaara. Kanaanis, namoota gidiraa fi miidhaa walfakkaatu qaban walii galchee, onnachisee ijaara. Sirbi Afaan Oromoon yeroo adda addaa miidhaa fi diddaa mul’isuuf, rakkoo ummatichi qabu bifa adda addaatiin agarsiisuuf kan sirbamudha. Kanaafuu, qabiyyee sirboota siyaasa Oromoo mul’isan barreessanii xiinxaluun, ergaa fi faayidaa isaanii qoratanii dhalootaa dabarsuun barbaachisaadha.

Ka'umsi qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessa jirudha. Dhugaan hawaasa keessa jiru kun ammoo rakkoo muudate tokkoof fala kaa'uu, yaaxxina duraan jiru irra dhaabbatamee qaawwa hawaasicha keessatti mudaa ta'ee argame tokko kan cufuu danda'u maddisiisuu, dhimma hawaasa sana keessatti rakkoo ta'ee mul'ate irratti xiinxala gadi fagoo taasisuun furmaata barbaaduudha. Akkasumaas sirbi Oromoo qabsoo uummata Oromoo finiinsuu keessatti gahee guddaa inni qabu keessaa muraasni, dhaloonni ofbaree daangaa hanga daangaatti akka qabsaa'u, gabrummaa alagaa bara baay'ee ture qolachuu, lafti Oromoo alagaaf qoqqodamee akka hin kennamne taasisuu fi hiidhamtoonni siyaasaa Oromoo akka mana hidhaa keessaa bahaan gochuu fi.k.kkf irratti faayidaa guddaa kan qabudha. Oromoon seenaa isaa keessatti aartiistoota isaa qaqqalii warren faallaa Oromoo dhaabbataniin kan lubbuu isaanii dhabe yommuu ta'u, kanneen biroo immoo qaamman akka hir'uu ta'an gochuu fi mana hidhaa alagaa keessatti darraramaa kan turanidha. Haaluma walfakkaatuun xiyyeeffannoon qorannoo kanaa sirboota *WalAgarraa, 3Obsa (Bulloo), Gaafa Roorroo, Nuti maal taanaa ?, Saglii fi Gumaa Gurraacha* xiinxaluun dhaloonni akka irraa barataan taasisuudha.

Qorannoon ergaa sirboota ammayyaa xiinxaluu irratti xiyyeeffatame yuunivarsiitii Jimmaatti kanaan dura hojjatame saditu jira. Qorannoon kunis ergaa fi qabiyyee walaloo sirboota ammayyaa kan siyaasa irratti xiyyeeffatu diddaa fi miidhaa Oromoo irra ga'e irratti hundaa'ee Sofiyaa Huseenin bara 2013-2018 jiran irratti kan hojjatamedha. Kan biraan qorannoo sirboota ammayyaa Oromoo bara 2019 keessa ba'an irratti ergaa isaa xiinxaluun Iddoosaa Eebbisaan bara 2020/21 hojjetamee fi ergaa walaloo sirboota Oromoo bara 2021 keessa bahan irratti Darajjee Mokoononiin kan hojjetamedha.

Akkasumas qorannoon ergaa sirboota ammaayyaa Oromoo xiinxaluu jedhu kanaan duraa yuunivaarsiitii addaa addaa keessatti hojjetaman mil'uu oromummaa: sirboota warraaqsaa Keekiyyaa Badhaadhaa filataman keessatti waraqaa qorannoo sagantaa barnoota digirii lammaffaa (MA) Lammeessaa Tarreessaa Diriirsatiin Adoolessa, 2022 yuunivarsiitii Haramaayaa fi xiinxala sirboota diddaa, xiyyeeffannoo fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti Habtaamuu Baluudee Wayyeessaatiin Hagayya 2019 yuunivaarsiitii Finfinneetti kan hojjetamedha. Dabalaataanis, qorannoon ergaa sirboota ammaayyaa Oromoo xiinxaluu jedhu Kasaayee fi Alemgene (2022) Wal agarraa _upholding justice through music protesting betrayal in Oromo song jedhu kan hojjetamedha.

Qorannoon kun xiinxala ergaa sirboota Oromoo baroota 2021-2022tti bahan haala wal qabaatinsa siyaasa Oromootiin jedhu irratti kan xiyyeeffatedha. Sababni baroonni kun filaatamaanis, barri kun Oromoof bara inni aartiistii isaa qaalii Haacaaluu Hundeessaa itti du'aan dhabee, bara nagaan qe'ee Oromoota hedduu keessa hin jirre, bara itti uummanni Oromoo beelaa fi ajjeechaa cimaa itti keessumeessaa jiruu fi hayyoonni isaa gameeyyii badii tokko malee yeroo itti mana hidhaa keessatti miidhama guddaa argaa jiran waan ta'eef kallattii siyaasan akkamiin ilaalama kan jedhu ka'umsa godhachuun.

Akkasumaas sababni guddaan sirboota kana irratti qorannoo geggeessuuf qorataa kana kakaase, yeroo sirboonni kun gara addunyaa kanaa dhufaan as dhiyoo ta'uu, sirboota haaraa kana irratti qorannoon kan hin geggeeffamne ta'uu, rakkoo uummaanni Oromoo keessa jiruu fi keessaa ture kan ibsu ta'uu, akkamitti roorroo jalaa uummaanni kun bahuu akka qabu gadii fageenyaan waan ibsuu ta'uu, haala yeroo uummanni Oromoo irra jiru irratti fi quqqaa uummatichaa kan ibsan irratti hundaa'anii kan sirbamaan ta'uu.

Bu'uuruma kanaan waa'een hawaasichaa sirboota kana keessatti akkamiin ibsame kan jedhu ka'umsa godhachuudhaan dhimmoota sirboonni filataman kunniin tuttuqan kana hubannoo hawaasichi dhimma sana irratti qabu irra caalaatti gafageenyaan akka dabaluu gochuu, hojii aartii hawaasaaf dhiyaate tokko qaamni barate jala bu'ee hordofuun qorannoo yoo irratti geggeesse dhaloonni maalummaa siyaasaa hubatee gartokkotti dhufu danda'a kan jedhu ka'umsa godhateeti.

## 1.3 Gaaffiiwwan Qorannichaa

Gaaffiiwwan dhiyaataniif deebii barbaaduuf qorannoon kan adeemsifamudha. Qorannoon kunis gaaffiiwaan ijoo ta'an kanneen armaan gaditti dhiyaataniif deebii ni kenna jedhamee amanama. Gaaffiwwan kunniinis haala armaan gadiin kan dhiyaatanidha.

1. Sirboonni filataman ergaa isaan gama siyaasaan walqabatee qaban maal fakkaata?
2. Sirboonni filataman haala siyaasa Oromoo yeroo sana ture waliin deemuu kan danda'anidha?

3. Sirboota Oromoo baroota 2021-2022tti bahan gahee isaan siyaasa ummata Oromoo, akkasumaas waan hawaasichi keessa jiruu fi keessa ture calaqisiisuu keessatti qaban maali?
4. Sirbonni filataman hawaasa roorroo alagaa jalaatti kufee jiruuf dhaamsa akkamii kennu?

## 1.4 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon geggeeffamu tokko kaayyoo irratti hundaa'ee geggeeffamu qaba. Haaluma walfakkaatuun qorannoon kun kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree armaan gadii of keessaa kan qabudha.

### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa sirboota *Wal Agarraa*, *Bulloo, Saglii*, *Gumaa Gurraacha*, *Gaafa Roorroo, Maal Taanaa?* ergaa isaanii gama siyaasaan suur sagalee dhaggeeffachuu fi ilaaluun xiinxaluudha.

### 1.4.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:

- Ergaawwan gama siyaasaan sirboonni *Wal Agarraa*, *Bulloo, Saglii*, *Gumaa Gurraacha*, *Gaafa Roorroo*, *Maal Taanaa? qaban* qoqqooduun xiinxaluu.
- Sirboonni filatamaan haala yeroo waliin deemuu isaanii sagalee fi viidiyoo xiinxaluun adda baasuu
- Gahee sirboota Oromoo bara 2021-2022 sirbamaan keessaa filatamaan gama siyaasa ummata Oromoo tumsuu keessatti qaban tarreessuu,
- Gahee sirbonni Oromoo filataman hawaasa roorroo alagaa jalatti kufee jiruuf dhaamsa akkamii akka dabarsaan tarreessuu

## 1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Sabni Oromoo dur irraa eegalee eenyummaa, aadaa, safuu, duudhaa, dinagdee, jaalala, gadda, gammachuu, hawaasummaafi k.k.f sirbatti fayyadamee ibsachaa har'a ga'e. Sirboonni filatamanii qorannoon irratti geggeeffame kun gama siyaasan dhaloonni haaraan hubannoo akka argatu bu'uura qorannoon dhimma kanaan walqabatu mataduree kana irratti akka adeemsifamuuf

murteessaa ta'ee argameera. Haaluma kanaan qorannoon kun qorattoota sirboota siyaasaa walfakkatu irratti gara fuulduraa qorannoo geggeessuu barbaadaniif madda ragaa ta'uu danda'a. Akkasumas sirboota sirba siyaasaa irratti hunda'anii sirbaman irratti dhalooni hubannoo isaanii akka cimsatan ni kakaasa. Dabalataanis dhaloonni fuulduraa gocha sirnoota darban keessatti gootota keenya irratti raawwatame hubaatee, akka alagaaf dabarsee wal hin kennine amma tokko karaa ni agarsiisa. Kana malees ergaa sirboota kanaa karaa siyaasaa gadfageenyaan xiinxaluun haala waliigala ummanni Oromoo keessa jiru agarsiisuuf gahee olaanaa qaba.

## 1.6 Daangaa Qorannichaa

Sirboonni ammayyaa Oromoo bara 2021-2022 keessa ba'an garmalee heddummatu. Sirboonni kunniin qabiyyeewwan adda addaa qabatanii ba'u. Sirboota bara 2021-2022 keessa ba'an kana hunduma isaanii yeroo tokko xiinxalanii ergaa isaanii adda baasuun qorannoo irratti geggeessuun hin danda'amu. Sababni guddaan barri kun filatameefis, barri kun siyaasa Oromoo keessatti bara ulfaataa fi bara cimaa waan ta'eefidha. Kanaafuu qorannoon kun sirboota Galaanaa Gaaromsaa *Wal Agarraa*, Yosaan Getaahun *3Obsa (Bulloo),* Leencoo Gammachuu *Saglii*, Falmaataa Kabbaddaa *Gumaa Gurraacha*, Taammiraat Tolaasaa *Gaafa Roorroo*, Caalaa Daggaffaa *Maal Taanaa?)* kanneen jedhaman ergaa isaanii kallattii siyaasaan xiinxaluu qofa irratti kan xiyyeeffatedha. Sabaabni sirboonni kun filatamaanif sirbonni kun yeroo as dhiyoo kan sirbaman, qaama kamiinuu qorannoon kan irratti hin taasifamiin ta'uu fi siyaasan kan walqabatan ta'uu hubannaa keessa galchuun qorataan mataduree qorannoo isaa ergaa sirboota jahaan armaan olii kana irratti daangessuun qorannoo isaa geggeesseera.

## 1.7 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon qaama kaminuu geggeeffamu hanqina mataa isaa qabaachuu danda'a. Qorannoon kunis kan geggeeffame xiinxala ergaa sirboota Oromoo baroota 2021-2022tti bahan, *Wal Agarraa*, *Bulloo, Saglii*, *Gumaa Gurraacha*, *Gaafa Roorroo*, *Maal Taanaa?* jedhaman qofaa irrattidha. Sirboonni kun barreeffamaan waan hin jirref, waraabbiin sirbaa sagaleedhaan jiru gara barreeffamaatti jijjiiruun hojii ulfataa ture. Kanaafuu, waraabbii sirboota kanaa irra deddeebiin dhaggeeffachuun siyaasa irratti kan xiyyeeffatan adda baasuun, gara barreeffamatti jijjiiruu, akkasumas, irra deebiin dhaggeeffachaa qabiyyee ergaa isaanii xiinxaluun yeroo hedduu waan fudhateef ergaa ijoo sirboota irratti xiyyeeffachuun ergaan sirboota biraa hafuu danda'a. Xiinxala

qabiyyee sirba siyaasaa irratti xiyyeeffatanii qorannoo walaloo sirboota Oromoo irratti geggeeffaman muraasa ta’uu isaanii irraa kan ka’e madda gahaa ta’e argachuu dhabuun hanqina ta’uu isaati.

## 1.8 Qindaa’ina Qorannichaa

Qabiyyeen qorannoo kanaa boqonnaalee shaniin qindaa’e. Boqonnaan tokko, seenduubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, gaaffilee qorannichaa, kaayyoo gooroofi gooree qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa qabata. Boqonnaan lama:- sakatta’a barruu walfakkii, Ogbarruu, aartii, walaloo, yaadrimee sirbaa, maalummaa sirbaa, walaloo sirbaa, faayidaa sirbaa, warraaqsaa fi sirba, Oromummaa sirbootaan ibsuu, sirba ammayyaa Oromoo, sakatta’a qorannoo walfakkii, yaaxxina qorannichaa, haala sochii uummanni Oromoo keessa turee fi yeroo walaloon sirboota kanaa keessa bahan qaba. Boqonnaa sadii: mala qorannichaa, saxaxa qorannichaa, irrawwatama qorannichaa, madda ragaa qorannichaa, iddattoo fi iddatteesuu, adeemsa ragaa sassaabuu, mala xiinxala ragaalee of keessatti haammata. Boqonnaa afur: xiinxala ragaalee, seensa sirboota qaacceffamanii, qaacceessa ergaa sirboota filatamaan keessatti gama siyaasa Oromootiin jedhu kan of keessatti kan haammatu yommuu ta’u, Boqonnaa shan: cuunfaa, argannoo fi yaada furmaataa kan qabudha.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII

Boqonnaan kun barruuwwan waa'ee qorannoo kanaa cimsan dabalatee qorannoowwaan aantee kana dura hojjetaman of keessatti haammata. Haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti kan ilaalamus; Ogbarruu maalummaa aartii, , walaloo, yaadrimee sirbaa, maalummaa sirbaa, gosoota sirbaa, walaloo sirbaa, faayidaa sirbaa, sirba ammayyaa Oromoo, sakatta'a qorannoowwan walfakkii, yaaxxina qorannichaa duraa duuba isaanii eeganii ibsamanii jiru. Yaada kana Zoltan (2007, f. 255) sakkatta'a barruu jechuun barruulee mataduree keenya faana walitti hidhata qaban deggeeruun yaada xumuraa irra ga'u kan jedhu ibseera.

## 2.1 Ogbarruu

Ogbarruun ogummaa ilma namaa ta'ee, waa'ee muuxannoo fi muudannoo dhala namaa qindeessee, kan namootaaf deebisee dhiyeessudha jechuu ni dandeenya. Ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee, fedhii, gammachuu, hawwiif kkf. miidhagsee hojii ilma namaa walitti qindeessee kan mul'isu waan ta'eef. Kun ammoo aadaa, seenaa, duudhaa, siyaas dinagdee, hawaasummaa, amantaa, falaasamaa akkasumas haala jiruuf jireenya hawaasa tokkoo kan ittiin calaqqisiifamudha. Kunis, bifa miidhaginaa fi ofitti nama harkisuu danda'uun jechootaan faayamee barreeffamaan yookaan afaaniin kan dhiyaatudha. Wanti barreeffame hundis Ogbarruudha jechuu hin dandeenyu. Haa ta'u malee, Ogbarruun barreeffama qofaan hin daanga'u. Keessumaa Ogbarruun Afrikaa bu'uurri isaa Ogafaan irratti xiyyeeffata waan ta'eef. Ogbarruun afoolas of jalatti hammata. Ogbarruun tooftaa dhalli namaa ittiin yaada isaa ibsatu keessaa isa tokkodha. Ogbarruun hojii ga'umsa qabu kan xiyyeeffannoon addaa kennameefii haala jiruu fi jireenya hawaasa tokkoo ibsudha.

> Ogbarruun Ogummaa umurii dheeraa qabu waan ta'eef, qorannoon garaagaraa bal'inaan irratti geggeeffameera.Yaadnii fi mormiiwwan adda addaas irratti dhiyaataniiru. Haala bal'ina Ogbarruu, faayidaa fi maalummaa isaarratti waan hedduun jedhameera. Haaluma kanaan, Asafaan Ogbarruu yommuu ibsu akkas jedha: Ogbarruun waa'ee ummataa ummataaf deebisee kan dhiyeessu, daawwitii jiruu fi jireenya dhala namaa kan ta'edha. Waa'ee jiruu fi jireenya yookiin finna ummataa waan ta'eefis hayyuulee Ogbarruu biratti hayyuuleen seenaa, kan falaasamaa, kan siyaasaa, kan seeraa fi kanneen biroollee gama

> Ogummaa isaaniitiin ilaaluudhaan hiikawwan adda addaa kennanii jiru Asafaa, (2009, f.16-17).

Yaada armaan olii kana irraa wanti hubatamu, yeroo garaagaraatti dhimma Ogbarruun walqabatu irratti qorannoon gadi fageenyaaf bal'inaan kan irratti geggeeffamaa ture ta'uudha. Kallattii hubannoo isaaniitiinis hayyoonni waan isaanitti fakkaatu ibsuu isaanii dubbata. Ogbarruun dhugaa hawaasa keessa jiru deebisee hawaasichumaaf dhiyeessa waan ta'eef qabeenya hawaasichaa yookaan dhalli namaa ittiin of ibsu keessatti of ilaalaa kan jiraatu ta'uu isaa addeessa.

> Ogbarruun Oguma kalaqaa, Oguma waa uumuu, kan muuxannoo jiruu fi jireenya haqa irratti ittiin bu'uureessinu fi akka qabatamutti, miidhagsinee faaynee ittiin ibsinu. Ogbarruun mala ittiin waan hawaasummaa bu'aa qabu tokko waliif dabarsinu, waan ammoo beekumsa ilma namaatti cobu tokko ittiin waliif galaafnu Asafaa, (2009, f. 21-22).

Yaada hayyuu armaan olii kana irraa akkuma hubatamu Ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee, hundeen isaa haqa hawaasaa kan ta'edha. Karaa ittiin muuxannoo fi muudannoo jireenyaa dhalootaaf gumaachamu shaakala jireenya hawaasaa ta'uu isaati. Akka waliigalaatti, Ogbarruun haala addaan afaaniin kan raawwatu, waa`ee namootaa namootaan, namootaaf kan qophaa'u mul'istuu muudannoo, jireenyaa fi waan addunyaa dhugaa keessatti mul'achuu danda`u walitti qindeessee kan qabatu, yaadni isaa barreeffamaa fi afaaniin kan ta'e hojii kalaqaati jechuu ni dandeenya.

### 2.1.1 Aartii

Aartiin Oromoo akkuma kan warra dhihaa yookiin Awurooppaa bara hedduu dura jalqabuutiin, dheerina umurii kan warra Awurooppaa gadii kan qabu miti. Adda addummaan aartii warraa dhihaa fi Oromoo, kan warra dhihaa barreeffamaan yookiin bakka bu'aa yaadaatiin dhiyaachaa turuu isaa yommuu ta'u, kan Oromoo immoo afaaniin yookaan afoolaan daddarbaa turuu isaati. Yaanni aartii uume, aartiin deebi'ee yaada uume, guddinni jiruu ilma namaa fooyyeesse. Haala kanaan shoorri aartiin guddina ilma namaa keessatti taphaate akkanaaf akkas kan jedhamu miti. Akka beektonni meeshaa sabquunnamtii jedhanitti addunyaa irratti jijjirama sirnaa kan fide jijjirama meeshaa sabqunnamtiidha. Akkasumaas, aartiin kan hin dhagahamne dhageesisuun kallattii guddinaa kan eerudha. Guddinni kophaa isaa gahaa miti, guddinnicha to'achuu haalan

itti fayyadamuuf safuu wajjiin guddisuun barbaachisaadha. Walumaagalaatti, aartiin jireenya ilma namaa keessatti faayidaa sabqunnaamtii fi guddina ilma namaa, safuu, dimookiraasii, diinagdee, aadaa fi,kkf keessatti aartiin faayidaa kan qabudha.

> Ogummaa aartii fayyadamuun baroota durii keessatti dhaamsa warraaqsaa fi fincila siyaasaa, akkasumas mirga dimookiraasii ittiin geggeessaa kan turan yoo ta'u, ammas akka madda dimookiraasiitti amanama. Fakkeenyaaf warraaqsa Faransaay yoo ilaalle faccee yookiin mormii mirga dimookiraasii finiinsuu keessatti ogummaan aartii ga'ee guddaa gumaacheera. (Jireenyaa, 2008, f. 78)

Akka yaada armaan oliitti qoodama sirbaa keessaa sirboonni siyaasa mul'isan tokko. Uummatni Oromoos akkuma uummata Faransaay seenaa isaa keessatti waan isaa ta'e tole jedhee fudhachaa fi kan isaa hin taane ammoo didaa har'a ga'e. Yeroo waan isaaf hin taane kana didu ammoo sirboota fayyadamu qaba.

Aartiin Daawwitii jireenya hawaasaati. Hojiin aartii ilaalcha hawaasaa qaruudhaan hawaasni ilaalcha sabboonummaa dimookiraatawaa qabaachudhaan guddina misoomaa, ijaarsa sirna dimookiraasii, nageenya naannoo fi biyya keenyaa mirkaneessuu keessatti gahee bakka buutee hin qabne kan taphaatudha. Aartiin dameewwan gurguddoo afur kanneen akka muuziqaa, Ogbarruu, fakkii fi boca kan of keessaa qabu yoo tahu, dameewwan aartii ummata Oromoo kunneen sirnoota darban keessa akka hin guddanneef dhiibbaan adda addaa irra turee jira. Kanas fooyyeessuu fi baballisuuf jecha bara 2007 keessa aartistoota Oromoo kanneen gurguddoo ta'an dabalatee leenjii dheeraa kennuufiin waldaan akka ijaaramaniifi hojiitti akka galan ta'ee jira. (Nasiru Hasan 2019, f:5).

## 2.1.2 Walaloo

Walaloon wanta keessoo namaatti dhaga'aamu, kan namatti baasanii himachuu hin dandeenye, jechoota miira namaa kakaasanii fi humna qabanitti dhimma ba'uun karaa yaada ofii ittiin ibsatanidha. Walaloon akaakuu Ogbarruu keessaa umurii dheeraa kan qabudha. Umurii dheeraa qabaachuun isaa ammoo hiika adda addaa akka qabaatu isa taasiseera. Kunis akkuma ilaalchii fi xiyyeeffannoon waloo jijjiiramaa deemu akkasumas, hiikni walaloo akka jijjiiramu isa taasiseera. Walaloon sanyii Ogbarruu dur jiru ta'ee, kan dhalli namaa hawwii, fedhii, gadda, gammachuu, haala jiruu fi jireenyaa akkasumas, muuxannoo isaa karaa geerarsaan, weedduun, sirbaafi.kkf

ittiin dabarsaa turee fi jirudha. Osoo dhalli namaa barreeffamaan yaadasaa dabarfachuu hin jalqabin dura walaloon tureera. Yeroo kana afaaniin daddarbaa kan turedha. Walaloon amala baay'ee qusatamaa fi hudumamaa ta'e kan qabu, jechoota muraasaan ergaa baay`ee dabarsuu kan danda`u damee Ogbarruuti.

Walaloon gosoota Ogbarruu keessaa isa tokko ta'ee hiika isaa ilaalchisuudhaan garuu, hanga yoonaa yaada ykn hiika murtaawaa ta'e kaa'uun akkasumas, kennuufin rakkisaa akka ta'e beektonni adda addaa ni dubbatu. Berhanu (2003, f.1) yaada hayyoota adda addaa wabeeffachuudhaan, kan akka hayyoota Ingilizii keessaa Samuel Jonson (1709-1784) waa'ee hiika walaloo irratti gaaffilee gaafatamaniin, hiika murtaawaa walalootiif kennuun rakkisaa akka ta'e sababa adda addaa kaasuudhaan lafa kaa'u. Sababoota isaan kaa'an keessaa walaloon hiika bal'aa, gadi fageenya ammana hin jedhamne qabaachuu isaati jedhu. Waloon beekamaa lammii Ameerikaa kan ta'e Robert (1874-1963) immoo hiika murtaawaa ta'e akka hin qabne kaasuudhan akkasumas, "Walaloon wanta waloon sun kalaqu, uumu ykn barreessudha" jedhee ibsa. Walaloon gooroowwan Ogbarruu barreeffamaa keessaa isa tokko ta'ee jechoota muraasaan ergaa baay'ee bal'aa kan dabarsudha. Walumaagalatti, walaloon damee Ogbarruu hojii kalaqaan dhiyaatu yommuu ta'u, dhageettii keessa ofii kamiin iyyuu jechoota filatamoo muraasaan karaa ittiin nama biraaf dabarsanii fi miira nama gammachiisus haata'u kan nama gaddisiisu tokko ittiin ofirraa lafa ka'an jechuu dandeenya.

### 2.1.2.1 Gosoota Walaloo

Walaloon akkataafi haala garagaaratiin qoodamuu danda'a. Fakkeenyaaf, kan Afaan Oromootti fiidnee yoo ilaalle walaloon afaanii fi barreeffamaan kan daddarbu ta'uu danada'a. Qorannoo kana keessatti gooroon fudhatamu garuu kan hayyootaan mirkaana'e kan akka walii galaatti jirudha. Kunis walaloo sirbaa bara 2021-2022 keessa bahan irratti xiyyeeffatee waan geggeeffamuuf gama walaloo isa barreeffamaan daddarbanitti kan moogu ta'a. Gosoota walaloo ilaalchisee yeroo baay'ee qooddii kan warra Giriikotaa irraa kan fudhatameedha. Isaanis gooroowwan walaloo bakka sadii gurguddaatti qoodu.

> Historically, many theorists of genre have followed the Greeks, who divided works among three broad classes according to who speaks: poetic or lyric, where the narrator speaks in the first person, epic or narrative, where the narrator speaks in his own voice

but allows characters to speak in theirs, and drama, where the characters do all the talking.( Jonattan 197, f.72)

Yaada armaan olii irraa akkuma hubannu hayyootni walaloo qooddii warra Giriikotaa kan hordofan yommuu ta'u, walaloo qooddiii isa bal'aadhaan bakka saditti qoodu. Isaanis, liirikii kan walaloon qoddataa ofiisaa godhee dhiyeessu, seenessa kan qooddataan waa'ee nama biraa ofiisaa dhiyeessufi walaloo diraamaa kan qooddataan ofumasaa dubbatee dhiyeessu jechuun qoodu. Karaa biraatiin kanaan kan walfakkaatu Swardhani (2014) ammoo walaloo yammuu qoodu liirikii, seenessaa fi walaloo do'ii jechuudhaan qoodeera. Haaluma kanaan qorannoon kuns qooddii kana giddu galeeffachuun, walaloon sirbaa qorannoon kun irratti geggeeffamuuf jedhus gosoota walaloo barreeffamaa jalaa walaloo liirikii jalatti kan ramadamu yammuu ta'u, qorannoo kana keessattis maalummaafi akkamitti kana jalatti akka ramadame ni ibsama.

## 2.1.2.1.1 Walaloo Liirikii

Jechi liirikii jedhu jecha warra Giriik yammuu ta'u, hiikni isaa wiixineessuu yookaan karoorsuu yaada jedhu ofkeessaa qaba. Liirikiin walaloo sirbaa ykn kan sirba ofkeessaa qabu jechuudha jedha. Hiikni kunis kan durii haata'u malee hanga har'aattis kan tajaajilaa jiruudha. Yaada olii kana Kenedy (1995, f.588) yammuu ibsu, "Originally, as its Greek name suggests, a lyric was a poem sung to the music of a lyre. This earlier meaning a poem made for singing is still current today, when we use lyrics to mean the words of a popular song" jechuudhaan yaada duratti dhiyaate addeessa. Walaloon liirikii namni Swardhani (2014) yommuu ibsu, "The most popular form of poetry today characterized by the expression of the speakers innermost feelings, thoughts, and imagination" jedha.

Yaadni armaan olii kun walaloon liirikiin yeroo ammaa kana iddoo hundatti fudhatama kan qabu fedhii keessoo yookaan dhageettii miiraa keessaa kan ittiin baasanii ibsan, dubbataniifi fuuldurattis fuulchan akka ta'e ibsa. Walaloon liirikii meeshaa sirbaafi walaloo sirbaa sana walqabsiisuudha. "Lyric a stringed musical instrument, lyre was used in classical and medieval times to accompany a singer" Akaakuun walaloo kanaas bara duriitii hanga bara giddugaleessaatti tajaajilaa ture. Gosti walaloo kanaa walaloo humna cimaa qabaniin kan qindaa'u ta'ee kunis, humna inni jechoota walaloo sirbaa sana keessatti qabuudha. Kun ammoo liirikiidha. (Pickenin Hoeper 1980). Walaloo liirikii sarara gaggabaan kan barreeffamu ta'ee

ergaa cimaa akka dabarsu Wilfred L.fi kaan (2005, f. 99) irratti yommuu ibsu, “The excellence of short lyric poems and short tales because they can maintain and transmit a single, unitary effect more successfully than can long works like paradise lost”. Walaloon liirikii bifa gaggabaabaa ta’een kan barreeffamu yammuu ta’u hojii ogbarruu kaan caalaa daddarbiinsaafi ergaa cimaa dabarsuu irratti humna cimaa akka qabu ibsa. Untermeyer (1938) walaloo liirikii yammuu ibsu, “ogwalaloon liirikii walaloo sirbaaf oolu ta’ee baay’ee keessa qabeessa (condensed), the most concentrated form of poetry is the lyric” jechuun ibsa. Walumaagalatti walaloon liirikii kun walaloo sirbaaf barreeffamu yammuu ta’u, unka gaggabaabaa ta’een waloon miira isatti dhaga’ame tokko karaa ittiin baasee mul’isuufi miira hawaasa keessa jirus ta’e, kallattii hawaasummaa fi dinagdeetiin waa’ee hawaasaa kan ibsuu danda’uudha.

## 2.1.2.1.2 Walaloo Seenessaa

Walaloon seeneessaa gosoota walaloo keessaa tokko ta’ee, walaloo bifa seenessaatiin dhiyaatu jechuudha. Gosti walaloo kanaa waloon tokko seenaa ta’e tokko akka asoosamaatti seenessuu akka ta’e Swardhani (2014) yommuu ibsu walaloon seenessaa akkuma walaloo kaanii dhahata (rhythm) kan qabu bifa sirbaatiin kan dhiyaatuudha jedha. Misgaanuun nama Krag (1930) wabeeffachuun yammuu ibsu, “a ballad (narrative poetry) is a song that tells a story; or to put it the other way around, a story told in a song” jechuun ibseera. Yaadni kunis akakuun walaloo kanaa walaloo sirbaa bifa seenessaatiin dhiyaatu kan jedhuudha. Walaloo seenessaa Biriitish durii keessatti unka gaggababaa kan qabu sarara afur afuriin kan barreeffamuudha. Sararri (bo’oon) jalqabaa fi inni sadaffaan sagaleefi birsaga walfakkaatuun wal yoo unatan, bo’oon lammaffaafi afuraffaan ammo kan walunataniidha. Walaloo seenessaa ammayyaa (Modern ballads) keessatti ammo, unkaan kan durii wajjiin tokko yammuu ta’u, seenaa dheeraa ta’eefi cimaa ta’e tokko kan seenessuudha. Akkasumas galmee seenaa jireenyaa namaa kan ittiin galmeessaniidha jedha. Yaada kanas Swardhani (2014) yommuu ibsu, “the structure is generally the same, the longest narrative it does not simply tell a single action but record a way of life” jechuudhaan ibsa duratti dhiyaate kan cimsuudha.

## 2.1.2.1.3 Walaloo bifa Diraamaan dhiyaatu

Akaakuun walaloo kanaa waloon bifa gaggababaa ta’een barreeffamee kan dhiyaatu ta’ee, bifa diraamaatiin osoo ijaan hin mul’atin kan dhiyeeffamuudha. Kennedy fi kaan (1995) yommuu

ibsan, “dramatic poetry that presents the voice of an imaginary character (or characters) speaking directly, without any additional narration by the author.” Yaada armaan olii irraa akkuma arginu gosti walaloo kanaa sagaleedhaan taatoo yaadaatti gargaaramee kallattiidhaan taatota biroo osoo hin dabalatin waloodhumaan kan dhiyaatuudha jedha. Walaloon bifa diraamaan dhiyaatu kun taatotatti kan fayyadamu osoo hin taanee barreessaadhaan akka waan taatoo qabuutti erga qindeeffamee booda waltajjii irratti waloodhumaan kan dhiyaatuudha. Taatoon walaloo kanaa sammuu waloo fi dhaggeffattootaa keessatti bifa yaadaatiin argamu jechuudha. Swardhani (2014) nama (Bergman and Epstein, 1987, f.477-478) wabeeffachuun yommuu ibsu, gosti walaloon kun walaloo diraamaa namtokkee jedhamees ni waamama

## 2.1.3 Yaadrimee Sirbaa

Namoonni osoo barreeffamaan yaada ofii ibsachuu hin eegaliin dura wanta isaanitti dhagahamu; gadda, gammachuu, jaalala, jibba, siyaasa deeggaruu, mormuu, jajjabeessuuf sirbatti fayyadamu. Yaada kana Misgaanuu (2011, f. 70). Encyclopedia Brititannica (vol,4, f. 864) wabeeffachuun yommuu ibsu “folksong is one of the most enduring forms of folk literure (oral litureture) typically a song that lives in oral tradition learned though hearing and performing that reading and disminated with families restricted social net work” jedha.

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, sirbi gosa Ogafaanii yeroo dheeraa jiraatu ta’ee keessattuu sirbi kan aadaa Ogafaan keessaatti argamu, kan karaa dhaga’uu fi hojjechuu baratamu kan maatii garee hawaasaa murtaa’aa biratti bal’inaan argamudha. Karaa biraatiin Alamituu fi kaawwan (2011, f. 134) akka ibsanitti “Ogafaan akka qorannoof tolutti gooroowwan lamatti qoodamu. Isaaniis, Afwalaloo fi Ogafaan jedhama. Afwalaloon kanneen dhiyaatan, sirba aadaa, weedduu, geerarsa, faaruu loonii, weedduu ateetee fi uruursaa daa’imanii yoo ta’u, kanneen seeneffamaan dhiyaatan immoo oduu durii, mammaaksa, sheekkoo, eebbaa fi abaarsa fa’i. Qorannoon kun garuu gooroowwan Ogafaanii keessaa afwalaloon kan dhiyaatu xiinxala ergaa sirboota siyaasaa baroota 2021-2022 keessa filataman irratti kan adeemsifamedha. Kaayyoon Ogafaanii keessumaayyu afwalaloon miidhaginaa fi bashannanaaf osoo hin ta’iin dalagaaf kan ta’udha (Asafaa, 2003, f. 20) yoo ibsu “Afwalaloon Oromoo akkuma afoola Oromoo kanneen biroo dhalootarraa dhalootatti kan darbu dubbii afaaniin yeroo daddarbus kan yeedaloo qabu fi kan hin qabnes akkuma jirutti” jedha.

Keessattuu kan Afoola Oromoo adda godhu afwalaloon isaa kan yeedaloo faana darbuu danda'an kan akka weedduu jaalalaa, cidhaa, sirba ateeteef. kkf yoo ta'u, kan yeedaloon isaa ifatti bahee hin mullanne immoo kanneen akka oduu durii, hibboo fi mammaaksa fa'i. (Misgaanuu 2011, f. 62) yoo ibsu "afwalaloon yeroo irraa bilisa ta'e immoo dhimma yeroo wajjin kan walqabate osoo hin ta'in yeroo kamiyyuu faarfatamuu fi weeddifamuu kan danda'u" jedha. Kunis, akka inni baraan hin daangeffamne daangaa darbee kan deemu ta'uu isaa nu hubachiisa (Finnegan, 1976. f. 19). Fedhasaan (2013, f. 49) akka ibsetti "walaloo afoola (afwalaloo) Oromoo bakka gurguddoo torbatti qoodamuu dandaa'a. Isaaniis, geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebba yookiin abaarsa, guungummii fi tabaalliidha.  Hawaasa keessatti maqaalee kanaan beekamanis daangaan hubannoo isaanii ka'amee hin jiru" jedha. Kanuma ilaalchisuun Misgaanuu (2011, f.59) yoo ibsu "Gosoota Ogafaan Oromoo keessaa Kan afwalalummaa ofkeessa qaban; geerarsa, weedduu jaalalaa, weedduu seenaa, weedduu siyaasaa, weedduu asmaarii, weedduu cidhaa, weedduu ateetee fi weedduu dabooti" jedha.

### 2.1.3.1 Maalummaa Sirbaa

Jechi sirba jedhu kun sochii qaamaa akka ta'eetti beekamuu danda'a. Haata'u malee sochii qaamaa osoo hin tane walaloo yeedaloon sagaleeffamee, hurrubummaan dhugoomudha. Sochiin qaamaa garuu maqaa ittiin beekamu qaba. Isaaniis; hurruubbii jedhama. Naannnoo Oromiyaa keessattis, hurruubbii gosa adda addaatu argama. Fakkeenyaaf, shaggooyyee, dhiichisa, mirrisa, geelloo, kumkummeefi kkf kaasu dandeenya Fedhasaa, (2019, f.49). Egaa Sirbi walaloo yeedalloon weellifamu yommuu ta'u, sochiin qaamaa ammoo hurruubbii yeedaloo sanaa waliin wal miidhaksee kan dhiyaatu ta'uusaa hubanna. Kanaafuu sirbi hurrubbiin wal qabata jechuudha. Sirbi walaloo adda addaa irratti qindaa'ee, meeshaalee muuziqaan wal simsiifamee kan dhiyaatudha. Yaada kana Nagariin (1995, f.8) Helmoon wabeeffachuun yoo ibsu "song is lyric poem adapted expression song lyric are usually short sample sensours, emotional herhaps the most sponaneuos lyric form" jedha. Weedduun gootaa gosa weedduu aadaa keessaa tokko ta'ee kan goota jajjabeessuuf gargaarudha.

Sirbi gosoota aartii keessaa isa tokko. Maddi sirbaa hawaasa. Sirbi kan gammachuu, kan jaalalaa, kan jibbaa, kan roorroo, kan siyaasaa, kan tokkummaa fi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'a. Richard Bauman (1992, f.73) sirba yoo ibsu, "song is a short poem or other set of word or set to music or meat to be sung and a brief composition written or adopted for singing'' jechuun kaa'a.

Akka yaada hayyuu kanaatti sirbi walaloo gabaabaa yookaan tuuta jechootan kan barreeffamanii sagaleeffaman ta'uu ibsa.

> Songs are one of the most way in which the Oromo express their traditions, customs, beliefs, rituals, sorrow joys and songs are the means by which the society exprees its feelings and emotions understanding about the past, react to react to the present situations, teaches new generation. (Gammachuu 2003, f.89)

Yaadni armaan olii kun Oromoon aadaa, duudhaa, barsiifata, amantaa, gadda, gammachuuf wantoota kana fakkaatan sirbatti gargaaramee akka ibsatu tarreessa. Kana malees uummanni Oromoo fedhii fi kaka'umsa isaa kan yeroo dabree, kan ammaa fi kan gara fuula duraa kara ittiin dhaloota haaraa barsiifatu ta'uu isaa ibsa.

> Jechi sirba jedhu kun sochii qaamaa akka ta'etti beekamuu danda'a. Haa ta'u malee sochii qaamaa osoo hin taane, walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurruubummaan dhugoomudha. Sochiin qaamaa garuu maqaa ittiin beekamu qaba. Innis hurruubbii jedhama. Naannoo Oromiyaa keessatti hurruubbii gosa adda addaatu argama. Fakkeenyaaf shaggooyyee, dhiichisa, mirrisa, geelloo, kumkummee fi kanneen kana fakkaatan kaasuu dandeenya. Egaa sirbi walaloo yeedaloon weellifamu yommuu ta'u, sochiin qaamaa immoo hurruubbii yeedaloo sana waliin deemudha. Kanaafuu sirbi hurruubbiin wal qabata jechuudha. (Fedhasaa 2017, f. 64-65).

Yaada armaan olii kana irraa wanti hubatamu sirbi sagalee yeedaloon qindaa'ee kan weellifamu yoo ta'u, sochiin qaamaa immoo sirbicha fakkaachuun kan sirbicha waliin ta'uu isaa hubachiisa. Finnegan (2012, f. 236) hayyuu Osadebay (1994) wabeeffachuun maalummaa sirbaa yoo ibsitu, "we sing when we fight, we sing when we love, we sing when we hate, we sing when we work, we sing when a child is born, we sing when death takes a toll'' jetti. Yaadni kun sirbi yeroo lolaa, jaalala agarsiisuuf, yeroo hojii hojjetan, jibba ittiin ibsachuuf, yeroo daa'imni dhalattuu fi yeroo gaddaa kan sirbamu ta'uu ibsa.

### 2.1.3.2 Faayidaa Sirbaa

Sirbi eenyummaa saba tokkoo baasee ibsuuf saba sana kallattii garaagaraan calaqqisiisuuf ga'ee olaanaa taphata. Jaalala waliif qabu, tokkummaa waliin qabu, waan walta'ee qabu, waan

walta'uu dhabee dhabe, dhiibbaa qaama biroon isarra ga'e, jibba qabuu fi kanneen kana fakkaatan ittiin ibsachuuf sirbi humna cimaa qaba.

> Weedduun amala hawaasa keeessatti mul'atan ni barsiisa, ni gorsa, ni qeeqa. Akkasumas yaadni weedduu keessatti calaqqisan ijoollee, dargaggoos ta'e namoota gurguddoo waa barsiisuu yookaan hubachiisuu danda'u. Kana malees, amala, gocha, ilaalchaa fi shaakala hawaasicha giddduutti mul'atan kan uummatni jibbu tokko tokkon qeequudhaan akka sirratu akeekkachiisa. Kan uummanni jaalatu immoo akka cimu jajjabeessuuf gargaara (Nagarii 1995 f .8).

Yaada hayyuu armaan oliirraa wanti hubatamu sirbi walaloo adda addaan qindaa'uudhaan wanta namatti dhagahamu gadda, gammachuu, jaalala, jibba mormuu fi jajjabeessuu, waan qeequu barbaadan immoo qeequun kan yaada keessoo ofiitti dhagahamu ittiin ibsatanidha.

> Music has been used a cross the world to express political discourse, social segregation, basic human rights, and conventional rules. Music's role in conveying the will to freedom and justice is the wider spread in the world in general and in Africa in particular. For instance, South Africa's freedom song Nkosi Sikele'Africa (God bless Africa) played an important role in the struggle against apartheid. The Chimurenga resistence in Zimbabwe, The Mau Mau song in Kenya was the key to creating solidarity amoung the people in coping with colonial abuse and slaughter (Damitu 2008).

Akka yaada armaan olii kanatti addunyaas ta'e guutummaa Afrikaatti gargar ba'iinsa hawaasaa, ilaalcha gama siyaasaan jiru, mirgoota dhalli namaa qabu, olaantummaa heeraa calaqqisiisuuf sirbi ga'ee guddaa akka taphatudha. Akkasumas sirna bittaa ormaa (gabrummaa) ittiin cabsuuf keessumaa immoo biyyoota Afrikaa keessatti bilisummaa ittiin argamsiisuuf akka gargaarudha. Fakkeenyaaf, sirboota qabsoo farra olaantummaa warra adii kibba Afrikaa keessatti taasifamaa ture, kan Keeniyaa fi Zimbaabuwee keessatti farra kolonummaaf sirbamaa ture, bilisummaa biyyoota kana gonfachiisuudhaaf baay'ee akka gargaare tarreessiti. Akkasumas Dammituun sirbi Afaan Oromoo maaliif akka fayyadu yoo ibsitu, "similarly music has played a pivotal role in the Oromo political resistence against successive Habesha tyrant governments. Oromo musicians and song writers used their lyrical messages to serve social causes, to make polotical statements, and to voice the plight of oppressed peoples," jetti. Yaadni kun sirboonni Afaan Oromoo siyaasa

Oromoo keessatti cunqursaa fi miidhaa mootummoota Habashaa dhufanii darbaniin uummata Oromoo irratti raawwatamaa ture ofirraa qolachuuf ga'ee guddaa taphachuu isaa himti. Weellistootni Oromoo fi barreessitoonni sirboota hawaasa Oromoof ergaa gama siyaasaan jiru hojii isaanii keessatti hammachiisuun uummata isaaniif sagalee ta'uu isaanii ibsiti.

### 2.1.3.3 Walaloo Sirbaa

Walaloon sirbaa gosoota walaloo keessaa isa tokko ta'ee, akkaataa qindoomina qabuun barreeffamee jechoota filatamoo fi gaaleewwan gaggabaaboon kan dhiyaatu ta'ee, dandeettii miira namaa tuquu, kakaasuu, yeedaloo fi sagaleen qindaa'ee dhimma ummataa baatee kan dhiyaatudha. Gama biraatiin Li & Li (2010, f. 6) akka hiikanitti, walaloo sirbaa jechuun jechoota ykn gaalee barreeffamee sirbaaf oolu akka ta'ee fi walaloon sirbaa tuuta jechootaa bocamanii barreeffamanii sirbaaf qinda'uudha. "where as, a song lyric solely refers to the words or phrases composed to be set to music. Song lyrics as a set of words that make up a song in a textual format" jechuudhaan ibsu. Akka Neguss,(2018, f.20) yaada Franz (2012, f.79) waabeffachuun ibsutti garaagaarummaa walaloo fi walaloo sirbaa gidduu jiru dhugoomsuuf, walfakkeenya isaanii hubachuun barbaachisaadha. Haala sammuu giddu galeessaan hubachuu danda'uu olitti walitti dhufeenyi dhihoo muuziqaafi walaloo gidduu jira. Yeroo hundaa walaloo gaariin waa tilmaamuu isaa, ergaa ijoo amansisuu, miira kakaasuu fi kalaqa ta'uu isaati.

Walfakkeenya walaloofi walaloo sirba Wickham (2013, f.7) akka ibsutti: lamaan isaanii itti fayyadama afaanii irratti hunda'u, miira dubbistootaa fi dhaggeeffatootaa kakaasuu, dandeettii itti fayyadama jechootaa sagaleessuu fi qindeessuu barbaaduu isaaniiti, "lists the similarities between song lyrics and poems as: both poems and song lyrics rely on the potent use of language, both engage their readers and listeners emotionally, and both require a skilled use of word sounds and rhyming" ibsa. Walfakkeenyi hedduun walaloo fi walaloo sirbaa gidduu haala itti fayyadama meeshaalee walaloo kanneen akka waan tokko ittiin fakkeessuuf yaadanii, nameessaan, olkaasanii ibsani, fi.kkf.dha.

Dabalataanis lamaan isaanii haala ta'uu danda'u tokko yaaduun, ibsuutti fayyadamu "similarities between poetry and song lyrics in their manner of exploiting poetic devices such as metaphoor, simile, alliteration, hyperbole, personification, onomatopoeia, etc. In addition, both rely on

effective use of descriptive imagery" (Wickham, 2013, f.7). Akka qorannoon hedduun agarsiisuutti, walaloon sirbaa, walaloo seeneffamaa fi walaloo do'ii irraa adda baasu, walaloo sirbaa keessatti dubbataan ilaalcha keessoo isaa yookiin ishee jiru gadi fageenyaan ittiin ibsuudha

Haaluma walfakkaatuun, Davis, (1998, f.9) dubbataan walaloo sirbaa keessoo kan isaatti yookiin isheetti dhaga'amu itti agarsiisu karaa adeemsa dhuunfaa fi waliin dubbii ishee yookiin isaa itti fayyadama afaanii fi dhiheessuu yaadaatiin, "similarly, the speaker in the song lyric depicts his/ her internal feelings through personal and conversional manner in his/her exploitation of the language items and presentation of ideas" jedha. Haala qabatamaa keessatti walaloo sirbaa fi walaloo gidduu garaagarummaan dubbii ijoo agarsiisan irratti hin jiru. Haaluma walfakkaatuun walaloo fi walaloon sirbaa hubannoo haala jiruuf jireenya dhala namaa qaba. "In practice, there are no distinctions between song lyrics and poems regarding the themes that they address. Similar to poetry, song lyrics do have "remarkable insights into the human condition" (Pattison, 2012, f.132).

Walaloon sirbaa fi walaloon amaloota waliin hanga yonaatti ilaalaman yoo qabatanis, garaagarummaa qabu. Garaagarummaan isaanii bu'uuraan kan ibsu yaada walaloon kan tolfamu ijaaf yoo ta'uu walaloon sirba immoo kan tolfamu gurraafidha. Yaada kana Pattison (2012, f.122) yoo barreessuu, dubbistoonni adeemsa mataa isaaniin dubbisu dhabuu fi itti fufuu walaleessaan afaan garmalee walxaxaa, jechoota guyyuu hin taanee, shakkisiisoo, hiika hedduu, kkf, itti fayyadamu jedha. Adeemsa waalaleessaan yaada walsimsisuu, ulfina walaloo afaan tokko ibsa. Kanaafuu, faallaa walaloo, afaan walaloo sirbaa salphaati kan dubbatamuu fi dhaga'amu ta'u qaba. Gahee walaloon sirbaa taatee seenaa galmeessanii eeguuf qaban, beektoonni qorannoo adda addaatiin ibsaniiru. Fakkeenyaaf, Palmer (1998, p.2) yoo ibsu, akkuma barruulee fi kitaabolee, walaloon sirba taatee seenaa ni addeessu jedha. Gama biraatiin Neguss (2018, p.18) walaloo sirba Afaan Amaaraa bara 1958-2008 gidduu bahan irratti qorannoo geggeesseen, sirboonni sun haala taateewwan hawaasummaa, siyaasaa, dinagdee, seenaa fi aadaa Itoophiyaa keessatti mul'atan akka agarsiisan "the Amharic song lyrics studied by Neguss (2018, p.18) are used to describe the social, political, economic, historical and cultural phenomena that have occurred in Ethiopia for more than five decades (1958-2008)" addeesseera.

Walumaagalaatti, walaloon sirbaa waloodhaan barreeffamee yeedaloon kennamee, sagaleen qindaa'ee akkaataa yaadaa fi qalbii namaa hawwachuu danda'anitti qophaa'ee kan dhiyaatudha.

### 2.1.3.4 Warraaqsaa fi Sirba

Warraaqsi sosochii hawaasaa jijjiirama saffisaa, murteessaa fi jeequmsa baratamaa sona hawaasaa baratame keessatti, dhaabbilee siyaasaa, caasaalee hawaasaa, hoggansa, hojiilee fi imaammata mootummaarratti taasifamudha. Huntigton, (1968). Akka Calvert, (1970) ibsuuf yaaletti warraaqsi dhugaa hawaasaa lafa jiru hammatullee caalatti garuu aarii garee fi qaamota hawaasa miidhamoo kan calaqqisiisudha. Sirbootni warraaqsaa sirboota fincila siyaasaa keessatti hirmaannaa hawaasaa dabaluu fi sissi'eessuuf sirbaman akka ta'etti dhiheessa. Warraaqsi sochii dhuunfaa caalaa garee hawaasaa hammatee jijiirama fiduuf bifa xiqii qabuun kan geggeeffamudha. Saayinsii siyaasaa keessatti warraaqsi dammaqiinsa hawaasaa kan jijjiirama hawaasummaa, dinagdee fi siyaasaa saffisaa dhugaa fidudha (Coccia, 2019). Warraaqsi haalafi dhiibbaa yookiin gadi qabaa kanaan duraan irra ture jalaa bahuuf dammaqiinsa waliinii fooyya'iinsaa fi bu'aa walinii argamsiisuuf taasifamudha (Lynskey 2011).

Sirbootni warraaqsaa karaa miira dhuunfaa fi hawaasaa olkaasaniif garee namootaa ijaaruun siyaasa biyya tokkoorratti mormiif itti dadammaqsan jechuun ibsa. Kana yoo jedhus, riqicha sadarkaa qabsoo hawaasaa gara olaanatti fidanii fi tokkummaa kan ittiin ijaaran akka ta'es ni eera. Ummatni Afrikaa kolonii jalaa bahanii aadaa fi birmadummaa isaanii deebifachuun bilisummaa gonfachuuf sirboota isaanitiin wal dadammaksanii falmaachaa turan. (Kasule, 2013 fi Chikowero, 2015). Taaxaq (2021). Dabalataan, Habtaamuu Baludee, (2019), Sofiyaa Huseen (2013-2018), Lammeessaa Tarreessaa (2022) fi qorattoonni warreen biroon jijjiiramaaf dammaqiinsa siyaasaa fi tokkummaa ummatni Oromoo yeroo sana fide keessatti gaheen sirboota siyaasaa bakka guddaa ta'uu ibsu.

### 2.1.3.5 Oromummaa Sirbootaan Ibsuu

Sabni kamiyyu Oguma isaatiin eenyummaa isaa kan calaqqisiifatuu fi kan ibsatudha. Oguma keessaa immoo sirbi isa tokkodha. Ogumi kun bu'uuruma hawaasummaarraa kan ummatni miira keessa isaa baasee ibsataa ture yoo ta'u, adeemsa keessa gara kalaqa weellistootaa fi leenjiin deeggaramuuttis guddataa dhufe. (Asafaa 2015).

Aartistoonni sirba isaanitiin aadaa, jireenya, miira, mormii, sosochii hawaasaa fi garee isaanii calaqqisiifatu jedha. Oromoonis osoo gara sirboota walaloo barreeffamaan qindaa'anii meeshaalee ammayyaa fi leenjiin tumsamanii weellistootaan waltajjiiwwan irratti hin sirbaminii fi hin waraabamiin dura sirboota aadaa fookiloorii jalatti hammatamaniin yaada isaa fi quuqqaa garaa isaa ibsachaa tureera. Haaluma kanaan adeemsa guddinaa fi dagaagina jireenya ilma namaatiin ogumaanis jijjiiramaa, fooyya'aa guddataa adeemun sirboonnis bifa Ogbarruutinis dhihaachuu eegalan malee saba kana waliin kan turan ta'uu ni hubatama. Kanarraa ka'uun Oromoonis sirboota hawaasaa kan aadaa keessattis ta'ee kanneen weellistootaan qindaa'anii dhihaataniin Oromummaa isaaniin boonuu fi eenyummaa isaanii jaalachuu ni agarsiisu.

Keessattuu qabsoo isaanii kaleessaa hanga har'aa keessatti sirbootni tokkummaa sabichaa ijaaruu fi of barsiisuu keessatti meeshaa olaanaa sabboontonni dhimma itti bahanidha. Kanas hayyoonni adda addaa ragaa bahu. Gammachuun (1996, f.89), Oromummaan haala jiruu fi jireenya dammaqiinsa hawaasaa kan jecha afaaniin jiraataa dhufe, miiressa waloon qooddataniidha waan ta'eef, sirboonni Oromoo calaqqeewwan Oromummaan haguugamanii dhihaatu jedha. Sirboonni dhiheenya keessa gad lakkifamaan tarsiimoo miidiyaa hawaasaa fayyadamuun eenyummaa ofii kan ibsatan, meeshaa dargaggoota ittiin dadammaqsanii fi mirgoota dhala namaaf ittiin lolanidha.

Bara 2021-2022 sirboonni siyaasaa garbummaa balaaleeffatani fi dargaggoota sissi'eessan hedduun Afaan Oromootiin osuma seeraan dhoowwamanuu bahanii qilleensarra oolaa turan. Hanguma dhiibbaan jabaatu lakkoofsi sirboota siyaasaa hawaasaaf gad lakkifamanis heddummachaa deeme. Humnoonni waraanaa bilbila dargaggootaa funaanuun sirbootaa fi suuraalee isaan qaban sakatta'uun tarkaanfii fudhachaa turan. Weellistoonni Oromoo keessumaa dhimma siyaasa Itoophiyaa balaaleffatanii sirbanii fi sirba isaaniin rakkina uummata Oromoo addunyaatti himaan ari'atamaa, ajjeeffamaa, reebamaa fi hidhamaa turaniiru. Kunis ilaalcha, aadaa, eenyummaa dhuunfaa fi saba isaanii waan dhageessisaniif yookaan waan beeksisaniifidha. Deebiin dhaloonni kun gaaffii bilisummaa karaa aartiif sirbaatin kennan fakkeenya gaarii tarkaanffii qabsoo Oromiyaa keessati. Sirboonni siyaasaa Oromoo madda dhugaa warra jaalala nagaa fi barbaacha bilisummaa yaadaniif dhaabbataniiti jechuun kaa'a.

Dabalaataniis sirba tokko sirba siyaasaa kan jechisiisu qabiyyee sirbi sun of keessatti qabaatee dhiyaatudha. Sirboonni Oromoo of keessatti eenyummaa fi ergaa Oromummaa baatu. Kana malees baay'ee dhama qabeeyyiidha. Gosoota sirbaa heddutti ramadamuu fi namoota hedduun taphatamuu kan danda'an ta'anillee, wanti addaa tokko kan yeedaloo, ergaa sirboota sanniin walitti hidhu jira. Hanguma keessa gadi seenanii ilaalaniin jechootni hedduun kan sirboota sana adda taasisan mul'atu. Sababa hiika yeedaloo sanaatiif sirboonni sun Oromoo tolchanii Oromummaa ibsan. (Grew, 1999). Egaa yaada hayyoota kanarraa wanti hubannu Oromummaan dhiiga qofa osoo hin tane, miira jireenya saba kanaa qabaachuu waan ta'eef, wantoonni oguma Oromoo keessatti dhihaatan foolii Oromummaa urgeessanii mil'uu isaa calaqqisu. Weellistoonni Oromoos dur irraa kaasee hanga har'aatti sirboota isaanii calaqqee Oromummaan gonfuu bira darbanii ifatti baasanii sirboota isaanii keessatti waa'ee Oromummaa baay'inaan ol kaasu. Oromummaan maal akka ta'e miira qabanii fi dhiibbaa maqaa Oromummaan saba Oromoorra gahu sirbootaan himaa as gahan.

Walumaagalatti weellistoonni Oromoo bu'uura aartii saba kanarraa jalqabanii hanga har'aatti sirboota isaanitiin eenyummaa, aadaa, safuu, sirna, amantii, bal'oo fi rakkoo sabni Oromoo keessa turee fi jiru ibsuurraa of duuba hin jenne. Seenaa sirboota Oromoo keessatti Oromummaan waan har'a leelifamuu jalqabe yookiin miira xobbee miti. Oromummaa sirbaan ibsuun kan eegalame yeroo Oromoon sirba jalqaberaati. Sirnoota bulchiinsaa biyya kanaa dhufanii darban keessatti garuu Oromummaan akka yakkaatti waan ilaalamuuf Oromoonni Oromummaa isaanii leellisan, ittiin boonanii fi ibsachuu tattaafatan ari'atamaa, hidhamaa, darraramaa, ajjeefamaa, miirri fi hamileen Oromummaa garuu dagaagaa har'a gahe. Haaluma kanaan, sirbootni Oromoo Oromummaa hiikuu fi ibsuun hubannoo cimsuu, dhaloota dadammaqsuu, barsiisuu qaruu keessatti qooda guddaa kan taphachaa turanii fi jiranidha.

### 2.1.3.6 Sirba Ammayyaa Oromoo

Oromoon durdurii kaasee sirbatti gargaaramuun muuxannoo, muudannoo jiruu fi jireenya isaa ittiin ibsataa ture. Har'as sirbaan wantoota garaagaraa ibsachaa jira. Keessumaa sirbi ammayyaa dinagdeen,siyaasni, aadaan, duudhaan, amantaa fi hawaasummaan uummata Oromoo maal akka fakkaatu ibsuu irratti baay'ee gumaacha guddaa taphachaa jira. Sirbi ammayyaa Oromoo humna cimaa kan qabu, kan waa'ee hawaasaa gadi fageenyaan ibsuu fi miira waloo kan ibsudha.

> In spite of the harsh socio cultural and political domination and economic exploitation since the second half of the 19th century, the Oromo survived brutal oppression under Abyssinian successive rulers and remained distinct with their own linguistic, cultural, and folkloristic features tied to their Cushitic origin' jechuun ibsa (Tesfaye, 2013, f.86).

Akka yaada hayyoota Asafa, (1993) fi Mohammed, (1999) heeruun Tesfaye (2013, f.86) yoo ibsu, walakeessa jaarraa 19ffaa booda, erga sirna Nafxanyaatiin mo'amee, Oromoon dhiibbaa aadaa fi siyaasaa jala tureera. Imaammata impaayera afaan tokko, amantii tokkoo fi biyya tokko jedhu jalatti karaa weerartoota Amaaraatiin ummata Oromoo irratti haaccuucaan qindaa'ee fi gurma'ee irratti kan taasifamee fi har'aas taasifamaa kan jirudha. Ummatni Oromoo aadaa isaa dhaabbellee ofiin akka guddifatuuf sirna ittiin dhalootaa gara dhalootatti dabarfatu carraan hin kennamne. Lafti isaa fi qabeenyi isaa irraa fudhatamuun, aadaan isaa gadi qabamuun, siyaasaan gara moggaatti qabamuun haalawwaan sirna sana keessatti Oromoo irra gahaa turedha. Haalli jiruu fi jireenya ummata Oromoo kun sirboota aadaa adda addaa Oromoo dhuunfaatiin hanga bandii hawisoo muuziqaa fi aadaa Afran Qalloo bara 1962 Dirree Dhawaatti yeroo jalqabaaf hundeeffamee sirba siyaasaa immaamata mootummaa sanaa faalleessuu sirbaniiru.

## 2.2 Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Qorataan tokko qorannoon isaa iftoomina akka qabaatuu fi qorannoowwan kanaan dura geggeeffaman mataduree isaa faana wal fakkaatan sakatta'uun dirqamadha. Qorataan kunis iftoomina qorannoo isaaf qorannoowwan armaan dura afaan Oromoon hojjetaman mataduree isaa faana walitti dhiyeenya qabu jedhee yaade sakatta'uu yaaleera. Haaluma wal fakkaatuun mataduree qorannoo kanaa faana dhiyeenya kanneen qaban yuunivaarsiitii Jimmaatti kan hojjetaman kan Soofiyaa Huseen, Iddoosaa Eebbisaa fi Darajjee Mokoonoontuu jiru. Qorannoon Soofiyaa bara 2019 "Xiinxala qabiyyee walaloo sirboota miidhaa fi diddaa Oromoo ibsan" jedhu digirii lammaffaaa guuttachuuf kan hojjetamedha. Xiyyeeffannoon qorannoo Soofiyaa kunis; ergaawwan walaloo sirboota Oromoo miidhaa fi diddaa agarsiisan kanneen bara 2013-2018tti ba'an ibsuu, qabiyyeewwan walaloo sirboota Oromoo miidhaa fi diddaa agarsiisan kan bara 2013-2018'tti jiran tarreessuu fi ga'ee walaloo sirboota Oromoo miidhaa fi diddaa ibsan gama seenaa, hawaasummaa, siyaas-dinagdee fi tokkummaa uummata Oromoo keessatti qaban tarreessuudha.

Inni lammaffaan “Xiinxala walaloo sirboota ammayyaa Oromoo” xiyyeeffannoon kan bara 2011 hanga walakkaa bara 2012tti jedhu digirii lammaffaa guuttachuuf Iddoosaa Eebbisaatiin hojjetamedha. Kaayyoon qorannoo Iddoosaa kunis; ergaa walaloo sirboota ammayyaa Oromoo bara 2011 hanga walakkaa 2012’tti A.L.I kanneen filataman qabiyyee isaanii addaan baasuu, ergaawwan walaloo sirboota ammayyaa gama siyaasaa walaloo sirboota filataman keessatti argaman xiinxaluu, Walaloo sirboota filataman keessaa ergaa hawaasummaatin walqabatee dhiyaate addaan baasuun ibsuu fi sirboonni filataman kunniin ergaa isaan gama dinagdeetiin qabatanii dhiyaatan tarreessuudha.

Inni sadaffaan immoo ‘ergaa walaloo sirboota ammayyaa Oromoo bara 2021 keessa bahan xiinxaluu jedhu digirii lammaffaa guuttachuuf Darajjeetiin kan hojjetamedha. Kaayyoon qorannoo Darajjee kunis; Ergaa walaloo sirboota filataman kan bara 2021 keessa bahan qabiyyee akkamii qabatanii akka bahan adda baasuu fi ergaa gama siyaasaan walaloo sirboota filataman keessatti hammatame gad fageenyaan xiinxaluudha.

Akkasumas waraqaan qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa guuttachuuf yuunivaarsiitii Finfinneetti hojjetame “xiinxala sirboota diddaa, xiyyeeffannoon fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi,” jedhan keessatti Habtaamuu Baluudee wayyeessaatiin Hagayya 2019 geggeeffamedha. Kaayyoon qorannoo kanaa sirboota diddaa, xiyyeeffannoon fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan qaaccessuudha.

Dabalaataniis waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa guuttachuuf yuunivaarsiitii Haramaayyaatti “mil’uu oromummaa: sirboota warraaqsaa Keekiyyaa Badhaadhaa filataman keessatti” Lammeessaa Tarreessaa Diriirsaatiin Adoolessa, 2022 hojjetamedha. Kaayyoon qorannoo kanaa sirboota Keekiyyaa Badhaadhaa filataman keessatti oromummaa xiinxaluudha.

Kana malees joornalii yuunivaarsiitii saayinsii fi teekinooloojii Adaamaatti kan hojjetame “Upholding justice through music: Protesting betrayal in Oromo song, Wal Agarraa” Kassaye Gutema Jebessa and Alemgena Belete Abdeta (2022) kan hojjetamedha. Kaayyoon qorannoo kanaa sirba Galaanaa Garoomsaa Wal Agarraa xiinxaluudha.

Qorannoon qorataa kanaa immoo sirboota *Wal Agarraa, 3Obsa (Bulloo), Saglii, Gumaa Gurraacha, Gaafa Roorroo, Maal Taanaa?* jedhaman ergaa isaanii haala walqabaatinsa siyaasa Oromoon xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'uu fi ergaa walaloo sirboota armaan olii kun qorannoowwan duraan hojjetaman faana walitti dhufeenya kamuu kan hin qabnedha. Qorannoon duraan hojjetaman olitti caqasaman sadan sirboota bara 2021 dura ba'an irratti kan hojjetaman yommuu ta'u, qorannoon kun immoo sirboota bara 2021-2022 keessa ba'an keessaa sirboota filatamaan irratti ergaa isaanii haala walqabaatinsa siyaasa Oromoo irratti kan hojjetamedha.

## 2.3 Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoo tokko geggeessuuf yaaxxina qorannoo sana deggeeru bu'uureffachuun murteessaadha. Yaadxina jechuun adeemsa Ogbarruun tokko ittiin xiinxalamu kan calaqqisiisuudha. Haaluma kanaan, qorannoon kun yaaxxinaalee jiran keessaa yaaxxina hawaasummaa fi seenawaa gargaaramuun kan dhiyaatedha.

Yaaxxinni seenawaan kan inni irraatti xiyyeeffatu seenaa haala dubbii irraa kaasee taateewwan hunda, dhaabbata kamiyyuu fi hojiilee aartii kamiyyu keessatti akkasumas, wanta barreeffame kamiyyu keessatti seenaa irraa ka'e akka qabu xiinxala. Yaada kana Habib (2005, f.760) yommuu ibsu, "Historicism has been characterized by a number of concerns and features. Most fundamentally, there is an insistence that all systems of thought, all phenomena, all institutions, all works of art, and all literary texts must be situated within a historical perspective" jedha. Itti dabaluudhaan yaaxxinni seenaawaa hojiin Ogbarruu tokko kallattii aadaatiin, amantiitiin, dinagdeetiin, kallattii siyaasaafi miidhagina hojii Ogbarruu tokkoo maal fakkaata kan jedhu gadi fageenyaan xiinxalee kan qoratudha. Yaada kana Habib (2005, f.760) yommuu cimsu, "literature must be read within the broader context of its culture, in the context of other discourses ranging over politics, religion, and aesthetics, as well as its economic context" jechuudhaan ibsa. Akkuma yaadota armaan olitti dhiyaate agarsiisu hojiin Ogbarruu kamiyyu ka'umsa mataa isaa qaba. Eessaa garamitti, maaltu akka barreeffamuuf isa kakaase kan jedhu irratti xiyyeeffachuun haala keessa turee fi kan amma keessa jiruu wajjin walbira qabuun kan madaalu ija yaaxxina kanaatiin akka ta'e nutti mul'isa.

Yaaxxinni seenaawaan barruun dhiyaate tokko yeroo keessatti barreeffame, seenaa barreessaa yookaan haala jireenyaa fi yeroo itti jiraatame sana kan calaqqisiisudha. Akkasumas, qeeqni kun barruun dhiyaate sun dirqamatti waa'ee barreessaa fi siyaasa bara sanaa, haala seenaa bara sanaa dhugummaan kan murteessuuf kan ibsudha jedha. Yaada kana yaadni toora interneetii irraa argame akkas jechuun ibsa "Historical critics see works as the reflection of an author's life and times (or of the characters' life and times). Historical approach deems it necessary to know about the author and the political, economical, and sociological context of his times in order to truly understand the works" jedha. Kanuma irraa ka'uun, yaaxxinni kun walaloo sirbaa filatamee ittiin madaaluuf dhiyaate. Sababni yaaxxinni kun filatame waa'ee seenaa darbanii fi hojii Ogbarruu tokko walbira qabee xiinxaluu irratti waan xiyyeeffatuuf.

Akkaataa Asafaan (2004) addeessutti, xiin-hawaasummaan Ogbarruu gaaffiilee tajaajila hawaasummaa ogbarruu kaasuu, ogbarruu hawaasa keessatti maal hojjeta? kallattiin taateewwan hawaasa keessa karaa hawaas-aadaa fi siyaasaa jiru ni calaqisaa? 'the sociology of literature poses questions that relate to the social functions of literature: what does literature do in society? does it reflect, more or less directly, the existing sociocultural and political order of the society? jedha. Asafaan (2004) yoo ibsu ogbarruun akka hojimata hawaasaati fudhachuun yaada gaaffii keessa galu miti. Kunis sababni isaa yeroo kanatti jijjiiramni bu'uuraa fi arifachiisaa ogbarruu bu'aa kalaqa beekumsa dhuunfaa taatee guyyaa guyyaa hawaasa keessa jiraatuu irraa adda bahe calaqisuu akka hin taaneedha. Jijjiiramni nama irratti karaa hawaasummaa, dinagdee, siyaasaa, aadaa fi amantii isaanii umamaan ni mul'atu.

> The idea of considering literature as a social practice is perhaps unquestionable. This is so because in such a time of rapid and radical changes literature, as it seems, is not the intellectual and imaginative product of an isolated individual sitting by himself/herself and passively reflecting on the daily activities of man in relation to his surroundings. The changes that occur to man are social, economic, political, cultural and religious in their nature.(Asafaa 2004).

Hawaasummaan yaadxina ijoo sadii ofkeessatti hammata: yaadxina faayidaalessummaa (Funtionalist Perspective), yaadxina diddaa (The Conflict Perspective)fi yaadxina fakkoomii (Symbolic Perspective) kanneen jedhaamanidha. Yaadxinoonni tokkoon tokkoon isaanii dhimma addunyaa hawaassummaafi amala dhala namaa ibsa garaa garaa dhiheessaniiru. Kanas,

“Sociology includes three major theoretical perspectives: the functionalist perspective, theconflict perspective, and the symbolic interactionist perspective (sometimes called the interactionist perspective or simply the micro view). Each perspective ofers a variety of explanattiions about the social world and human behavior Mooney, Knox & Schacht (2007, f.1)” jechuun ibsanii jiru. Yaadxinoonni xiin hawaasaa haala ifaafi qinda’aa ta’een qorannoo kanaaf bu’uura kaa’a. Kanaa olittis, qindoominni isaa yaadxinoota beekumsa biraa simachuun yaadota miseensota hawaasaa addeessuu, kalaqaafi walitti dhufeenya tasaa xiinxaluufi ibsuu danda’a (Asafaa, 2004, f.50). Waloon walaloo sirba miidhaafi dhiibbaa karaa hawaasummaa, siyaasaa, dinagdee, aadaafi seenaa Oromoorra gahu akka agarsisan eegama. Kanaafuu, yaadxinni kun ergaa ijoo sirba Afaan Oromoo keessatti calaqqisu xiinxaluuf caalaatti fooyya’ee argama.

## 2.4 Haala Sochii Uummatni Oromoo Keessa turee fi yeroo Sirbonni kun itti bahan

Sabni Oromoo baroota dheeraa dura sirna hundee dimookiraasii addunyaa ta’e sirna Gadaatiin bulaa ture. Oromoon Sirna Gadaatiin jaarraa sadii dura kan ittiin ofbulchaa turedha.

> Recorded history demonstrates that between the sixteenth and the mid-seventieth centuries, all of the Oromo people lived under one gadaa administration. In the gadaa republic, the Oromo people were organized around political, economic, social, cultural, and religious institutions (Asafa 2009, f.2)

Yaadni kunis sabni Oromoo jaarraa kudha ja’affaa hanga walakkeessa jaarraa kudha torbaffatti sirna Gadaatiin ofiin of bulchaa ture. Haata’u malee jaarraa kana booda sirnni Gadaa harkatti dadhabuun sirnoota abbaa irreetiin booji’amaa dhufe. Kanarraa kan ka’e sirna siyaasa hamaa kan saba kana hacuucu jalatti kufe. Haalli siyaasaa jaarraa kudha saddeettaffaa kaasee sabni Oromoo keessa ture baay’ee walxaxaadha. Oromoon sirna Gadaatiin ofiin ofbulchaa ture, dhiibamee sirnni inni hin barre kan abbaa irree fi kan olaantummaa saba tokkoo leellisu humnaan yoo irratti fe’amu baachuu dadhabuun yeroo dheeraa miidhamaa ture miidhamaas jira. Erga sirni olaantummaa saba tokkoo faarsu wal harkaa fuudhaa saba Oromoo bulchaa ture kufees, kan yeroo dhiyoo sirna ADWUI kan jedhamuun miidhamaa kan ture yommuu ta’u, haala qabatamaa yeroo sirboonni kun keessatti sirbamaniin kan ammaa kun ammoo waanuma kan isa duraa wajjin wal fakkaatudha.

Uummatni Oromoo barabaraan sirnoota walharkaa fuudhan kanaan mirgi isaa sarbamaa as ga'e. Sababni isaa sirnootni kun sirna saba Oromoo hacuucee bulchuu fi duraan sirna Gadaa kan bulchiinsa dimookiraasii ta'een bulaa turuu isaati. Nasruun (2019, f. 83) yoo ibsu, "Sirnni Gadaa hoggantoota ga'umsa qaban oomisha. Sirni kun qophaa'insa waraanatiin uummata weerara irraa tiksa. Sirnni kun fageessee fuulduratti arguu Oromoo dandeessisa". Naannoo gaanfa Afrikaatti Oromoon jaarraa lamaa oliif olaantummaa siyaasaa qabaataa turuun isaa of isa dagachiisuu hin oolle. Of dagachuuf dhiibbaan alaas itti ida'amee sirna Gadaa dadhabsiise.

Sabni Oromoo sirna gadaatiin buluu baree kan birootti baruu dadhabuunis yaada kana irraa kan maddedha. Qaamni abbaa Irree fi deeggartootni isaa baroota dheeraadhaaf Oromoo gadi qabuun bara aangoo isaanii dheereffachuuf saba Oromoo cunqursuun akka barbaachisaa ta'etti hubachuun adeemsa kana galmaan ga'uuf karaa danda'an hundaan saba Oromoo dhiibaa turan. Kallattii calaqqee dhiibbaa saba Oromoo kana akka armaan gaditti ibsa.

> Dhiibbaa jaarraa tokkoon ol Oromoorra tureen Afaan Oromoo barachuu fi barreessuun, qorannoo adeemsisuun waan yaadamu hin turre. Maqaan "Oromoo" jedhullee jaarraa 16ffaa irraa jalqabee (1593) hanga dhiyootti ogeessota Habashaa fi Awurooppaa biratti hin beekamu ture. yookiin, beekaa, uummata maqaa 'Oromoo' jedhuun beekamu, Gaanfa Afrikaa keessa jiraatu, guddeessa qabeessa, kan afaan isaa 'Afaan Oromoo' jedhamu, biyyisaa ammoo, Biyyaa Oromoo (Krapf 1863tti maqaa Oromaaniyaa jedhu maappii qaboo guyyuu isaarra kaa'e). Akkasumaas, akka addunyaatti hin beekamnetti maqaa Gaallaa moggaasanii Oromoon akka addunyaan dagatamu, akka addunyaas dagatu tolchan. (Asafaa, 2009, f.44)

Akka yaada armaan olii irraa hubannutti dhiibbaa Saba Oromoorra ture gama afaanii, eenyummaa, aadaa, amantaa isaa, akkasumas maqaadhuma Oromoo jedhullee dhoksuu fi awwaaluuf shaakalli godhamaa ture guddaa ta'uu isaati. Kana malees, daba Saba Oromoo irratti tolchuu, yaadan galma barbaadaniin ga'uuf uummata Oromoo hadheessuun waan barbaadamuuf Mohammad (2006, f. 93). 'Oromoon uummata alaa dhufe kan kaayyoo hin qabne, saba Itoophiyaa weeraree qabate, uummata waadiguu irratti bobba'e uummata sodaattuudha' prof. Masfin W/maariyaam" jechuun ibsa. Kun ammoo jibba Saba kana irraa qaban irraa kan ka'e maqaa balleessuu fi gadi xiqqeessanii bulchuuf tarsiimoo ba'edha. Irra caalaatti ammoo keessumaa waggoota muraasaan as haala qabatamaa yeroo sirboonni sun keessatti sirbamaanin

sirna bulchiinsa ammaa keessatti dhiibbaan saba Oromoo irra ga'u haalaan ulfaachuu irraa kan ka'e gariin ajjeeffamanii, kaan mana hidhaatti guuramanii, kan biyyaa ba'anii fi achi buuteen isaanii dhabames lakkoofsa hin qaban.

Haa ta'u malee, Oromoon dhiibbaa isarra ga'u tole jedhee hin fudhanne. Gariin sirbaan, gariin ammoo barreessuun quuqqaa garaa isaa mul'isaa har'a ga'ee jira. Qeerroo fi qarreenis walta'uun harka duwwaa fuulleetti ba'uun falmaataa turan, ammas falmachaa jiru. Kanneen fuulleen ba'anii sirna gabroomfataa dura dhaabbachuun aarsaa taasifamaa turan, taasifamaas jiran hedduudha. Aarsaa gurguddaan qaamaan hir'achuu hanga jumlaan dhumuutti (ayyaana Irrechaa bara 2009, Fulbaana 22) erga kaffalamee booda sirnni amma jiru kun bakka qabate. Sirni kunis akkaataa sabni fedhee fi barbaadutti sirna dimookiraasii dhugaan ummata Oromoof waan hin hojjenneef qeerroo fi qarreen karaa qinda'aa fi qinda'aa hin ta'iniin ammas falmii isaa itti fufe. Kanarraa ka'uun bara 2010 A.L.Itti kaasee ammas lubbuun namoota hedduu darbaa jira. Keessumaa mootummaa fi addi bilisummaa Oromoo walii galanii erga gara biyyaa galanii as waldhabdee isaan gidduutti uumameen lubbuun namoota hedduu darbaa ture darbas jira.

- ❖ Bara 2013/2014 Godina Wallaggaa bahaa aanaa Giddaa Ayyaanaa bulchiinsa ganda Alii fi bulchiinsa ganda Andoodee Dichootti guyyaa lama kan hin caalle keessatti Oromoon namoonni dhibba afur ol ta'an humna Fannoo Amaaraa jedhamuun ajjeeffamuu fi warreen du'a jalaa oolanis xiinsammuu garaagaraan miidhamuu.
- ❖ Bara 2014 Godina wallagga bahaa aanaa Giddaa Ayyaanaatti qabeenya uummata Oromoo kan ta'e Saawwan, Re'een, Hoolaan, Midhaan gosa adda addaan human Fannoo Amaaraan gara naanoolee Amaaraa fi godinaalee Amaaraatti fe'amuu namoonni qabeenyi isaanii jalaa miidhame ragaa ba'u.
- ❖ Aartistoonni Oromoo qaamota addaa addaan adamsamuu fi warren kanis qaama hin beekamneen ajjeefamuu.
- ❖ Abbootiin Gadaa Karrayyuu kudha afur ol ta'an waraana mootummaatiin bakka tokkotti ajjeeffamuu.
- ❖ Namootni hedduun Oromiyaa kutaa garaagaraa keessatti humnoota wal lolaa jiraniin ajjeefamuu fi qabeenyi isaanii samaamuu.
- ❖ Qe'ee fi qabeenyaa isaarraa uummanni Wallaggaa bahaa fi Horroo Guduruu Wallaggaa keessuma aanaalee akka Giddaa Ayyaanaa, Kiraamuu, Eebbantuu, Haroo Limuu, Galiilaa

Jardagaa Jartee, Abee Dongoroo, Hamuuruu fi k.kf sababa walitti bu'insa humna Faannoo Amaaraa, waraana mootummaa fi waraana bilisummaa Oromoo bosona keessa socho'uun uummata irratti ajjeechaan cimaan adeemsifamuu, saamichi cimaan qaama kana sadaanin irratti taasifamuu, uummannis sababa kanaaf qe'ee isaa irraa godaanuu fi beela cimaan rukkutamuu danda'uu namoonni miidhama kana argan raga ba'u.

- Qondaaltoonni siyaasaa Oromoo kumatamaan lakka'aman mana hidhaatti guuramuu fi miidhaan xiinsammuu garaagaraa irra dhaqabuu.
- Aartiistin Oromoo gameessi Hacaaluu Hundeessaa badii tokko malee magaalaa guddoo naannoo Oromiyaa fi Itoophiyaa kan taate Finfinnee keessatti ajjeeffamuu.
- Daandiiwwan gurguddaan godinaalee fi aanaalee walqunnamsiisan waggaa lamaa hanga saditti cufamuun maatii fi firri wal arguu dhabuu, akkasumaas abbaa fi ilmi, haati fi intalli bakka gaddaaf gammachuu walii irratti argamuu dadhabuu.
- Qeerroo fi qaarreen ija uummata duratti ati shanee jechuun adabaabayyii irratti waraana mootummaan baafamanii ajjeeffamuu. Fakkeenyaaf ajjeeffamuu dargaggoo Amanuu'el Wandimuu magaalaa Dambi Dolloo keessatti. Kun immoo sirrii akka hin taane dhaabbanni mirga dhala namaaf falmu kan addunyaa fi kan Itoophiyaa kan qeeqanidha.

Walumaagalatti, Oromoon dhiittaa fi cunqursaa durii ka'ee isarra ture falmaachaa hanga har'atti as ga'ee jira. Dhiittaa sarbama mirgasaa kanaaf immoo hanga du'a lubbuutti aarsaa kaffaluun kan har'a ga'e yommuu ta'u, har'as kaffalaa jira. Kana ammoo karaa qinda'aa fi qinda'aa hin ta'in falmaachaa kan jiru yommuu ta'u, kanneen dandeettii ogummaa barreessuu, sirbuuf .kkf qabanis jiru. Kanneen walaloo sirbaa barreessuun haala sabni isaanii keessa jiran ibsan immoo qorannoo kanaaf galtee ta'anii jiru. Sirbonni Oromoo qorannoon kun irratti geggeeffames haala uummatni Oromoo keessa jiru kana xiyyeeffachuun kan sirbame yommuu ta'u, qorannoon kunis guutummatti haala gadi fageenyaan xiinxalee jira.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti kanneen ibsaman qorannoo kana geggeessuuf mala qorataan fayyadame kan ilaallatudha. Isaaniis: saxaxa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, madda ragaa qorannichaa, iddattoo fi iddaatteessuu, adeemsa ragaa sassaabuu, mala qaaccessa ragaalee kanneen jedhamantu wal duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo hojii qorannoo geggeeffamu kamuu keessatti kallattii qorataan hordofuu qabu kan ibsudha. Akkasumas saxaxni qorannoo karoora hojii qorannoo tokkoo ta'ee, qorataan eessaa akka ka'e, eessa akka jiruu fi gara kamitti deemuu akka qabu kan quba qabsiisu ta'uu isaati. Qorataanis qorannoo isaa kana kan geggeesse saxaxa akkamtaa gargaaramuun xiinxala ergaa sirboota Oromoo filataman jahan *Wal Agarraa, Bulloo (3Obsa), Saglii, Gumaa Gurraacha, Gaafa Roorroo, Maal Taanaa? ?* jedhaman ergaa sirboota kanneen keessatti argamu xiinxaluun odeeffannoo sirboota kanneen keessatti argaman jechoota, gaalee, himaa fi suur sagaleen waan qindaa'ee jiru gadi fageenyaan xiinxaluudha. Sababni saxaxni akkamtaa filatameefis ergaawwan sirboota kanneen keessatti argaman xiinxaluuf saxaxni qorannoo akkamtaa qorannoo kana galmaan ga'a jedhamee waan itti amanameefidha.

## 3.2 Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun sirboota Afaan Oromoo bara 2021-2022 keessa ba'an keessaa sirba Galaanaa Garoomsaa *WalAgarraa, sirba Yoosan Getaahun Bulloo (3Obsa), sirba Leencoo Gammachuu Saglii, sirba Falmaataa Kabbadaa Gumaa Gurraacha, sirba Taammiraat Tolaasaa Gaafa Roorroo, sirba Caalaa Daggaffaa Maal Taanaa?* jedhaman irraawwatama qorannoo isaa taasifachuun gadifageenyaan ergaa sirboota kanneenii haala walqabaatinsa siyaasa Oromoon xiinxaluun dhiyeesseera.

## 3.3 Madda Ragaa Qorannichaa

Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaa irratti kan hundaa'edha. Maddi ragaa tokkoffaan odeeffannoo odeefhimtoota irraa kallattiin tooftaa ittiin walitti qabatanidha. Qorataan kunis sirboota bara 2021-2022 keessa ba'an keessaa *Wal Agarraa, 3Obsa (Bulloo) Saglii,*

*Gumaa Gurraacha, Gaafa Roorroo, Maal Taanaa?* walaloo sirboota jedhaman madda ragaa taasifachuun qorannoo isaa geggeesseera.

## 3.4 Iddattoo fi Iddatteessuu

Qorannoo qorataan kun geggeesse qorannoo akkamtaadha. Qorannoon akkamtaa immoo mala iddatteessuu kaayyeffataa irratti hundaa'a. Kanuma bu'uura taasifachuun qorataan kun xiinxala ergaa sirboota Oromoo baroota 2021-2022 keessa ba'an keessaa kanneen filataman iddattoo fi *Wal Agarraa, 3Obsa (Bulloo) Saglii, Gumaa Gurraacha, Gaafa Roorroo, Maal Taanaa?* mala iddatteessuu miti carraa ta'ee, mala iddatteessuu kaayyeffataa isa jedhamutti dhimma ba'uun qorannoo isaa geggeesseera. Sababni malli iddatteessuu miti carraa kun filatameefis, mataduree qorannoo kana faana mala iddatteessuu deemu ta'uu fi qorannoo kana fiixaan baasa jedhamee waan itti amanameefidha.

## 3.5 Adeemsa Ragaa Sassaabuu

Qorataan tokko qorannoo isaa milkeessuuf akkaataa isaaf mijaatuun odeeffannoo qorannoo isaaf barbaachisu sassaabbachuu danda'a. Qorataan kunis sirboota filataman yuutubii fi marsariitii isaan irratti lakkifaman sakatatta'uun suursagalee isaanii CD'n fudhate. Sirboota filataman adeemsa kanaan erga walitti qabatee suursagalee sirboota *Wal Agarraa, Bulloo (3Obsa) Saglii, Gumaa Gurraacha, Gaafa Roorroo, Maal Taanaa?* dhaggeeffachuun, sirboota kana barreeffamatti jijjiiruun qorannoo isaaf akka ta'utti odeeffannoowwan walfakkaatan bakka tokkotti walitti guuruun qindeessee qorannoo isaa geggeesseera.

## 3.6 Mala Xiinxala Ragaalee

Malli xiinxala ragaa mala ittiin odeeffannoo walitti sassaabame xiinxalamuun hiikni itti kennamudha. Haaluma kanaan qorataan sirboota Afaan Oromoo filataman *Wal Agarraa, Bulloo (3Obsa) Saglii, Gumaa Gurraacha, Gaafa Roorroo, Maal Taanaa?* keessaa odeeffannoowwan adeemsa ragaa sassaabuun walitti qabaman ergaawwan achi keessatti argaman adda baafate. Qorataan ergaawwan adda baase mala xiinxala ragaa jiran keessaa qabiyyee sirboota filatamanii xiinxaluun mala ibsaan ija yaaxxina hawaasumaa fi seenawaan hiika itti kennuun qorannoo isaa geggeesseera. Sababni malli kun filatameefis qabiyyeen sirboota filatamanii ergaan isaanii xiinxalamee jechoonni, gaaleewwan, ciroowwan, himoonni, mallattooleen suursagalee addaa

addaa dhimma itti bahaman ergaa akkamii qabatanii argamu kan jedhu ibsi sirritti itti kennamuu waan barbaachisuufidha.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALAA FI HIIKA RAGAALEE

Xiinxalli ragaalee kun sirboota Oromoo baroota 2021-2022 ALA gidduutti bahan, haala siyaasa ummata Oromoo irratti xiyyeeffatanii bahan irratti geggeeffameera. Haala jiruu fi jireenya ummata Oromoo karaa siyaas hawaasummaa fi dinagdee yeroo sana keessatti  sirbota filatamaan haala siyaasa uummata Oromoo irratti xiyyeeffachuun xiinxalameera. Haaluma kanaan, ergaan qabiyyee sirboota Oromoo Wal Agarraa, Bulloo (3Obsa), Gaafa roorroo, Nuti maal taanaa?, Gumaa Gurraacha fi Saglii bara 2021-2022 ALA gidduutti ummataaf gadi lakkifaman dhimmoota irratti xiyyeeffataniin xiinxalamanii akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

## 4.1 Seensa Sirboota Filatamuun Xiinxalamanii

Sirbi wantoota hawaasa keessatti mul'atan weellisaadhaan itti yaadamanii barreeffamanii fi weellisaan dhageettii keessoo isaa wantoota hawaasa keessatti taajjabe yookaan deggeere kan miira isaa haalaan kakaasee qindeessuun akkaataa sirbaaf tolutti kan qindeeffamedha. Akkuma sirnoota darbanii sirna ammaa kana keessattis miidhaa fi dhiibbaan ummata Oromoo irratti karaa siyaas-hawaasummaa fi dinagdee itti fufinsaan gahaa kan turee fi gahaa kan jirudha. Miidhaa ummata kana irra bifa adda addaatiin gahaa ture kanas weellistoonni Oromoo wallee isaaniin ummata isaanii fi uummata addunyaa akkasumaas waa'een Oromoo na ilaallata warra jedhan hubachiisaa turaniiru. Haaluma kanaan, xiinxala ergaa sirboota Oromoo siyaasa Oromoo ibsan Wal Agarraa, Bulloo (3Obsa), Gaafa roorroo, Nuti maal taanaa?, Gumaa Gurraacha fi Saglii irratti geggeeffameen dhimmoota ergaan isaanii irratti xiyyeeffataniin, kanaa gaditti xiinxalamuun dhiyaataniiru.

### 4.1.1 Wal Agarraa ( Galaanaa Garoomsaa, 2021)

Oromoon baroota hedduuf dhugaan isaa karaalee addaa addaan jalaa dhokachaa akka ture barreessittonni addaa addaa ni dubbatu. Walleen matadureen isaa *Wal Agarra* jedhu bara 2021tti Galaanaa Gaaromsaatiin weellifame kanuma waan dhugoomsudha. Sirbi kunis of keessatti dhimma Oromoo baatee kan adeemu, sirnoota kaleessaas har'aas Oromoo rakkisaniin bifa dhaadannoon kan itti dubbatudha. Walleen kun hanga guyyaa gaafa 09/12/16tti keessatti yuutubii haaraa kan weellisaa kanaa irratti fe'amuun do'ii miliyoona kudha afurii ol argachuun, galmee sirboota Habaashaa cabsuun, beekamtii olaanaa jaallattoota isaa biratti kan gonfatedha. Akkasumaas, sadarkaa muuziqaa Oromoos gulantaa hedduun dabaaluun, sabaa fi sablammoota

biyya keessaa hanga guutummaa addunyaatti leellifamuun kan qaqqabedha. Galaanaa Gaaromsaa weellisaa qofaa osoo hin taane, hayyuu seenaati jechuun ni danda'ama. Sirboonni hedduun inni sirbe sirboota seenaa fi aadaa uummata Oromootiin dabaalamanii kan sirbamanidha.

#### 4.1.1.1. Barcuma

Sirbi matadureen isaa 'Wal Agarraa' jedhu kun kan jalqabu ilaalcha bareedaa haroo Wancii kan teessoo Oromoo duwwaa barcuma jedhamuun beekamu qarqara galaanaa irratti mu'atuun jalqaba. Teessoo aadaa Oromoo ta'ee haala qabatamaa yeroo sirbi kun keessatti sirbameen barcumni Oromoo duwwaa ta'uu kan agarsiisudha. Barcumni duwwaa kun haala qabatamaa yero sirbi sun keessatti sirbameen uummanni Oromoo yeroo ammaa kana hogganaa dhugaa akka hin qabne ta'uu kan agarsiisudha. Namni tokko haroon kun uummata Oromoo bakka bu'a jedhee yaaduu ni danda'a. Akkaataan ittiin jalqabu teessoo Oromoo duwwaa 'barcuma' jedhamuun beekamu cinaacha haroo Wancii irratti mul'atunidha. Sirna Gadaa Oromoo keessatti 'barcumni' kun aangoo kan agarsiisudha. Xumura sirbichaa garaagalchuuf xumura irratti qacceen eebbifame. Qacceen sirna haqaa Oromoo kan agarsiisudha. Qacceen sun dhuma sirbichaa irratti barcuma irratti gammade. Kanaaf Qaccee bakka dhugaa buusuun Oromoo bulchuuf kan malu nama gadaa fi safuu beekudha akka jechuudha.

### 4.1.2 Bulloo (Yoosan Getaahun, 2021)

Dubbiin sirba Yoosan Getahuun *"Bulloo (3Obsa)"* jedhu uummata Oromoo biraatti kan jaalatamee fi waa'ee siyaasa Oromoo kan dubbatudha. Walleen kun hanga guyyaa gaafa 08/12/16tti keessatti yuutubii haaraa kan weellisaa kanaa irratti fe'amuun do'ii miliyoona soddoomii lama ol argachuun, galmee sirboota Habaashaa cabsuun, beekamtii olaanaa jaallattoota isaa biratti kan gonfatedha. Akkasumaas, sadarkaa muuziqaa Oromoos gulantaa hedduun dabaaluun, sabaa fi sablammoota biyya keessaa hanga guutummaa addunyaatti leellifamuun kan qaqqabedha. Sirba kana keessatti wantootni gurguddoo sadii ifatti dhimma itti ba'amaniiru. Wantootni dhimma itti ba'amaanis, Farda adii, abbaa Fardaa yookaan kan Fardaan gulufuu fi waltajjiidha.

### 4.1.2.1. Farda

Oromoof Fardi gaafa lolaa, gaafa ciidhaa, gaafa ayyaana addaa addaa kan gargaruu fi simboo uummatichaa ta'ee kan tajaajiludha. Sirba kana keessatti tokkoffaa "Fardatu hidhame" Fardi hidhame kun tokko ta'uus, fardeen hedduu bakka kan bu'udha. Fardi hidhamee jiru kunis Farda adii bareedaa, jabaa kan sirritti kunuunfamudha yookiin soora sirritti argatudha. Wallee welluu sana waliin yoo wal qabsiifamuus, Fardi hidhamee dhaabbatu kun namoota siyaasaa paartiilee siyaasaa Oromoo KFO fi ABO irraa hidhamanii mana hidhaa bakka garaagaraa jiran bakka bu'a. Keessattuu haala qabatamaa yeroo sana tureen obbo Jawaar Mohammaad waan bakka bu'udha. Akkasumaas, Fardi kun hidhamttoota siyaasaa Oromoo impayeera ltoophiyaa jedhamtu kana keessatti dhiibbaa guddaa uumanii hidhaman marayyu ni ibsa. Dabalaatanis, wallee kana keessatti fardi hidhamee jiru kun maqaa *Bulloo* jedhamuun ibsame. Viidiyoo kana keessatti immoo shaashoo yookaan farda adiituu filatame.

### 4.1.2.2. Abbaa Fardaa

Walaloo sirbaa kana keessatti lammaffaa "Abbaa Fardaa"dha.Viidiyoo kana keessatti abbaan fardaa harki cabeera, rukutameera yookaan immoo miidhameera jechuudha. Abbaan fardaa fardi isa baatee gulufuu immoo jalaa hiidhameera. Abbaan fardaa kun harka cabee sukkummachiisaa, dhidhiibbachiisaa gara mana hidhaa deemee fardicha shiboo keessatti yoo gaggaafatu mul'ata. Shiboon fardi adii keessa jiru kunis mana hidhaa hiidhamtoonni siyaasaa Oromoo keessa jiran bakka bu'a. Abbaan fardaa kun qeerroo bakka bu'a. Qeerroon rukutameera; cabeera, hamiilee dhabeera yookaan qoondaltoonni mootummaa aangoo isaanii abdachuun siyaasa Oromoo fi Oromiyaa burjajjeessaniru yookaan karaa irraa maksaniiru. Fardi isaa immoo hidhameera ergaa jedhu dabarsa. Fardi sunis keessumaa hidhamoota siyaasaa Oromoo yeroo sana mana hidhaa impaayeera Itoophiyaatti darraramaa jiran keessaa obbo Jowaar Mohaammadii fi hiidhamtoota siyaasaa Oromoo warren kanis bakka kan bu'udha. Amma immoo abdiinis ni jira. Qeerroon harki cabe Ayyaantuutiin dhidhiibamaa jira.

Ayyaantummaan ayyaana uumaan gonfee nama uumudha. Kunis falaasama amantii duudhaa Oromoo keessatti baay'inaan kan beekamu yoo ta'u, hiika isaa irratti hayyoonnii fi qorattoonni garaagaraa yaada hedduu adda addummaa hin qabne kennu. Gama amantii fi aadaa Oromootin yoo ilaallus hiika bal'aa qabata. Akka hiree gaariitti, akka hafuuraa fi akka guyyaa ulfina

qabuuttis ni ilaalama waan ta'eef jechuudha. Akka falaasama Amantii Oromoo ganamaa Waaqeffannatti, ayyaanni humna uumaa kan waaqayyo uumama isaa kamuu tiksuu fi jiraachisudha. Kanaafuu ayyaantummaan ayyaana waliin dhalatan waliin jiraachuu fi qabaachuudha. Ayyaanni kunis kennaa waaqarraa uumama maraaf kennamu yoo ta'u, uumamaa fi uumaan Ayyaantudhaan akka walqunnamantu amanama. Ayyaantuun nama ayyaanota uumamaa hiikuuf beeku, namaa fi Waaqa walquunnamsiisu jedhama. Egaa falaasamni kun osoo Oromoon amantiilee alarraa dhufaniin hin qoqqoodamin akka sabaatti kan dhugèeffatu ta'ullee, ammas Waaqeffannaa keessatti iddoo guddaa qaba.

Kanaaf sabni Oromoo Waaqatti dhiheenyaa fi quunnamtii kan qabu akka ta'e kun immoo humna diinaa kamuu irraa ittisuu akka danda'u eera. Ayyaantummaan beekumsa uumaan dhangihamuu waan ta'eef, sabni kunis ayyaantummaa isaatiin kan waa raagu, waan itti dhufuuf deemu argee itti qophaa'u, tumsa Waaqaan jiraatu salphaatti diinaaf kan hin cabne ta'uu sirbichi ni dhaama. Akka Gammachuun, (1996) jedhutti “uumamni kamiyyuu bifa lama kan ijaan argamuu fi hin argamneen yoo uumamu, qaamni uumamichaa ayyaanadha”. Dabalataanis ayyaanni kamiyyuu karaa humni waaqaa ittiin mul'atu akka ta'e hima. Kitaabni seenaa fi sirna Oromoo Maccaa hanga jalqaba jaarraa 20ffaatti jedhuu, Biiroo Aadaa fi Tuurizimii Oromiyaan (2015) barraa'es Cheeruul (1922), D'Abbaad (1905), Asmaaroom (1973) wabeeffachuun ayyaanni hafuura waaqaa fi uumama gidduu kan jiraatu wal quunnamsiisudha jechuun ibsa. Dabalataanis, namoota safuu dabsan irratti miidhaa kan geessisu, kanneen safuu qajeelchanii fi tiksanii ittiin jiraatan fayyadun milkeessudha.

Yaada hayyoota kanarraa akkuma hubatamu akka dhugeeffannaa Oromoo ganamaa fi waaqeffattootatti, uumamni kamiyyu ayyaana mataa isaa waliin kan dhalatuu fi ayyaanni kun immoo dhalootaa dhalootatti darbaa kan deemu akka ta'eedha. Yoo safuu cabsanii fi karaa qajeelummaa irraa daban ayyaanni kun uumama dabe sanarraa ni godaana. Ayyaanni uumamaa godaanun immoo jireenya namaafis ta'ee uumama biroorratti jijjiirama gaarii hin taane fida. Oromoonis saba ayyaantummaa dhalootaan waliin uumame karaa safuutiin eeggatee seerota waliin jireenyaa baafatee kan jiraachaa dhufedha. Ayyaantuumti sun immoo mana hidhaa sana deemuun farda hidhames nyaachisaa jirti. Ayyaantuun kun fakkoommii uummata Oromoo qabattee waan mul'attedha. Xiinxala kana keessatti Ayyaantuun maqaa namaa bakka bu'a osoo

hin taane, hayyuu yookaan beekaa, qeerroo hamileen isaa du’e kan harreessuu fi hidhamttoota siyaasaa Oromoof hamilee kan kennudha.

### 4.1.2.3. Waltajjii

Sadaffaan immoo "waltajjiidha". Erga bara 2013 asitti waltajjii siyaasaa biyya kanaarraa wanti gurguddaa sadii rukutameera. Tokkoffaan aartistoonni Oromoo gameeyyii qaama hin beekamneen ajjeeffamuu. Aartistoonni Oromoo qaama hin beekamneen galaafatamuu jechuun harki qeerroo cabuudha. Caba kanaafis uummanni Oromoo dhidhiibbaa barbaada. Kan lammataa immoo hoogganaan guddaan qeerroo Oromoo yeroo bara sirbi kun keessatti bahee obbo Jawaar Mohammaad hidhameera, akkasumaas qabsaa’onni gameeyyii Oromoo paartiilee siyaasaa KFO fi ABO hundi isaaniyyu hidhaa jiru. Kan sadaffaan immoo, haala qabatamaa yeroo sirbi kun bahee keessatti waltajjiirraa waan qabatamaa osoo hin taane agarsiisatu baayyate. Qeerroo harki cabnaan qarreen shimala kaafatte jedha. Yookaan lolli amma keessa jirru kun lola dhiiraa qofa osoo hin taane, shaamaraas kan hirmaachisudha jechuudha. Waltajjii sana irratti shamarraan siinqee ittiin beekamaan qabatanii jiru osoo hin taane, shiimala baatanii argamuun isaanii roorroon yookaan gabrummaan uummata Oromoo irratti cimee mul’ate ammaam cimaa akka ta’e agarsiisa. Kun immoo seenaa Oromoo fi warra kaabaa ibsuufis ni oola. Seenaa Oromoota kaabaa keessatti, dubbartii Oromoo Warqituutuu lolee mootii warra kaabaa lafa nyaachise. Haala qabatamaa yeroo sirbi kun keessatti sirbameen roorroon yookaan gabrummaan Oromoon har’a keessa jiru dhiira qofaa osoo hin taane dubbarttootas ni hirmaachisa jechuudha.

Xumura irraattis sirbi kun abdii odeessee xumure. Abbaan fardaas, fardis wal argataniiru. Kan cabes dhidhiibamee deebi'ee Fardasaa yaabeera. Fardis garmaamuu itti fufe. Qeerroo fi hooggansi deebi’anii wal argatu jechaa jira. Walleen 3obsa jedhu kun wallee siyaasaa yeroo sana waliin kan deemudha. Haajaa yookaan dhimma Oromoo dubbata; siyaasaa fi dhugaa uummata Oromoo hima. Wallee kana keessatti dhimmoonni gurguddoon kun akkaataa garaagaraan ibsaman. Isaan keessaa kan duraa dubbii hiika kallattii yoo ta'u, kan lammataa immoo cigoodha.

## 4.1.3 Gaafa Roorroo (Taammiraat Tolaasaa, 2022)

Sirbi aartiist Taammiraat Tolaasaa (2021) mataduree weelluu isaa *gaafa roorroo* jedhuun waan uummanni Oromoo gabrummaa sirnoota dhufaa darbaa jalatti har'a ta'aa jiruu fi kaleessa ta'aa ture kan ibsuu fi dhaloonni tokkummaan falmaachuun imaanaa gootota kaleessaa eguu akka

qabu kan ibsee jirudha. Dabalataaniis dhaloonni tokkummaan qabsoo dhugaa akka taasisu, xiiqiin falmaachuu akka qabu, roorroo alagaa bachuu akka hin qabne, Akkasumaas, dhaloonni qe'ee Oromoo alagaan keessatti roorrisaa jirtu uummanni kun tokkoomuun lafa isaa fi nama isaaf bilisummaa fiduu akka qabu waan dhaloota waanjoo gabrummaa alagaa kanaan qabamee jirutti himaa jirudha.

### 4.1.4 Nuti Maal Taanaa? (Caalaa Daggaffaa, 2021)

Sirbi matadureen isaa *"Nuti maal Taanaa?"* jedhu aartist Caalaa Daggaaffaatiin bara 2021 kan weellifame yommuu ta'u, sirbi kun haala Oromoon keessa jiru, akkamiin Oromoon roorroo alagaa jalaa bahuu akka qabu kan hubachiise, Oromoon qe'ee isaa daangaa hanga daangaatti eeggachuu akka qabu fi hayyoota Oromoos ta'e qeerroo fi qarree Oromoof tokkummaan akka barbaachisu ergaa cimaa dhaloonni of wallalle akka of beeku waan hubachiisedha. Akkasumaas Oromoon alagaan gowwofamuun qabiyyee lafa isaa sababa kamifuu gurguruu akka hin qabne hubachiisa.

### 4.1.5 Saglii ( Leenco Gammachuu, 2021)

Sirbi matadureen isaa "*Saglii"* jedhu Leencoo Gammachuutiin bara 2021 keessa kan weellifame yommuu ta'u, sirbi kun waa'ee qabeenyaa Oromiyaa, keessattuu kan warra Iluu kan ibsuu fi daba sirnoota biyya kana bulchaa turanis ta'e , sirna amma biyya kana bulchaa jiruun kichuu yookaan daa'ima kaasee hanga gaameessa nama gurguddaatti shiira hojjeta turan kan ibsuu fi uummanni Oromoo tokkummaan warra faallaa isaa dhaabbatan akkuma kaleessa qolachaa ture, har'aas qolachuu akka qabuu fi isa kanaafis furmaanni tokkummaa jabeessuu akka ta'e kan hubaachisudha. Akkasumaas uummanni Oromoo uummata jaalalaa akka ta'e, Oromoon sodattuuf muudama akka hin kennine kan ibsudha.

Weelluun Leencoo Gammachuu *Saglii* jedhu kunis akaakuu geelloo Maccaati. Ciigoon dhagi'amee, siyaasa dubbata; jaalala faarsa; aadaa hima, eenyummaa barsiisa. Shubbisni isaa garuu guutummaa guututti Geelloo warra lixa Oromiyaa warra Iluu Abbaa Booraadha. Keessattuu moggaasni *"Saglii yookiin Salgii"* jedhamu akka falaasama Oromootti falaasama warra Iluudha. Innis *Salgiin* salgan Iluu balbaloota gosa Oromoota Maccaa Iluu keessa jiranii bakka kan bu'u, karaa biraatiin immoo salgiin salgan yaa'ii Booranaa kan ibsuu fi Iluun hortee Maccaa, Macci hortee Booranaa ta'uu isaati jechuudha. Kan biraa marfata eebbaa yookiin

xumura aangoo gogeesa Gadaa tokkoo ta’uu kan danda’udha. Akkasumaas Salgiin isa lolee waraanudha. Amma garuu weelluun matadureen isaa Salgii jedhu kun deebii quubsaa fudhee waan dhufedha. Walleen kun yeroo itti seenu, yeedaloo aadaa Iluu Abbaa Booraa isa mataatiin jalqaba.

### 4.1.6 Gumaa Gurraacha (Falmaataa Kabbadaa, 2022)

Sirbi aartist Falmaataa Kabbadaa bara 2022 “*Gumaa Gurraacha*” jedhu Oromoon jaalattoota yookiin ijoollee isaa qaqqallii bara mootummaa dhufaa darbaa dhabuun garaan isaa gadda keessa akka jiruu fi keessattuu du’a aartistoota Oromoo Haacaaluu Hundeessaa fi Daadhii Galaaniin sabni Oromoo baay’ee akka gaddee fi gadda keessaa ba’uun dhugaa gootota kanaa ol ka’uu akka qabu waan akeekkachisaa jirudha. Dabalataaniis, sirbi kun abdii odeessee xumuruun isaa uummata kanaaf gaariidha. Walumaagalaatti, sirboonni siyaasaa Oromoo sirbamaan dhugaa saba kanaa bade kan barbaadan, mootummaa gabroomfataa irratti diiddaa yookiin fincila uummataa kan kaasan, saba walijaaruu dadhaabee tokkummaan isaa akka barbaadamuun deemuu dadhaabe gara tokkummaatti akka dhufu kan taasise, dhugaa Oromoo baroota mootummaa dhufaa darbaa dhokaate addunyaa guututti kan himan akkasumaas siyaasa Oromoo tarkaanfachisaa kan turaanii fi tarkaanfachisaa kan jiranidha.

## 4.2 Xiinxala Ergaa Sirboota Filataman Keessatti Gama Siyaasaatiin

Sabni Oromoo saba jaarraa tokkoof walakkaa oliif dhiibbaa siyaasaa jala turedha. Uummatni bal’aan gaanfa Afrikaa kun jaarraa tokkoo fi walakkaa sirna dimookiraasii addunyaa ammaa caalaa kan filatamu sirna gadaatiin ofbulchaa kan ture yommuu ta’u, erga sirnni kun sirnoota abbaa irreetiin harkatti laafee sirna saba tokkoo ol kaasee saba biroo hacuucu kanatti madaquu dadhabuudhaan rakkachaa har’a ga’e, har’aas rakkachaa jiraachaa jira.

Uummanni Oromoo bara mootummaa Teewodiroosii kaasee hanga har’aatti miidhama baay’ee keessa darbee asga’e. Keessumaa ammoo dhalootni sirna dimookiraasii addunyaa barataa, hubataa dhufe kun sirna abbaa Irree kanaaf buluu hin sarmine. Kanarraa kan ka’e diddaa isaa karaa dhokataa fi mul’ataan qabsoo geggeesse. Kaan sirbaan, kaan harka walqaxxaamursuun ijoollee hanga jaarsatti, qarree hanga jaartoolitti falmaataa as ga’e. Ammas falmaachaa jira. Keessumaa bara mootummaa ADWUItti dhiibbaan saba Oromoorratti daraan ulfaatee kaan ni ajjeefaman, kaan fayyaatti dhabamsiifaman, kaan qaama isaaniitu irraa kukkutame. Nasruu

(2019, f. 245) yammuu ibsu “Itoophiyaan Mallas dachii nama tokkoo, sirna abbaa Irree turte” jedha. Sabni Oromoo darbaa dabarsaan miidhamaa, sirna saba tokko fayyadee kaan miidhuun akka malee akka darraramaa turte ibsa. Uummatni Oromoos cunqursaa isarra jiru gariin sirbaan diddaa isaa agarsiisaa ture; ammas agarsiisaa jira. Walaloon sirboota siyaasaa Oromoo baroota 2021-2022 keessatti bahan armaan gadiis waloodhaan qindaa’ee gidiraa saba isaarra jiru, kan isa quqquuqe ibsuuf sirbame xiinxala armaan gadiin dhiyaateera.

### 4.2.1 Ergaa Gama Haqa Dhabuun Dhiyaate

Ummanni Oromoo aadaa, seenaa fi afaan isaa akka hin guddannee ifatti bahee akka hin beekamne sirnoota gita bittaa darban keessa hacuuccaa fi gidiraan adda addaa irratti geggeeffamaa turee jira. Kana irraa ka’ees seenaan saboota addunyaa baay’een yommuu barreeffamu, kan ummata Oromoo garuu, akka hin barreeffamnee fi awwaallamee akka hafu taasifamaa turee jira. Kan barreeffames yoo jiraate seenaa fi dhugaa jiru karaa muli’suu danda’uun osoo hin taanee, irraa jalifamee karaa seenaa fi aadaa ummata Oromoo gadi qabuun akkaataa gita bittootaaf tolutti qindaa'ee kan barreeffamedha.

#### 4.2.1.1 xiiqii

Sirbi *“Wal Agarraa”* jedhuu Galaanaa Garoomsaatiin (2021) falmattoota haqaa irra dhiibbaa sirnoota mootummaa Itoophiyaa bulchanin irra gahe yeroo ibsu:

**….**

Nan geerara aarii koo
Kan na keessaa boba’u
Yoo gaalee ta’e malee
Supheen gaachana hin ta’u
Leenca ta’ee dhaladheen
Kodhoollemmoo ta’are

**….**

**Madda : Galaanaa Garoomsaa, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **‘nan geerara aarii koo’** (Sarara 1) fi **‘kan na keessaa boba’u** ‘(sarara 2) irratti argamu immoo weellisaan kun quuqqaan laphee isaa keessa jiraachuu fi quuqqaa yookaan aarii laphee isaa nyaate kana immoo geerarsaan baafachuu akka qabu ibsaa kan jirudha. Akkasumaas, uummanni Oromoo quuqqaa garaa yookiin madaa hin qoorre akka qabu ibsa. Kanaaf uummanni Oromoos ta’e weellisaan kun quuqqaa kana waliin jiraachuu akka hin feene barbaada. Kanaafuu, aarii isa akka ibiddaa jireenya isaa nyaate, jireenya qarree fi qeerroo Oromoo nyaate kana geeraree of keessaa fuuttasaa kan jirudha. Akkasumaas, ergaan qabiyyee sirbaa (Sarara 3-6) irratti argamu immoo erga geerare booda **"leenca ta'ee dhaladheen kodhoolleemmoo ta’aaree"** jedhee itti fufe. Dhugaadha sabni inni irraa dhalate saba Oromoo saba guddaa addunyaa, saba warra seera Gadaan buluu beeku, saba akka Leencaa goota, kan yoo xuqaan malee nama hin xuqne, saba tuqamnaan garuu nama hin dhiisne, saba sodaas hin qabne saba Oromooti. Kanaaf uummanni Oromoo alagaa funyaan dhabduu sodaachuu akka hin qabnee fi akkuma gootota isaa kaleessaa dhaloonni har’aas goota ta’uun, warren faallaa isaa dhaabbataniif akka harka hin lanne waan uummata Oromoo akeekkachisaa jirudha.

**….**

Obsii daangaa darbu qabaa
Harki bokkuu qabu bodees numa qabaa
Natu sii baataa siituu of dadhabaa!
Obsuufi dhoksuu koo dabuma seetee?
Ni beektii garaan koo akka na goote

**….**

**Madda : Galaanaa Garoomsaa, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa ‘(Sarara 1-5) irratti argamu immoo **“obsaan aanan goroomsaa dhugaa”** jedha Oromoon yeroo mammaaku. Haata’u malee, obsi daangaa darbinaan sodas fakkaatti; yoo roorroon ammaate immoo, harkuma bokkuu qabutuu bodeen diina qe’ee isaatti isa doorsistu ishee dira yookiin diina of irraa finqilcha jechuudha. Qe’ee abbaa ofii irraattis qarree, qeerroo, xinnaa, guddaan, jaarsaa fi jaartiin kabajamee akka jiraatu taasisa. **"Biyya abbaa kootii jettee injiraan moluu irratti haftee"** akkuma jedhamu, nyaapha nama nyaartes of irraa galchuun abbaa biyyummaa ofii mirkaneeffachuun dirqama jechuun, Oromoon kanaa booda gabrummaa baachuu akka hin dandeenye warren faallaa Oromoo dhaabbattanitti hima.

Akkasumaas gocha dinni uummata Oromoo irratti hojjechaa turee fi hojjechaa jiru, keessattuu dhimma du'a aartisti Hacaaluu Hundeessaan wal qabatee akka ati na gote fi akka ati saba koo gaaddisiiste garaan koo beekti, obsuu koo immoo akka sodaatti hin ilaalin jechuun waan nyaapha yookaan mootummaa qorannoo sirrii adeemsisuun dhugaa nama kanaa baasuu dideetti himaa jirudha.

## 4.2.1.2. Dhugaa

Sirbi matadureen isaa ***"Wal Agarraa"*** jedhu Galaanaa Garoomsaatiin (2021) dhokachuu dhugaa falmaattoota haqaa Oromoo yommuu ibsu:

**….**

Na nyaartulle hin na'u gonka

Dhugaa irraa maaltu na dhorkaa?

**….**

**Madda : Galaanaa Garoomsaa, 2021**

Lolli kamuu lubbuu namaa fi qabeenya akka gaaga'u ifaa dha. Gaaga'amni akkasii qofti lubbuu namoota miliyoonaan lakkaawwamanii galaafachuu hin danda'u. Ummata Oromoo lafa irraa duguuggun sagantaa mootota Itoophiyaa ture. Keessattuu, Moototi Shawaa dhaloota danuudhaaf daba akkasii irratti bobba'aa turan. Duula akaakayyuu Minilik, Saahile Sillaasee, bara 1840tti Sulultaatti bobbaase kan ijaan arge Kraf akkas jedhee barreesse. "Gaafa Des.25/1840tti Ganama keessaa sa'aatii lamatti dirree Sulultaa jedhamu geenyee qubanne. Uummati tulluuwwan naannoo sanaa irra qubatan Gaallaa (Oromoo) Sulultaa jedhamu. Warri isaan irraa gara Kibbaa bahaa qubatan ammo Gaallaa (Oromoo) Finfinnee jedhamanii maqaa gaara irra jiraataniin waamamu. Gaallaan (Oromoon) sulultaa saawwaa fi fardaan nugusicha Miniliikin gabbaruu waan didaniif mootichi gandi isaanii hundi ibiddaan akka barbadaa'uu ajaje. Jechamni Gaallaa jedhamu kunis isa mootonni Habashaa maqaa Oromoo ittiin xurreessuuf waamanidha.

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **'na nyaartulle hin na'u gonka'** (Sarara 1) fi **'dhugaa irraa maaltu na dhorka?**'(sarara 2) irratti argamu immoo mootummaa biyya bulchaa jiruus ta'u, alagaa funyaan dhabdus yookaan abbaa feete yoo taate, sabni tokko yoo na nyaarte, daandii dhugaa irraa eenyuyyu na maqsuu hin dandeessu jechuudha. Oromoon gaafa mammaku "karaan sobaan darban gala nama dhiba" jedha. Dhugaan yoomiyyu mo'ataadha, sobni garuu yoomiyyu moo'amaadha.  Kanaaf karaa dhugaa irraa eenyuyyu na maksuu hin danda'u jedhe. Akkasumaas,

uummanni Oromoo impayeera Itoophiyaa jedhamtu kana keessatti bara dhufaa darbaa mootummoota darbaniinis ta’e mootummaa amma biyya bulchaa jiruun miidhamuun dhugaa akka ta’ee fi dhugaa isaa kana barbaadachuuf hiidhamaa, ajjeeffamaa akka jiru waan uummata addunyaatti himaa jirudha.

**….**

Sibiilallee sibiilatuu qaraa
Dhugaan namaa galgala galaa
Hadhaba cabsaa inni karaa beeku
Sobatti hin galuu inni hanqii beeku

**….**

**Madda: Galaanaa Garoomsaa, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa armaan olii irratti argamu kun immoo, “Ilkan Arbaa Arbumatu cabsaa! sibiilas sibiila yoo ta’e malee, homtuu qaruu hin danda’u. Dhugaan immoo yoo awwaalamteyyu, galgala watwaatteeti galti”. Kana eenyuyyu beekuu qaba. abbaa fedheeyyu haa ta’utii. Akkasumaas dhugaan Oromoo akka waliigalaatti dhokatee fi dhugaan aartistii Oromoo kabajamaa fi jaallatamaa Hacaaluu Hundeessaa dhokaate ba’uun isaa hin oolu jechuufi sabni kun wal utubuu yookaan walbira dhaabbachuu akka qabu ibsa.

**….**

Sangaan usnaan iyyite qacceen
Beekaa riphnaan dhaadatti dawween
Eenyutu na’aaf bubbuttaree nyaara
Keessi hin mul’atu beeki garaan dhiiraa!

**….**

**Madda: Galaanaa Garoomsaa, 2021**

Xiinxalli ergaa sirbaa ‘**Sangaan usnaan iyyite qacceen’** (Sarara 1) fi **‘beekaa riphnaan dhaadatti dawween’** (sarara 2) irratti argamu immoo abbaan dhugaan jalaa dabde uummanni Oromoo osoo hin dubbatiin, inni dhugaa dabse dubbachuu eegale jechuudha. "Abbaan re’ee koo qalatee nyaate amma dubbata jennaan meerrere dubbachaa hoo hin jiruu?" jedhe jedhan namichi. Akkasumaas, Oromoon yommuu mammaku “osoo sangaan hin iyyiin qacceen iyyiti” jedha. Sabni Oromoo dantaan isaa jalaa haqanqaalame, osoo jiruu saba Oromoo irratti shiiraa fi

ajjeechaa kan raawwatte dubbachuu eegalte jechuudha. Kanaaf immoo dhaloonni dhugaan isaa jalaa dhokate bor dhugaa isaa argachuun hin oolu jechuudha. Dabalaataniis, ergaan qabiyyee walaloo sirbaa **'eenyutu na'aaf bubbutturee nyaara'** (Sarara 3) fi ergaan walaloo sirbaa **'keessi hin mul'atuu beeki garaan dhiiraa'** (sarara 4) irratti argamu immoo, diinni yookaan alagaan nyaara guurtees dhaloonni sodaa qawwee akka hin qabnee fi gara fuulduraattis cimee falmaachuuf dhaloonni of qopheessuu akka qabu, garaan dhaloota kanaa biyya keessaaf biyya alaan akka madaa qabu sirna biyya bulchaa jiruu fi warren faallaa saba kanaa ta'anii, qaqqaliwwaan Oromoo ajjeessaa fi darraraa jiranitti hima.

**….**

Dhugaan qaxxisaa tiratti
Akka arge hin deemtu karaadha filatti
Gaafa ol baatu tulluudha ni mul'atti

**….**

**Madda: Galaanaa Garoomsaa, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **'dhugaan qaxxisaa tiratti'** (sarara 1) fi **'akka arge hin deemtu karaadha filatti'** (sarara 2) fi **'gaafa ol baatu tulluudhaan mul'atti'** (sarara 3) irratti argamu dhugaan hin ariifattu, suuta jettee deemti jechuudha. Yookaan eenyuyyu gaafa isheen yeroo ishee eegatte dhufte, dura goruu hin danda'u. Karaa isheen deemtu immoo karaa dhugaadha. Karaa filattee malee, karaa hunda irra hin deemtu. Gaafa baate immoo guddattee mul'atti. Akka ibidda tulluu irraa eenyu iyyu ishee arguu ni danda'a. Guddattee baati. Addunyaa hundaatuu ishee arguu danda'a jechuudha. Akkasumaas biyya Itoophiyaa jedhamtu kana keessatti dhugaan Oromoo bakka hundaatti qixa sirrii ta'e irra akka hin jirre, biyyi Itoophiyaa kun dhugaa saba guddaa Oromoo kana dhoksitee akka jirtu adduyaan ni beekti kan jedhuu fi sabni kun dhugaa isaa dhabee akka hin hafne abdii dubbataa kan jirudha.

**….**

Eessatti kufee namni dhugaaf guule
Galgala hin tolu namni sobaaf duulee!
Egaa ergan kudhan obsee
Kudhan dhoksee kudhan numan gorse
Hima didnaanan gubuuf itti dabsee

**….**

**Madda : Galaanaa Garoomsaa, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **'eessatti kufe namni dhugaaf guule'** (Sarara 1) fi '**galgala hin tolu namni sobaaf duule**!' (sarara 2) irratti argamu immoo dhugaan ni qal'atti malee, hin cittu. Oromootuu jedhe dhugaan dhugaadha. Dhugaa faana imaluun eessattuu nama hin gattu. Yoo dhugaan paarsantii tokkittii taate isheetuu mo'ata. Soba waliin deemuun immoo, galgala keessa nama qaanessiti. Duulli sobaa tarkaanfattee eessayyu deemuu hin dandeessu. Yeroodhaaf garuu imala sirrii namatti fakkaachuu dandeessi. **"Galgalli kee hin badiin"** jedha Oromoon yeroo mamaaku. Dabalataanis impayeera Itoophiyaa jedhamtu kana keessatti sabni Oromoo gad qabamaadha, har'a yoo gad qabdanis abbaan dhugaa dhugaa isaa hin dhabu, warri saba kana gad qabdan immoo galgalli keessan badiisa akka isinitti ta'u beekaa jechuu isaati.

**….**

Yaa ijoolle… yaa ijoolle…
Kan jenne hin oolle!
Ammas na foolee
Gadaa malee hin faarsinu gadoo
Lubaan bullaa hin qabnu madoo
Nangala hin jedhuu namni osoo hin geenye
Fala hin argatu namni faloo hin beekne!
Nanyaartulle hin nawu gonkaa
Dhugaa irraa maaltu na dhorkaa
Eessatti kufee namni dhugaaf guulee
Galgala hin toluu namni sobaaf duulee

**….**

**Madda: Galaanaa Garoomsaa, 2021**

Ergaan qabiyyee  sirbaa ( Sarara 1-4) irratti argamu immoo amma isaaf guututti namni quufte nan gala hin jettu. 'Midhaan warra gowwaa bonaaf ganna nyaatu' jedha Oromoon yommuu mammaaku. Yoo ofirraa galchuu baatan nyaattuun yookaan gadheen nan galaa hin beektu. Kanaaf immoo faloo falanii of irraa galchuun dirqama. Falli immoo yoo tokkomaan yookaan yoo faloo beekan argama. Akkasumaas bara mootummoota darbaaniis ta'e, bara mootummaa

amma biyya kana bulchaa jiruttis, warren faallaa Oromoo dhaabbataan qabeenya isaattis fayyadamaa qarree fi qeerroo Oromoo ajjeessuu itti fufaniiru akka jechuuti.

Sirbi matadureen isaa “Bulloo” jedhu Yosaan Getahuunin (2021) dhookachuu falmaattoota haqaa Oromoo yommuu ibsu:

….

Dhugaatu nu qaba
Yaa dhugaa dhabaa
Hacuucamni Rabbii
Obsi waa qabaa

….

**Madda: Yosaan Getahuun, 2021**

Xiinxalli ergaa sirbaa ( Sarara 1-3 ) irratti argamu kun dhaloonni dhugaa dabsuu akka hin qabne, uummanni kun dhugaa dhabee rakkataa jiraachuu isaa, isa kanaaf obsuu akka qabuu fi waaqayyoo illee akka isa gargaaru waan gorsaa jiru yookaan abdii odeessaa jirudha. Akkasumaas warra dhugaa Oromoo dhoksaniin dhugaa sabaa kanaa dhoksuun sirrii akka hin taane ifaa ifaatti waan itti himaa jirudha.

….

Sagaltama garbaa ce’e milli kee
Yoo humna dhabdellee jira waaqni kee
Walee kiyya walee yaa walaawwaltuu
Asan jira jettee natti hin birmatuu (2x)
Bulloo bulloo bulloo
Bulloo kiyya bulloo
Bulloo Farda bulloo (2x)

….

**Madda: Yosaan Getahuun, 2021**

Xiinxalli ergaa sirbaa armaan olii kun, qabsaa’aa gameessa Oromoo hayyuu duree ABO dabalaatee, warreen dhiibamanii siyaasa Oromoo keessaa bahaniifi qabsaa’oota Oromoo warra mana hidhaa keessatti darraramaa jiran haala isaan keessa jiran waan ibsudha. Akkasumaas,

qarree fi qeerroon warra hidhamanii jiran kanaaf birmaachuun mana hidhaa keessaa baafachuu akka qaban akeekkachisaa jira.

Sirbi matadureen isaa *“Gumaa Gurraacha”* jedhu Falmaataa Kabbadaan (2022) waa’ee dhokachuu dhugaa falmaattoota haqaa Oromoo yommuu ibsu:

**….**

Waan garaa isaatii
Baasee sitti himaanaan
Haqa isaa walaaltee
Dhugaa keenya saamtee
Ilmaa sabaaf qalii
Maaf du’aaf dabaarsitee laattee (2x)

**….**

**Madda: Falmaataa Kabbadaa, 2022**

Gootonni Oromoo osoo dhugaa biyya kanaa dubbatanii baraa baraan miidhama gurguddaa dabarsaa akka turaan beekamaadha. Aartiist Haacaaluu Hundeessaa bara mootummaa waayyaneettis hidhaa fi darraraa garaagaraa argaa kan ture yommuu ta’u, bara mootummaa ilmi Oromoo biyya kana bulchaa jirutti immoo sababa dhugaa ummata Oromoo dubbateef, magaalaan Finfinnee kan Oromoo ta’uu dhugaa waan baheef, akkasumaas fardi Siidaa Dabaalee hataamuu miidiyaa OMN irratti erga ibsee torbaan osoo hin gutiin lubbuun isaa darbuun beekamaadha. Gootonni Oromoo warren biroonis sababa dhugaa saba kanaa ifaatti baasaniif achi buuteen isaanii kan dhabame lakkoofsa kan hin qabnedha. Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (sarara 1-6) irratti argamu immoo waa’ee artiistii qalii Oromoo Hacaaluu Hundeessaa waan ibsaa jirudha. Innis waan Haacaaluun dubbaate keessuma gaafa Aduwaa, gaafa miidiyaa OMN, gaafa galma Barkumee dhugaa ta’uu isaa fi haqaa Oromoo addunyaaf kan ibse ta’uu isaa waan ibsaa jirudha. Kanaaf immoo duuti akka isaaf hin malle warra du’aaf dabarsaanii kenaanitti himaa kan jirudha.

## 4.2.2 Sirna Bulchiinsa Biyyaattiifi Oromoo

Sirnonni bulchiinsaa biyya kanaa seenaa, eenyummaafi aadaa saba tokkoo qofa guddisuu irratti kan xiyyeeffatanidha. Sabni Oromoo saba guddaa gaanfa Afrikaa ta’ee osoo jiru hanga har’aatti aadaa habashootaa jalatti kufee sirna, aadaa fi seenaa ofii isaa saamamee simboo habashummaa

uffatee jiraachaa as gahe. Sirnoonni mootota habashaa kan hanga har'aatti dhufaa darbaa as gahan Oromoos ta'ee saboota cunqurfamoo biyyattii akka eenyummaan isaaniin mul'atu kan barbaadan miti. Ta'us sabni kun dhiibbaa sirna mootota habashaa kana fedhiifi jaalalaan simatee kan buleef osoo hin taane falmaa hadhaawaa taasisuun hanga danda'ametti eenyummaa Oromummaa isaa jiraachisuu fi ittiin mul'achuuf aarsaa hedduu baasera. Haaluma kanaan hayyoonni Oromoo roga garaagaraa jiran sadarkaa dhuunfaattis ta'ee gareen saba kana cunqursaa mootota habashaa jalaa baasuuf waan hedduu hojjatanii, karaa hedduus qabsoo taasisaniiru. Gama aartiin yoo ilaalle, aartistoonni Oromoo hedduun aartiidhaan, sirna cunqursaa balaaleffachuu, dhiibbaa fi dhibdee saba isaanii himuu, dadammaqsuu fi tokkoomsuurratti hojii guddaa hojjataniiru.

Akkuma kitaabileen seenaa Oromoo barreeffaman ibsanitti qabsoo Oromoo kanaan duraa keessatti aarsaa guddaan kanfalamaa fi hammeenyi hedduun qaama aangoo harkaa qabuun ilmaan Oromoorra gaheera. Qabsoon Oromoos boqonnaa haaraa irra gahuun mootummaa Rippaablikaa Fedeeraalawaa Dimookiraatawaa Uummatoota Itiyoophiyaa jedhamuun waamamu kuffisuun isaa seenaa yeroo dhihooti. Kufaatiin mootummaa kanaa bu'aa qabsoo qeerroof qarree Oromoo kanneen lubbuu kumaatamni itti dhabamee fi tokkummaa saba Oromoo akka ta'e sirboonni Oromoo filatamaan haalaan ibsu. Bu'aa tokkummaa qabsoo ummaata Oromoo kanaan kufaatii mootummichaa hordofee, akkuma kabajni Oromoo dabalaa deeme ilaalchii fi hiikni Oromummaa irratti sirnii fi sablammoonni biyyattii qabaniyyuu qajeelaa deemee ture. Oromummaan yeroo bulchiinsa mootota fedhii fi aangoo saba tokkoo qofa giddugaleeffatan kanaatti akka hammeenyummaa fi yakkaatti ilaalamuun jireenyi ummata Oromoo cunqursaa jabaa keessa turuun isaa beekamaadha. Ta'us, baroota gara dhumaa yookiin naannoo kufaatii mootummaa Rippaablikaa Fedeeraalawaa Dimookiraatawaa uummatoota Itiyoophiyaatti qaamota mootummaa muraasa fuula isaanii gara ummataatti deebifataniin deeggaramuun hiika sirrii argachuu eegalee ture.

Inni dura hayyoota habashaafi deggeertoota isaanii akkasumaas, sirna mootummaa biyya bulchuutiin balfame saboota baay'ee biratti qixa sirriin hubatamuufi qoodni Oromoon biyyattii ijaaruu keessatti qabus haalaan beekamaa deemuu eegale. Kanumaan Waggoota lamaan jechuunis 2018-2020 jiran yeroo muummeen ministeeraa biyyattii Dr. Abiyyi Ahmaad ta'etti uummatni biyyattii miira gammachuu fi abdiin guutametti, Oromummaanis keessaa hanga alaatti

olka'ee calaqqisaa ture. Yeroon kun kan Addi Bilisa Baasaa Ummata Tigraay "ABUT" aangoo irraa itti ari'ameedha malee kan sirni mootummaa guutummaan jijjiirame miti. Qaamonni Sirna bulchiinsa duraa waliin ijaaranii waliin hojjachaa turan fuula isaanii gara ummataatti deebifachuun bifa haaromsaan maqaa dhaaba isaanii jijjiiruun aangoo garuu akkuma dhaalmaa abbaa fi ilmaatti of harkatti hambifatan. Egaa yeroo muraasaan booda sirnichis qaamota qabsoo ummataa hogganaa turan keessaa hedduu gara ofiitti fudhachuun miseensa godhatee hundee jabeeffachuun fuula isaas ummatarraa jijjiirrachuu eegale.

Caasaan yeroo raafamaa fi kufaatii diigame bifa haaraan yeroo itti deebi'ee suphame, amaloonni irrummaa fi yakkaas adeemsuma keessa iddoo isaanii qabachaa dhufanii gareen falaasama dhaaba haaromee kan *"Ida'amuu*" jedhurratti diddaa qabu dhageesiisuun miseensummaa isaanii keessaa haqame. Taateen kun akkuma dhaaba isaanirraa qaama muraasa fottoqse tokkummaa ummata Oromoos ta'ee maqaa gamtaa qabsoo qeerroo facaasuun Oromoo burjaajjii hamaa keessa galche. Sirni maqaa dhaaba ofii haaromse Oromoon bakka bu'a Oromoofin hojjadha ofiin jedhus, yeroo kamuu caalaa bakakkaan siyaasaa hamaan Oromoorratti bu'uun Oromoo bira darbee biyyattii guututti miirri gaaga'ama hamaan mul'achuu eegale. Akka dhaabbilee siyaasaa fi kutaa hawaasaa Oromoo harka caaluutti, umuriin miiraa fi abdii sun gabaabbatee waadaan mootummaan galamees hedduun abjuu ta'ee, hiikaa fi iddoon Oromummaa fi Oromootafis kennamu daandiidhuma sirnoota darbaniitti deebi'e. Egaa aartiistoonni, hidhattoonnii fi sabboontonni Oromoo hedduunis sochii qabsoo roga adda addaa kan itti jalqaban haalli hin eegamin mudachuun kanarraati. Hayyoonni Oromoo bara sirna dhufaa darbaa biyyi kun ittiin bulaa turte keessatti ari'atamaa, hiidhamaa fi ajjeeffamaa kan turanidha. Bu'uuruma kanaan uummatichi roorroo alagaa jalaa bahuuf qabsoo hadhaa'aa taasisaa kan turedha.

## 4.2.2.1 Hidhaa

Sirbi matadureen isaa ( Bulloo) jedhu Yosaan Getahuunin (2021) waa'ee hidhamuu hayyoota Oromoo yommuu ibsu:

**….**

Bulloon garmaamuuf tolaa
Maa mana hidhaa oolaa?

**….**

**Madda: Yosaan Getahuun, 2021**

Xiinxalli ergaa sirbaa **“Bulloon garmaamuuf tola**a” (Sarara 1) fi **‘Maa mana hidhaa oolaa ?**’ (sarara 2) irratti argamu, haala qabatamaa yeroo sirbi kun keessatti sirbameen Bulloon hidhaa jiru kun kan garmaamee nu garmaamsiisaa ture, kan hari'ee nuu qabaa fi nu baasaa ture, yeroo sanaatti mana hidhaa jiru eenyu akka ta'e eenyu jalayyu dhokataa miti.

**….**

Dho’aa dho’ee dho’e
Dhowwisa dha'e dhoo'e (2x)
Dhawwisa Jawwee saafaa
Naachi rifatee qabatee
Naachatu riphee qabatee

**….**

**Madda: Yosaan Getahuun, 2021**

Walaloo sirbaa armaan olii kana keessatti akka fakkoommiitti wanti irra deddeebiin ibsame fardadha. Fardi Oromoof mallattoo warroommiitis. Keessumaa immoo farda collee maqaa addaa Bulloo, Diimaa, Shaanqoo jedhamuun moggaafama.Yoosanis maqaa Bulloo jedhuun addaatti ammoo farda bulloo hidhame tokko heeruun mallattoo gootummaa yookaan jabaan akka bulloo kan fiigee qaqqabu, kan hari'ee ba'u, kan geessee lolu tokko hidhamee jira jechuun ibsa. Kunis immoo haala qabatamaa yeroo sirbi kun baheen dhimma hidhamttoota siyaasaa Oromoo waan dubbatudha. Akkasumaas, jalqaba mataa bo'oo welluu wallee kanaa keessattis jechi masoo 'Jawwee' jedhu sun Jawaar Mohaammadiin waan ibsudha. Jawwee Nachi qabatee jechuun isaa warra dhugaa Oromoo dhoksee isa hidhe Naachaan fakkeessee kan ibsedha.

**….**

Geeraru malee
An akkamiin cooku
Haa ba'u gumaan
Ilma dhugaa beekuu (4x)
Bulloon garmaamuuf tola
Ma mana hidhaa oolaa

**….**

**Madda: Yosaan Getahuun, 2021**

Xiinxalli ergaa sirbaa (Sarara 1-6) irratti argamu immoo dhaloonni falmaachuu akka qabuu fi sodaattuu ta'uu akka hin qabne akeekachiisa. Akkasumaas gumaan goota keenya Hacaaluu Hundeessaa akka ba'uuf waan gaaffii gaafachaa jirudha. Dabalataanis haala qabatamaa yeroo sirbi kun keessa baheen Jawaar Mohammad mana hidhaa keessaa akka ba'u, siyaasa qeerroo fi qarree deemsisuu akka qabu waan qoondaltoota mootummaa gaafachuun dhiibbaa gochaa kan turedha.

### 4.2.2.2 Hayyummaa

Sirba matadureen isaa ( Bulloo yookiin 3Obsa) jedhuun Yosaan Getaahuun( 2021) waa'ee hayyummaa Oromoo yommuu ibsu.

**….**

Hayyicha sanyii gootaa
Yoo tuqan lolee isa qolachuu beekuu
Maa tuttuqanii tola nurraa eegu (2x)
Naanaa naanaa
Lammacha koo naanaa (2x)
Yaa lammacha koo yaa lammacha koo
Lammachi Fardaa yaa lammacha koo
Yoo kaate tolaa yaa lammacha koo
Lammachi Sangaa yaa lammacha koo
Yoo qote tolaa yaa lammacha koo
Lammachi Harree yaa lammacha koo
Yoo baate tolaa yaa lammacha koo
Lammachi Namaa yaa lammacha koo
Yoo lole tolaa yaa lammacha koo

**….**

**Madda: Yosaan Getahuun, 2021**

Xiinxalli ergaa sirbaa (Sarara 1-3) irratti argamu farda collee Bulloo isa hidhaa jiru waama. Akkasumaas, haala qabatamaa yeroo sana tureen isa sabni jaallatu isa lolee lolchisee injifachuu danda'u, saba kana irraa maaf mana hidhaa galchitaan jedhee waan sirna biyya bulchaa jiru

gaafataa jirudha. Dabalataanis, sirbi (Sarara 4-15) irratti argamu immoo Fardaa fi Harree bakka wal jijjiruun ibsa. Fardi inni mana hidhaa alagaa keessatti beelaa fi dheebuun darraramaa jiru bakka isaaf hin malle jira jedha. Kana qofaa miti; Harreerraa ba'aatuu bareeda erga jedhee booda, Sangaa irraas qonnatu tola jedha. Bulloo irraa immoo hidhaa osoo hin taane, garmaamee garmaamsiisuu, lolee lolchisuutu tola jechuun ibsa. Amma maqaa farda bulloo jedhamu kana hidhamtoota siyaasaa Oromoo fi kanneen birootti fakkeessuun nama dhugaa fi haqa qabuuf hidhaan akka hin malle jechuun waan sirna biyya bulchaa jiruutti himaa jirudha.

### 4.2.2.3 Tokkummaa

Sirbi matadureen isaa ‘Bulloo yookiin 3obsa’ jedhu Yosaan Getaahuuni (2021) weellifame yommuu tokkummaa Oromoo ibsu,

**….**

Roobe bubbise buuse bakkaakkaa
Qaxxisa lolee seene walakkaa( 2x)
Bulloo Bulloo (4x)
Bulloo kiyya Bulloo
Bulloo Farda Bulloo (2x)

**….**

**Madda: Yosaan Getahuun, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **‘Roobe bubbise buuse bakkaakkaa’** (Sarara 1) fi ‘**Qaxxisa lolee seenee walakkaa’** (sarara 2) irratti argamu qabsoon Oromoo adeemee adeemee dhuma irratti moo'ichaan akka xumuramuu fi galma ga'insa kana kan fides qeerroo fi qaarree akka ta’e hima. Akkasumaas fincilli yookaan diiddaan qeerroo Oromoo bakka hundaatti finine Oromoo gara abbaa biyyummaatti kan deebiseedha jechaa waan jirudha. Dabalataanis, xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (sarara 3-5) irratti argamu haala qabatamaa yeroo sirbi kun baheen Oromoota mana hidhaa jiran waamuun sagalee abdii itti himaa kan jirudha.

### 4.2.2.4 Hidhannoo

Sirbi matadureen isaa “Nuti maal taana?” jedhu Caalaa Daggaffaatiin (2021) waa’ee hiidhatanii qe’ee ofii eeggachuu yommuu ibsu:

**….**

Biyya abbaasatittuu

Hoda kormi mar’achuuni
Alagaan nun bittuu
Dirqama tatii hidhachuuni
Biyya abbaasaatittuu
Maalii kormi mar’achuuni?
Hileensi hin mixattii
Dirqama keenya hidhaachuun

**….**

**Madda: Caalaa Daggaffaa, 2021**

Oromoon waggaa hedduuf osoo saba guddaa ta’ee jiruu saba xiqqoof bulaa turuun isaa beekamaadha. Akkasumaas uummanni Oromoo uummata guddaa fi uummata sirna gadaan bulu ta’ee osoo jiruu saboota xixxiqqoo akka Amaaraa, Tigiraayiin laftii fi qabeenyi isaa samaamaa turuun galmeen seenaa addaa addaa ni ibsa. Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa armaan olii **"biyya abbaasaatittuu"**(Sarara 1) fi **"Hooda kormi mar'achuunii**" (Sarara 2) kanaan weellisaan kun Oromummaa isaatiin uummata Oromoof quuqama qabu agarsiisuufidha. Jiruu fi jireenya, akkasumaas rakkoo uummanni keenya naannoo yookiin biyya keessatti dhalate keessatti gidirfamu kan agarsiisudha. Jaarraa hedduuf biyya isaanii keessatti sirna mootummaa gabroomfataan hayyoonni Oromoo osoo mataa gadqabatanii adeemanii, alagaan sirna mootummaa isaaniin Oromiyaa keessatti leellifamuun waanuma baramaa ta’edha.

Sirbi (Sarara 3-7) irratti argamu uummanni Oromoo qe'ee isaa irratti isa alagaan yookiin ormi gaabroomfatee jiraatuu fi saba xiqqoo yeroo sanaatti qabeenyaa Oromoo qabeenyaa saba guddaa lafa Oromoo bakka ijoo taate fudhaatanii bifa dirqiidhaan bitanii achumaan qabatanii gabroomsaa akka turaan seenesa. Isa kanaaf alagaan uummata kana bituu akka hin qabne, furmaanni isa haala qabatamaa yeroo sirbi kun keessatti sirbameen tokkummaan hidhaachuu akka ta'e weellisaan kun waan uummata Oromoo akeekkachisaa jira. Bara mootiin Miniilik Finfinnee weeraraan qabatee kaasee, ummanni Oromoo naannoo kana jiraataa ture lafa isaa qofa kan saamame utuu hin taane, aadaa, seenaa fi afaan isaa akka hafu ta’ee kan alagaa ofitti fudhatu ta’eera.

....

Oromiyaa godhaan dachee dhiigaa
Hidhaadhu garaa
Kane maaltuu jalqabee dhiisaa?
Hidhadhu qaawwee
Of dhabanii lafti namaan fiigaa
Hidhaadhu garaa hidhaadhu qawwee

....

**Madda: Caalaa Daggaffaa, 2021**

Sirna mootummoota dur biyya kana bulchaa turannittis ta'e yeroo ammattiis qe'ee Oromoo fi Oromiyaa irraa ajjeechaa fi hidhaan garmaalee dhabamee hin beeku. Qabiyyeen sirbaa **"Oromiyaa godhaan dachee dhiigaa**" (Sarara 1) fi **"Kane maaltuu jalqabee dhiisaa**"(Sarara 3) fi **"Of dhabanii lafti namaan figaa** "( Sarara 5) irratti argamu immoo weellisaan kun welluu isaatiin qarree fi qeerroon Oromiyaa keessatti dhiigni isaanii dhangala'aa ooluu yookiin immoo harmeen Oromiyaa guyyaa guyyaan ajjeechaa fi dhiiga dhangaalasuu garaagaraa keessumeessaa ooltu, isa kanaafis immoo uummanni kun har'aas osuma du'aa jiruu qabsootti yookiin immoo dhugaa isaa barbaadataa akka jiru, akkasumaas beekaaf hayyuu isaa du'aa fi hidhaadhaan dhabee boqotee jiraachaa akka hin jirre fi dhaloonni cimsee kutannoo yookiin tokkummaadhaan qabsaa'uu akka qabu waan hubachiisaa jirudha. Yaada armaan olii kana kan deeggeru (Nesru 2019:57) irratti yommuu ibsu, Oromoon qawweedhaan ajjeefamaa fi afaan qawweetiin injifannoon harkaa fudhatamaa har'a as ga'e. Oromoon kan gubate, qe'ee fi qabeenya isaatti ibiddi kan qabate ibidda qawween tuftuunidha. Bara dheeraaf qawween Oromoo ganda isaa irraa gaaga'ama hamaa qaqqabsiisaa turteetti. Kunis ta'uu kan danda'e Oromoon hidhaannoo ammayyaa of harkaa dhabuun harka mootota haabashaatti akka kufu isa taasiseera.

Sirbi *"Gaafa roorroo"* jedhuu Taammiraat Tolasaatiin (2022) uummanni kun gabrummaa alagaa jalaa bahuu akka qabu dhaamsa yommuu dhaamu:

....

Hidhannee hin aleeluuree
Yaa simbirroo maa hin dhuftuu

Simbirroo koo na hin dhuftuu

Yeroon jenne hin geenyeree

**….**

**Madda: Taammirat Tolasaa, 2022**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **‘Hidhannee hin aleeluuree’** (Sarara 1) irratti argamu dhaloonni kun roorroo isa irra jiru hidhaatee aleeluu akka qabu gaaffii gaafataa jira. Akkasumaas, walaloo sirbaa (Sarara 2-3) irratti argamu haala qabatamaa siyaasni Oromoo yeroo sana keessa tureen, waraana bilisummaa Oromoo WBO simbirrootti fakkeessuun yookiin nameessuun gidiraa roorroo dhaloonni jala jiruuf, dhufee irraa akka kaasuuf waan waammachaa jirudha. Dabalataanis, ergaan sirbaa (Sarara 4) irratti argamu "yeroon jenne hin geenyeree" kan jedhu kun roorroo yookiin gabrummaa kana ofi irraa kaasuuf yeroon nuti bilisummaa bira ga’u hin geenyeree jedhee dhaloota roorroo alagaa jala jiruuf dhaamsa dhaamaa kan jirudha. Akkasumaas, akkuma kaleessa dhaloonni tokkoomuun beellama qabatee roorroo sirnoota darbanii of irraa cabsaa ture, har’as tokkummaan waliin kanee roorroo kana jalaa bahuu qabna akka jechuudha.

### 4.2.2.5 Saamicha Lafaa

Sirbi matadureen isaa *“Nuti maal taana?”* jedhu Caalaa Daggaffaatiin (2021) waa’ee saamicha lafaa sirnoota dhufaa darbaa Oromoo irraatti taasifamaa turee fi taasifamaa jiru ilaachisuun uummanni kun qabiyyee lafa isaa eeggachuu akka qabu yommuu akeekkachisu:

**….**

Ati yaa abbaa lafaa

Maaf gurgurtaa

Qabiyyeen siif maalti hafaa? (2x)

**…..**

Sirnoonni dhufaanii darban ummata Oromoo humnaan itti roorrisanii lafaa fi biyya isaa irraa buqqisanii baqataa fi kadhataa taasisaniiru. Haaluma wal fakkaatuun, mootummoota dur Itoophiyaa bulchaanis ta’e, amma bulchaa jiran kana keessattis, duulli lafa Oromoo saamuuf qe’ee irraa buqqisuun walqabatee Oromoo hedduun lafa isaa dhabee rakkoo siyaasaa cimaaf saaxilamee jiraataa akka ture agarsiisa. Haaluma wal fakkaatuun, qabiyyeen sirbaa (Sarara 1-3)

irratti argamu abbaa lafaa kan ta'e uummanni Oromoo lafa isaa gurguruu akka hin qabnee fi qabiyyee isaa kan ta'e lafa isaa seeraan eegatee irra akka jiraatu ergaa isaa kan dabarsudha. Oromoon jaarraa hedduuf seenaan isaa saamamaa, dirree siyaasaa irraa darbatamaa lafa irratti dhalate irraa dhiibamuu fi arii'atamuun bara mootummoota darbaniis ta'e, ammaas raawwachaa kan jirudha. Isa kanaafis uummanni kun qabiyyee lafa isaa osoo du'uu eeggachaa kan ture ta'uu ragaaleen addaa addaa ni ibsu.

### 4.2.2.6 Wareegamuu

Sirbi ***"Gaafa roorroo"*** jedhu Taammiraat Tolaasaatiin (2022) wareegamuu uummata Oromoo sirnoota kaleessaa fi har'aan yommuu ibsu:

**….**

Maal abbashee ormaatti hin dheesaanii
Yoo qawwee dhabaniis
Lafee fi ribuunii falmaachuun sholee
Maal abbaashee lafa hin sileesanii
Yoo wareegamaaniis
Hafe lubbuu maraarfachuun sholee (2x)

**….**

**(Madda: Taammiraat Tolasaa, 2022)**

Xiinxalli ergaa sirbaa **"Maal abbaashee ormaatti hin dheesaanii"** (Sarara 1) irratti argamu immoo yoo rakkaataniis yookaan yoo ajjeffamaaniis dhaloonni warra Oromoof hin dubbanneetti harka keennuu akka hin qabne nu hubachiisa. Akkasumaas qabiyyeen walaloo sirbaa "**Yoo qawwee dhabaniis** "(Sarara 2) irratti argamu uummanni kun qawwee ittiin diina isaa lolu akka hin qabnee fi humni uummata kanaa tokkummaa akka ta'e kan hubachiisudha. Dabalaataanis, ergaan sirbaa (Sarara 3-6) irratti argamu immoo xinnaaf guddaan, qeerroof qaarreen, wallaalaaf beekaan dhaloonni hunduu falmaachuu akka qabuu fi dhaloonni sodaa tokko malee falmaataa jiraachuu warren faallaa Oromoo ta'anitti dubbachaa waan jirudha.

**….**

Kuma nyaattee warri gumaa

Har'aas halbee qaraattii
Ilaali korma keenya qalachuuf marree
Erga hammattee falli dhumaa hin jiruu
Hidhaachuun alattii
Sichii lubbuu maraarfachuun marree (2)
Haaya dhiiroo sichii lubbuu maraarfachuun marree
Raasasaan gombisuu sichii lubbuu maraarfachuun marree
Seenanii gombisuu sichii lubbuu maraarfachuun marree
Haaya dhiiroo sichii lubbuu maraarfachuun marree
Ehee ehee ehee ehee

**….**

**Madda: Taammiraat Tolaasaa, 2022**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa armaan olii kun warri goota keenya artiisti Hacaaluu Hundeessaa ajjeessaaniif gootota kaleessaa ajjeessaan har'aas gootota keenya ajjeessuuf qophii taasisaa jiru. Kanaaf dhaloonni kun amma dhumaatti falmaachuu akka qabuu fi kan goota isaa ajjeesse, rukkutee ajjeessuu akka qabu, akkasumaas gabrummaa diinaa jalaa bahuuf dhaloonni hanga dhumaatti osoo lubbuu isaa hin maraarsifatiin falmaachuu qaba waan jechaa jirudha. Dabalaataanis, roorroon yookiin miidhaan alagaan uummata Oromoo irratti fidaa jiru cimaa ta'uu isaa karaa weelluu isaa kanaan uummata miidhamee jiru kana hubachisaa jira.

## 4.2.2.7 Falmii

Dhaaboleen Oromoo karaa nagaa falmina jedhanii mootummaa dhufaa darbaa waliin wal'aansoo wal qaban fi saba karaa dhugaa qabsoo taasisaaniif mana hidhaatti guramaan Caalaa Daggaffaa sirba isaa "nuti maal taanaa" keessatti yommuu ibsu:

**….**

Dhabooleen Oromoo

Karaa nagaa falmaanii
Hidhaatti guraamanii
Nuti maal taanaa?
Akka taanu hin dhaabnuu

Nuti maal taanaa?

Qawweedhaan falmannaa (2x)

**….**

**Madda: Caalaa Daggaffaa, 2021**

Xiinxalli ergaa sirbaa armaan olii irratti argamu immoo yeroo sanaattis ta'e, haala qabatamaa amma keessa jirru keessatti dhaboota Oromoo kan akka ABO fi KFO karaa nagaa uummata isaaniif falmaanii mana hidhaa darraraa Oromoo kan ta'e keessatti guraamanii hidhamanii jiran uummata Oromoo fi jallattoota Oromoof akka isaan dhugaa qaban ergaa dabarsaa kan jirudha. Karaa biraattin immoo sirbaa *"Nuti maal taanaa"? (*Sarara 4) kana irratti immoo erga miseensonni dhaboolee Oromoof falmaan gara mana hidhaa impayeera Itoophiyaatti guraamanii hidhamanii, uummanni kun maal ta'uu qaba? jechuun gaaffii keessa isaa nyaate waan addunyaa gaafachaa jiru fi erga qabeenya keenya warreen faallaa saba kanaa dhaabbatan itti fayyadamaa ta’anii uummanni kun maaliin jiraachuu qaba jechuun mootummaa biyya bulchaa jiru kan gaafatudha. Akkasumas uummanni Oromoo kun erga hayyoota isaa mana hidhaatti guraamuun dhabee maal ta'a jedhee gaaffii keessa isaatti dhaga'ame bifa sirbaan gaafachaa kan jirudha. Dabalaataaniis, qabiyyeen sirbaa (Sarara 5-7) irratti argamu weellisaan kun hayyoota isaa mana hidhaatii baafachuun furmaanni akka jiruu fi furmaanni jiru kunis uummanni Oromoo tokkummaa isaa jabeessee hayyoota isaa baafachuu akka qabu, haala qabatamaa yeroo sana tureen qawweedhaan cichee falmee hoggantoota isaa mana hidhaatii baafachuu akka qabu weellisaan kun ergaa isaa dabarsa.

**….**

Dhamsi gootaa dhufee ohoo ohee
Bosonaa fi gaara ohoo ohee
Sirnni Dargii kufee ohoo ohee
Akkamiin si nyaara ohoo ohee
Muka damee muruun ohoo ohee
Jirma gabbisuufi ohoo ohee
Jeedala madaaksuun ohoo ohee
Biyyee nyaachisuufi ohoo ohee

**….**

**Madda: Caalaa Daggaffaa, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (Sarara 1-2) irratti argamu goonni bosona jiruu fi gaara jiru dhuufera akka jechuudha. Ergaan kunis uummata Oromoo qabaa diinaa jala jiruf dhaamsa waliif dhaamee diina isaa injifachuu akka qabu hubachisaa jira. Akkasumaas, ergaan qabiyyee sirbaa (Sarara 3-7) irratti argamu immoo haala qabatamaa yeroo sirbi sun keessatti sirbameen sirna amma biyya bulchaa jiru kana hojii inni uummata irratti hojjechaa jiru, kan Dargii isa dur dhiittaa fi ajjeechaan biyya bulchaa tureetti fakkeessuun sirnni kun uummata Oromoof waan gaarii akka hin gone, hundeeffamuun isayyu fedha hayyoota Oromoo ala kan ta'ee fi quqqamtoota isa aladha akka jechuu agarsiisa. Sababa hundeeffamuu paartichaa mormuun hayyoonni Oromoo siyaasaan biyya isaanii utubaa jiran fi kan dinagdee biyya kana utubaa jiran biyya kanarraa ari'amuun taatee yeroo dhihoodha. Akkasumaas, haala qabatamaa yeroo sirbi sun keessatti sirbameen sirna nama hacuucu kana yookiin sirna xinnaaf guddaa ajjeessu kana walii gallee kuffisuun, sirna sabaaf hojjetu hundeessuu qabna jechuu isaa agarsiisa.

**….**

Gaafa guute yaabbatu yaa lolee

Bulloo ganna sooranii
Falmaachaa wal waamatu yaa lolee
Silaa du'a hin olaanii (2x)

**….**

**Madda: Taammirat Tolasaa, 2022**

Oromoon kaleessa harqoota gabrummaa of irraa kaasuuf bahaa hanga dhihaatti, kaabaa hanga kibbatti wal waamuun lolee injifachaa tureera. Xiinxalli Ergaa sirbaa **'Gaafa guute yaabbatu yaa lole'** (Sarara 1) fi '**Bulloo ganna sooranii'** (sarara 2) irratti argamu immoo Oromoon gaafa roorroon haammatte farda isaan lolee injifachuu beeka. Akkasumaas bulloon Oromoo biratti kabaja kan qabu farda cimaa kan lolaaf nyaachifamudha yookiin kan diina isaa ittiin qe'ee isaarraa loludha. Dabalaataanis, ergaan walaloo sirbaa (Sarara 3-4) irratti argamu dhaloonni waliin tokkoomee falmaachuu akka qabu, du'i jiraachuu beekee gabrummaa baachuu akka hin qabne waan akeekkaachisaa kan jirudha.

### 4.2.2.8 Waadaa

Sirbi matadureen isaa “Nuti maal taanaa” jedhuun Caalaa Daggaffaa (2021) waa’ee warraa waadaa dagataanii fi uummata Oromoo irratti shiira dalaganii yommuu ibsu:

**….**

Maal abdattee irbuu gootaa gantee?
Eessa abbaa kee eessa abbaa kee
Yaa warra cubbuun nutti maltee
Maal abdattee irbuu gootaa gantee?
Eessa abbaa kee eessa abbaa kee
Yaa warra horiin saba gantee?

**….**

**Madda: Caalaa Daggaffaa, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirba armaan olii kun namoota qarshiif yookiin waan biraa tokko argachuuf jedhanii imaanaa gootonni kaleessaa itti kennan irraanfatanii saba isaaniif da'oo ta'uu dhiisanii dabarsaanii gara du'atti kennan akka nama hari'ee qabuuf jedhuutti kan akeekachisu dha. Akkasumaas, maal abdatanii saba isaanii irratti cubbuu akka hojjetaniif uummata bal'aa kana keessaa lafa tokkollee yookiin gara tokkollee deemuu akka hin dandeenye agarsiisa. Jaarraa hedduuf Oromoo sirna gita bittaa jalatti kuffisee kan jiru waldhaga’uu dhabuu fi waan xiqqoof jedhanii alagaaf wal lachuudha. Ummanni Oromoo erga gita bittaa alagaa jalatti jalqaba jaarraa 19ffaa kufee eegalee karaa addaa addaatiin qabsoo mirga abbaa biyyummaa isaa adeemsiisaa ture.

**….**

Warri kaayyoo dabsee
Daboo dabaa dhaqee
Raqaaf karaa maqee
Maal taanaa?
Akka taanu beeknaa
Biyya keenya eegnaa

**….**

**Madda: Caalaa Daggaffaa, 2021**

Xiinxalli ergaa sirbaa "**warri kaayyoo dabsee**" (Sarara 1) irratti argamu immoo warra kaleessa waliin qabsaa'aa turaanii yookiin kaleessa kaayyoodhaan bahanii, har'a waan biraan gowwoofamaanii kaayyoo kaleessa manaa bahaaniif dagataniif akka ergaa dhamuuti. Akkasumaas, Xiinxalli ergaa sirbaa **"daboo dabaa dhaqee**" (Sarara 2) irratti argamu immoo warreen kaleessa kayyoof manaa bahaan dagachuun, warruma kaleessa diina jechaa tuaniif garee isaanii ta'uun warra dubbataaniif garee uummata Oromoo irratti dabaa fi shiira hojjechaa turan faana warra kaayyoo isaanii ganamaa dagatanii hiriiraan akka hubachiisuu jechuudha. Qabiyyee sirbaa (Sarara 3-6) irratti argamu immoo warra dhugaa yookiin miidhama saba isaanii dagatanii yookiin moggaatti dhiisanii qarshiif waan faayidaa isaaniif ta'uu karaa irraa maqaanii fi isa kanaaf dhaloonni waan fala ta'e tokko kaawwachuu akka qabu, wanti fala ta'uu qabu kun dhaloonni akkuma kaleessaa biyya isaa tokkummaan eeggachuu qaba akka jechuudha. Yaada kana ragaan deeggeru walakkeessa jaarraa 19ffaa irraa eegalee Mootiin Minilik II lafa Oromoo weeraree qabachuun of jalatti cabsee gabrummaan bulchuu kan danda'e namoota ummata Oromoo keessaa bahan aangoo fi faayidaadhaan qabachuun, akkasumas, amantaan, lagaa fi gosaan qabaachuun akka walqoqqodu gochuun Oromoo Oromoodhaan rukutuun akka ta'e ragaaleen seenaa ni addeessuu.

Dabalataaniis, sirba isaa *"Wal Agarraa"* jedhuun Galaanaa Garoomsaa (2021) uummanni kun waadaa waliif seene daggachuu akka hin qabne yommuu ibsu:

**….**

Namni bakakkaa beeku
Dibbee dhanaan na'aaree?
Ijoollee biyya kootii
Gugurraa mataan furaa
Eenyutu eenyuun haale
Maali irbuun gaafa duraa

**….**

**Madda: Galaanaa Gaaromsaa, 2021**

Dabalataanis, ergaan qabiyyee sirbaa **(Sarara 7-12)** irratti argamu immoo uummanni Oromoo duruu doorsisa alagaatti beeka, akka barbaaddu yoo taate yookaan waan barbaadde yoo fidde, sodaan yookaan na'uun hin jirtu jechuun warren faallaa Oromoo dhaabbatanii qaarree fi qeerroo

Oromoo ajjeessaa jirannitti hima. Sagalee qawwee fi sagalee taankii keessanii itti barreera, wal doorsisuun, wal birrachiisuun hin danda’amu jechuun warra faallaa saba kanaa ta’aanitti waan himaa jirudha. Akkasumaas, qaqqaliiwwan ijoolleen Oromoo waadaa waliin galanii akka waadaa isaanii hin halle fi sirritti tokkomuun diina isaanii injifachuu akka qabaan dhaloota waan akeekkachisaa jiru fi akkuma gootota Oromoo durii waadaa yookiin irbuu waliif galan sirritti eeggachuu akka qaban hima.

Akkasumaas, wallee isaa ***“Gaafa roorroo”*** jedhuun Taammiraat Tolaasaa (2022) waa’ee bara baraan bo’uu Oromoo fi mootummaa biyya bulchuun dagatamuu uummatichaa yommuu ibsu:

**….**

Imimaaniif sunsuma taane kaa
Baraan ibiddaan loluu
Ilmi harkaan guddisnees nu dhaane kaa
Wallaalle kan nu toluu

**….**

**Madda: Taammirat Tolasaa, 2022**

Xiinxalli ergaa sirbaa **“imimaaniif sunsuma taane kaa**” (Sarara 1) fi **“baraan ibiddaan loluu”** (Sarara 2) irratti uummanni Oromoo bara mootummoota darbaniis ta'e bara mootummaa ammaa uummanni kun sababa roorroof ajjeechaan akkasumaas hidhaa fi godaansi waan itti baay'ateef gadda keessa akka jiru kan ibsudha. Akkasumaas sirba **“ilmi harkaan guddisnees nu dhaane kaa”** (Sarara 3) fi **“wallalle kan nu tolu**” (Sarara 4) irratti mootummaan biyya bulchaa jiru kun mucaa Oromoo ta'uun isaa beekamaadha. Kanaaf haala qabatamaa yeroo sirbi kun sirbameen bara mootummaa ilmi Oromoon dhalche kun biyya bulchuuttis uummanni kun darraraa keessa jira akka jechuu fi mootummoonni kaleessa darbaniis uummata kanaaf akka waan tokko hin buusnedha.

Akkasumaas welluu isaa ***(Gumaa Gurraacha)*** jedhuun Falmaataa Kabbadaa (2022) waa’ee mootummaan dagataamuu uummatichaa yoo kaasu:

**….**

Gamaas faffakattee

Gamanaas faffakattee

Onnee jaalalaa miidhee

Bineensaaf nu laate

**….**

**Madda: Falmaataa Kabbadaa, 2022**

Mootummoonni bara dhufaa darbaa biyya kana bulchaa turaniis ta’e, kan amma biyya kana bulchaa jiru uummata kana ajjeessee darraraa hamaa irra geesisuun bulchuun isaa beekamaadha. Ergaan qabiyyee walaloo sirbaa ‘gamaas faffakattee’ fi ‘gamanaas faffakattee’ armaa olii irratti argamu kun immoo haala qabatamaa yeroo sirbi sun keessatti sirbameen waan mootummaa yeroo ammaa Itoophiyaa bulchaa jiruun jedhaa jirudha. Haala qabatamaa yeroo sirbi kun keessatti sirbameen mootummaan yeroo ammaa Itoophiyaa bulchaa jiru saba isaa dagachuun yookiin qomoo isaa isa kaleessa taankii fi bombii waayyanee cabsee aangoo isaa qabsiise dagachuun saba ormaa farsaa akka jiru waan itti himaa jirudha. Akkasumaas ergaan qabiyyee walaloo sirbaa ‘onnee jaalalaa miidhee’ fi ‘bineensaaf nu latee’ armaan olii irratti argamu immoo garaa si jaallatuu fi jaalala Oromoon si qabu gara jibbaatti jijjirtee, onnee kaleesa bombii waayyannee dura dhaabbatee gara aangootti si fide dagattee, harka alagaatti dabarsiitee nu kennite jechuun waan mootummaa ilma Oromoo ta’ee biyya kana bulchaa jiru bifa komii fi qeeqaan gaafachaa jirudha.

Sirba isaa ***‘Nuti maal taana’*** jedhuun Caalaa Daggaffaa (2021) sirnoota darbaan keessattis haa ta’u sirna amma biyya bulchaa jiru kana keessatti warra saba isaanii dhimma biraan ganaan yommuu ibsu:

**….**

Waan fala kan abbaa malaa

Kichoon barcuma Iyyaasuu butee

Gobanaan bakka awwalchaa dhabee

Kallachi haqaa ofkolaa

Ergamaan akkuma saree yoo dutee

Booddee salphina kan sabni adaabe

**….**

**Madda: Caalaa Daggaffaa, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa armaan olii kun wanti fala ta'u rakkina uummanni Oromoo keessa jiruuf fala barbaaduudha. Falli barbaadamu kun immoo tokkummaa ofii jabeessuun falmaachuudha. Akkasumaas, ergaan qabiyyee sirbaa (Sarara 2-6) irratti argamu immoo warri dhugaa Oromoo barbaaduuf yookiin bakkatti deebisuuf qabsaa'aa jirtan ofkolaa, hamaan isiin hin argin akka jechuu yommuu ta'u, warri bitamtoonni uummata isaaniif hin jenne yoo dheekamaniyyu, booda saba guddaa saba Oromoo kanaan adabamuun isaanii hin oolu akka jechuuti.

### 4.2.2.9 Gabrummaa

Sirba isaa *( Nuti maal taanaa)* jedhu Caalaa Daggaffaa (2021) waa’ee shiira mootummaa fi tokkummaa uummatichaa yommuu ibsu:

**….**

Deebite kaa sirnni mootii gonfoo
Wal jabeessaa, weerartuun hin diigamu
Qe’een warra ulfoo

**….**

**Madda: Caalaa Daggaffaa, 2021**

Weerarri Habashaa waggaa dhibbaaf shantamaa (150) oliif uummata Oromoo irra ture aangoo siyaasaa, afaan, aadaa, amalaa fi akkaataa jireenya sabichaa hamma malee miidheera, barbadeesseeras. Dhaabbanni hawaasummaa fi siyaasa sabichaa akka dadhabuu fi diigamee akka baduuf dirqisiiseera. Dhaabbatawwan amantii keessaa kanneen akka qaalluu fi galmaa, dhaabbata siyaasaa keessaa immoo kanneen akka caffee (Mana maree), paarlaamaa, dhaabbata abbootii keessaa Gadamoojii, akkasumas dhaabbanni seera qabeessaa fi dhaabbanni humna waraanaa Oromoo diigamanii balleeffamanii jiru. Sabni Oromoo sirna gadaa isa tasgabbii fi nagaa qabuun of bulchaa, addunyaa kanaaf hojii saayinsii fi ogummaa hedduu gumaachee ture. Kana hundumaa garuu weeraraan dhabeera. Lakkoofsi guyyaa lakkoofsa urjii irratti kan hundaa'u, qorichoonni addaa addaa, sirni lolaa fi bulchiinsaa ciminaan ijaaramanii turan, olaantummaa weerartoota Habashaatiin uummaticha duraa barbadeeffamanii jiru. Sirboonni aadaa, weedduun jaalalaa, mammaaksonnii fi hojiiwwan aartii akka itti hin fufneef ittifamaniiru.

Oromoon Saboota Gaanfa Afiriikaa jiraatan keessaa Saba heddummina qabu, dachee uumamaan baayyee badhaate, qabuu fi uumamumaa isaatiin gaaddisa qabeessa, ulfaaataa Saba ta'edha. Oromoon afaan, aadaa, afoolota adda addaa, sirna waaqeffannaa, safuu fi safeefffannaa, akkaataa uffannaa, sooorataa ykn nyaataa gosa adda addaa qaba. Oromoon kabajaa fi sodaa waaqaatiin waan jiraatuuf jireenya waliinii keessatti kanneen raawwatu hunda gaaddisa aadaa jalatti ilaala. Haata'u malee, Oromoon bifa kanan nagaadhaan jirachuu hin dandeenye. Dachee badhatuun Oromoo irree garee bittoota qubattoota Minilikiin unkuramuu eegalte. Loltootni gita bittootaa kun meeshaa waraanaa bifa deggeersaan Mootummaa Awurooppaa irraa argataniin uummata nagaa qe'ee isaa jiraatu jeequudhaan tasgabbii dhowwatan. Aadaa boonsaa uummatni ittii jiraatu meeshaadhaan irra eejjetan, gadidhiitan, afaan Sabichaa mallattoo eenyummaa isaa ta'e cabsanii balleessuuf waraana banan. Oromoon durii kaasee jalqaba dimookiraasii addunyaa kan ta'e sirna Gadaan bulaa akka ture ragaaleen addaa addaa ni ibsu.

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **(Sarara 1**) irratti argamu immoo sirna har'a biyya bulchaa jiru akka sirna dur wal harkaa fudhiinsa aangoon biyya kana bulchaa tureetti fakkeessuun sirnichi dabaa fi shiiraan kan guutame ta'uu isaa waan ibsaa jirudha. Akkasumaas, xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **(Sarara 2)** irratti argamu immoo uummanni Oromoo wal jabeessuu, tokkomuu yookiin gamtoomuu akka qabu, tokkummaan jirannaan warri faallaa uummata Oromoo dhaabbataan kan bakka garaagaraatti uummata Oromoo fi lafa Oromoo weerara jiran, nuti walii galaan, nuti waltaanaan, nuti gaamtoomnaan weeraruu hin dandeessu jechuun ibsa. Oromoon gaafa maammaku "tokkummaan jiraanan mandheen mixii ciidha galcha" jedha. Kanaaf Oromoon gabrummaa of irraa kaasuuf tokkummaa cimaan akka isaa barbaachisu Caalaa Daggaffaa sirba isaa ***"Nuti maal taanaa*?"** jedhu keessatti ergaa guddaa kan dabarsedha. Dabalaataaniis, ergaan sirbaa (Sarara 3) irratti argamu lafa Oromiyaa akka lafa kabajaan, lafa Gadaan bulutti fakkeessuun qe'een kabajaa kun warra safuu hin beekneen akka hin weeraramne akeekkachisa.

Gartuun bilisummaaf qabsoo godhu of irratti hirkachuu fi humna isaa jabeeffachuu qaba. Bara 1879-1880 keessa yommuu warri Ireland diiddaa geggeessan namtichi Charles Stewart Parnell jedhamu akkas jedha: Mootummaa irratti abdachuu yookiin irkachuun bu'aa hin qabu. Kan ati irratti abdattu yookiin hirkattu murannoo kee fi saba kee taasifachuun waljabeessuu,

walgargaruu, walcinaa dhaabachuun, tokkoomuu isa booda abbaan Irree adeemee adeemee dhuma irratti kufaatii isaa arga jedha.

Dabalataaniis, yaaduma armaan olii kana kan cimsu kitaabni seenaa saba Oromoo fi miidhaa mootummoota Habashaa jedhu, moototni Habashaa darabee sirna bittaa kolonii Miniilikitti wal furan marti xiyyeeffannoon isaanii uummata Oromoo irratti. Seenaa, aadaa fi afaan Oromoo balleessuu fi qabeenyaa Oromoo saammachuudha. Guddina afaan, seenaa, aadaa fi dinagdee Oromootti duulaa, ilmaan nafxanyaa Oromiyaa keessatti kan goobse Hayila-sillaasee dha. Hayila Sillaaseen qubsuma ilmaan Nafxanyaa babal'isuu fi jajjabeessuun, aadaa fi afaan Oromoo gadqabee kan Amaaraa irratti babal'isuun, baasii gibiraa ol kaasee ittiin dinagdee Oromoo quucarsuu fi lafa isaa irraa buqqaasee Nafxanyaa irra qubachiisuu fi k.k.fniin hawaasa Oromooo hedduu miidhe. Ummatni Oromoos mormii fi diddaa bittaa kolonii mootummaa Hayila Sillaasee gochuun kufaatii mootumichaaf guddaa gumaache.

Akkasumaas, yaaduma armaan olii kan deeggeru kitaabni seenaa saba Oromoo fi miidhaa mootummoota Habashaa jedhu (fuula 10) irratti akkas jedha; Koloneffataan kamuu daba ni raawwata. Gochaa fakkaataa kan Itophiyaa garuu bakka biraatti argama hin fakkaatu. Tewodros gaafa wallootti duulee ture namoota irraa harka lameen muree mormatti akka rarraase, walaloo sookkoo fi soorgoo isaanii keessatti: "*Atsee Tewodros ijjig tawaaraduu, Ye Walloon sawu hulluu iji nasteewu heduu"* jedhanii ibsu turan. Hammeenya olaanaa raawwachuudhaan eega cabsanii booda ammoo sirnaa bulchiinsa Oromoo faalleessuuf hammeenya dabraa raawwatan. Sirna dimookiraatawaa Gadaa dhabamsisuuf, qaroo, hayyuu fi goota biyyaa dhabamsiisan. Eega hundee sirna dimookiraatawaa Gadaa laaffisanii booda sirna bittaa isaanii irratti diriirsan.

### 4.2.2.10 Haloo baafachuu

Sirba isaa *"Nuti maal taana"* jedhuun Caalaa Daggaffaa (2021) uummanni Oromoo haloo baafachuu akka qabu yommuu yaadachisuu:

**….**

Nuti bara meeqa ganamnee?
Susiyinoos ilmoo guddifachaa
Keessaan nu gane maqaa nu himachaa

Yaa warra abbaa hin himanne
Jaarraa oliif nu dhaabdan dhaddacha
Haloon hin haftu  ni baafanna dachaa

**….**

**Madda: Caalaa Daggaffaa, 2021**

Oromoon baroota hedduuf sirnoota mootummoota darbaniins ta'e, kan amma biyya kana bulchaa jiraniin haala qabatamaa yeroo sirbi kun keessatti sirbameen ganamuun hiree isaa yeroo itti dhabaa turee fi dhabaa jirudha. Ergaan qabiyyee sirbaa armaan olii kun **"nuti bara meeqa ganamnee**" (Sarara 1) jedhu irratti mootummaan dhufe darbaa biyya Itoophiyaa jedhamtu kana bulchaa ture uummata Oromoodhaan gara aangootti dhufee, erga aangoo qabatee booda garuu gochaa yookiin olmaa uummanni kun godheef dagachuun gaarummaa uummanni kun godheef reebichaa fi ajjeechaa akkasumaas arrabsoon bakka buusaa kan turee fi inni amma biyya bulchaa jiruus olmaa uummanni kun gaafa isaan aangoo qabatan oolaniif oolaa akka hin jirre akka hubachiisuuti. Jecha goota Oromoo Jeneraal Waaqoo Guutuu kan ta'e "Gaabrummaa hiddaan buqqifna yoo dide garuu dhaloota itti guddisna" akkuma jedhu uummanni kun waan kaleessa ta'e dhaloota dhufuun baafachuun dirqamadha. Kanaaf agarsiistuun guddaan bara mootummoota darbanittis uummanni kun hidhamaa akka turee fi yeroo ammaas warri nuti Oromoodha ofiin jedhaan yommuu biyya kana bulchaannittis qeerroon, qaarreen hayyoonnii fi kanneen biroon hidhaamaa jiraniis kanaaf agarsiistuu guddaadha.

Yaada armaan olii kan deggeeru dhugaadha Oromoon sirna Guddifachaa, Moggasaa fi Meexicha qaba. Sirna kanaanis namoonni Oromoo ta'anii jiru. Garuu haayyoonni Haabashaa tokko tokko Oromoon waan karaa irratti arge hunda, sanyii namaa fi mukaas barbadeessaa akka turetti namoonni barreessanii fi hafarsan jiru. Dhuma jaarraa 16ffaa **Susiyinoos** kan booji'ame yeroo walitti bu'insi hamaan Oromoo fi Amaara gidduu turetti. Wanti hafarfamu dhugaa osoo ta'ee, hireen **Susiyinoos** booji'amuu osoo hin taane dirree irratti qalamuu ture. **Susiyinoos** booji'amuu qofaa osoo hin taane, harka Oromootti guddatee, tooftaa waraanaa Oromoo irraa baratee, boodarra garuu mootii Abiisiiniyaa ta'e. Akkasumaas yaada haayyoonni Habashaa Oromoo irratti barreessan yeroo Oromoo keessa adeemaa turetti soba ta'uu isaa **Pilaawden** yaalii saba guddaa xiqqeessuu fi goototа isaa xiqqeessuudha jechuun raga baheera.(Nesru 2019:30-31).

### 4.2.2.11 Qe'ee ofii eeggachuu

Sirba isaa *"Nuti maal taanaa?"* jedhu Caalaa Daggaffaa ( 2021) raakkoo siyaasa Itoophiyaa keessa jirun dhumaatii uummata nagaa fi qabsaa'oota Oromoo yommuu ibsu:

**….**

Maraamartoo tapha siyaasa baraa
Saba nagaati gidduutti gaga'amee
Hayyoonni keenyaas asumaa walmaraa
Dhufa Hacee Oromummaan yaakkamee
Beeljigiin shakashakii yaasii
Qe'ee kee irratti abbaa tataa
Gumaa hin nyaatinii gumaa baasii
Warri kalee har'aas mataa bataa

**….**

**Madda: Caalaa Daggaffaa, 2021**

Haala siyaasa Itoophiyaa dhufaa darbaa keessatti hayyoonni gammeeyyii, aartiistonni bebbeekamoo ijaa fi gurra uummataa ta'aan akkasumaas, sabni nagaan gidduutti gaga'amuun beekamaadha. Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **"maraamartoo tapha siyaasa baraa"** (Sarara 1) irratti argamu siyaasni biyya Itoophiyaa keessatti taasifamu daraan rakkisaa akka ta'ee fi waan wal xaaxaa ta'e baay'ee qabatee kan deemudha. Akkasumaas, xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **"Saba nagaati gidduutti gaga'amee"** (Sarara 2) irratti argamu immoo sababa warra biyya kana bulchina jedhanii siyaasa kana olii gadii adeemsisanii fi warra saba keenyaaf qabsoofna jedhaan gidduutti namoonni nagaan ajjeeffamuu, saboonnii fi sablammoonni walitti diina ta'uu, akkasumaas qarree fi qeerroon du'aa jiraachuu ibsa.

Dabalataanis, xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (Sarara 3-8) irratti argamu immoo hayyoonni Oromoo warri siyaasa Oromoo adeemsiisaa jiraan jechuun warri paartii tokko keessa jiraniis ta'e warri paartiilee addaa addaa keessa jiraatanii waa'een Oromoo nu galcha jedhanii falmaa jiraan ofuma isaaniyyu walii galuu dadhaabuu yookiin tokkummaa dhabuu isaanii fi Oromoo ta'uun impayeera Itoophiyaa jedhamtu kana keessatti akka nama yakkamaa ta'e tokkotti kan ilaalamuudha akka jechuudha. Akkasumaas alagaa biyya kee qabbatte akkuma gootota

kaleessaa rukutaanii dachee isaanii kabachiisaan dhaloonni har'aas osoo harka hin kennin rukkutee baasee bilisummaan kabajamee jiraachuu qaba jechuun hubachiisaa jira. Yaada armaan olii kan deggeeru (Nesru 2019:29) irratti yommuu ibsu, sabni akka salphaatti sabummaa isaan mulqamuu fi qe'ee isaa irraa buqqa'u hin jiru. Akkasumaas "eenyummaa fi kabaja isaa dhiisee fedhiidhaan gabrummaatti harka kan laatu hin jiru. Saboota Oromoos ta'e saboonni kaawwannis eenyummaa isaanii dhiigaan tiikfataa kan turanidha" (Nesru 2019:29).

### 4.2.2.12 Gumaa gootaa

Dabalataaniis, sirba isaa " Bulloo" jedhuun Yosaan Getaahuun (2021) waa'ee dhokachuu gumaa goototaa yommuu ibsu:

**….**

Goota dhabanii callifachuun hooda
Dhiiga maraartuu sanaa nuu barbaadaa (2x)

**….**

**Madda: Yosaan Getahuun, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **"goota dhabanii callifachuun hooda"** (Sarara 1) fi "**dhiiga maraartuu sanaa nuu barbaadaa"** (sarara 2) irratti argamu kun bakka ijoo fi waraantuudha. Bakki kun bakka Oromoon waan guddaa itti dhaabe tokko kan nu yaadachiisudha. Bakki kun waa'ee Hacaaluu Hundeessaa ilma dhugaa cininnatuu dhiiraa sana kan dubbatuu fi waa'ee goototа Oromoo mana hidhaa keessatti rakkachaa jiranii, waa'ee warra dhugaan isaanii dhookatee kan ibsudha. Gumaan Hacaaluu fi gootota Oromoo kaawwan nyaatameera yookaan dhimma biraan dhokateera; akkasumaas qarshii fi gamoon dhokaatera, kanaaf gumaan goota kanaa nuuf ba'uu qaba jechuun qoondalttoota mootummaa gaafachaa jira. Hacaaluudhaan ilma maraartuu jechuun maqaa addaan waama. Dhugumaattis dhaloonni gumaan Hacaaluu yookaan maraartuu keenyaa hin bane jedha. Kanaafuu maal haa ta'uree? Gumaa abbaatuu baafata. Gumaan immoo walii lama. Inni tokkoffaan dhiiga dhiigaan, lubbuu lubbuun, kan lammataa immoo dhiiga nagaan, lubbuu mariin baafatu. Kanaaf Oromoon gumaa dhigaa dhigaan yookaan lubbuu lubbuun deebisa osoo hin taane, gumaa nagaan, mariifi marraabban kan deebisudha.

Akkasumaas, weelluu isaa *"Gaafa roorroo"* jedhuun Taammiraat Tolaasaa (2022) du'aatii qarreefi qeerroo akkasumas, dhokachuu gumaa gootota Oromoo yommuu ibsu:

**….**

Shaaggarii garmaamti daraartunii
Otoo biyyi abbaa qabuu
Koo rasaasa nyaatti dhalatuunii
Hoo gonni gumaa dhabuu
Olulee ijaarree maqaatti hafnaa
Laammii gantuus yaa yartuu
Yoo lubbuun jiraanne wal gaafannaa
Guyyaan kun darbuu hin haftuu (2x)

**….**

**Madda: Taammirat Tolasaa, 2022**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **"shaaggarii garmaamti daraartunii**" (Sarara 1) **"otoo biyyi abbaa qabuu"** (Sarara 2) jedhun, haala qabatamaa turen handhuurri Oromiyaa Finfinneen qe'ee warra faallaa Oromoo dhaabbataniin dhuunfatamuu, qeerroo fi qaarreen Oromoo abbaa biyyichaa kan ta'e keessaa ari'amuun, akkasumaas magaalaan Finfinnee alagaaf bakka jireenya fi boqonnaa ta'ee, qeerroo fi qarree Oromoof garuu bakka darraraaf ajjeechaa ta'ee kan jiru ta'uu isaa waan ibsaa jirudha. Dabalaataniis, sirnoonni darbaan Finfinneen Oromootti keessummaa akka ta'u hojii abbaa qabeenyummaa lafaa dhowwachuu, maqaa misoomaan qe'ee irraa buqqisuu, abbootii qabeenyaa Oromoo achi keessaa arii'achuu, hayyoota siyaasaa fi aartistoota Oromoo achi keessatti mirga isaanii sarbuun kan turee fi kan jirudha. Akkasumaas, xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa ( Sarara 3-4) irratti argamu sababa rakkoo siyaasaa impayeera Itoophiyaa jedhamtu kanaan sirnoota mootummoota darbanittis ta'e, kanneen amma biyya bulchaa jiranittis daa'immaan umuriin isaanii xixxiqqoo ta'an qawwee dinaadhaan ajjeeffamuu kan raajefatuu fi gootota qaqallii Oromoo sirna mootummaa duriinis ta'e, sirna mootummaa ammaadhaan ajjeeffaman gumaan isaanii dhokachuu, keessattuu gumaan nama jabaa fi qaliin Oromoo aartiist Hacaaluu Hundeessaa dhokachuu karaa weelluu isaan waan ibsachaa jirudha. Dabalataanis, haala qabatamaa yeroo sirbi sun baheen mootummaa biyya bulchaa jiruun isa laammii isaa gane jechuun bifa komii fi qeeqan hubaachisa.

Akkasumaas, ergaan sirbaa (Sarara 6-8) irratti argamu haala qabatamaa yeroo sirbi sun bahe irratti hundaa’ee mootummaan amma biyya bulchaa jiru kun saba isaaf dubbachuu dhiisuun gara saba biraa dubbachuu yookiin saba isaa du'ee hidhamee gara aangootti isa fide dagachuun warren faallaa Oromoo dhaabbattaniif dhaabbachaa kan jiruu fi dhaloonni gabrummaa jala jiru kun bor bilisummaa argachuu ni danda'a jedhee abdii namatti hora. Keessumaa weelluun *gaafa roorroo* jedhu kun haala qabatamaa yeroo sirbi kun keessatti sirbameen dhugaa fi haqa Oromoo dagachuu mootummaa biyya bulchaa jiru waan qeequu fi dhaloonni qubee gama kamiinuu of qopheessuu akka qabu waan akeekkachisudha.

### 4.2.2.13 Guddummaa Oromoo

Sirba isaa ***“Wal agarraa”*** jedhuun Galaanaa Garoomsaa ( 2021) waa’ee guddummaa Oromoo fi saboota kaan yommuu ibsu:

**….**

Osoo birbirsi jiruu
Maaltu faarsa miciree?
Guddaan gaanfa Afrikaa
Oromookoo mitiree?
Oromiyaa mitiree?
Sirna gadaa mitiree?
Oromummaa mitiree?
Gadaa fi dhugaadha kallachi keenya
Jifuu fi safuudha kabajni keenya
Gadaa malee hin faarsinu gadoo
Lubaan bullaa hin qabnu madoo
Nan gala hin jedhu namni osoo hin geenye
Fala hin argatu namni faloo hin beekne

**….**

**Madda: Galaanaa Garoomsaa, 2021**

Maatii guddicha addunyaa maddi isaa Kuush kan ta’e uummatni Oromoo saba bal’aa Afrikaa akka ta’e eenyumaafuu iccitii miti. Sabni kun, saba baay'ina qabuu fi lafa bal'aa qabatee

argamuun cinaatti, qaroomina, sirna bulchiinsaa (Gadaa) fi Dhaha (calendar) ofii qabaachuun isaa adda isa taasisa. Haa ta'uutii dubbiin garagaltoo taatee, sabni ofirra darbee ormaaf ta'u qaamolee hanga isaa hin geenyeen sanyii, aadaa, falaasama, afaan, amantii fi eenyummaa isaa balleessuu irratti qiyyaafatamuun aggaammii irra darbee yaaliin kallattii addaa addaan sabicha balleessuu waggoota hedduuf adeemsifamaa tureera.

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **"osoo birbirsi jiru"** (Sarara 1) fi **"maaltuu faarsa miciree"** (sarara 2) irratti argamu kun immoo birbirsi muka guddaa gaaddisa namaa fi bineensaa ta'uun beekamudha. Akkasumaas, muka meeshaalee faayaa garaagaraas irraa tolfamani fi muka Oromoon qe'ee isaa dhabuun sirritti kunuunsudha. Kanaaf Osoo mukti jaalatamaan guddaan birbirsa jedhamu kun jiruu "akkamiinaan muka miciree xiqqoo yookaan yartuu faarsaree? Waan jedhudha. Dabalataanis, sabni Oromoo sabni guddaan Gadaan bulu osoo jiruu, akkamittan saba xiqqoo yartuu alagaa faarsaree yookiin sabni dimookiraasii addunyaaf bu'uura ta'e osoo jiru akkamiin saba xiqqoo kanaaf bularee jechuun saba Oromoo muka guddaa birbirsa jedhuutti fakkeessuun ergaa isaa kan dabarfachaa jirudha. Sabni Oromoo ammoo, saba guddaa hanga gaanfa Afrikaatti beekamu, saba duudhaa, safuu, aadaa fi afaan mataa isaa kan qabudha. Akkasumaas, saba guddaa horteen isaa biyyoota Afrikaa fi addunyaa mara keessa jirudha. Kanaaf kun osoo jiruu warra alagaa saba xiqqoo akkamittan faarsa jechuun ergaa dabarsaa waan jiru fi Oromoon ammaam guddaa akka ta'e waan warren maalummaa Oromoo osoo beekanii dhoksannitti himaa jirudha. Dabalataanis sirbi armaan olii kun Oromoota saba guddaa kana irraa dhalataanii saba xiqqoo farsaa oolaniif galteedha yookaan leeyyoodha.

## 4.2.2.14 Dhaadannoo

Weelluu isaa ***"Wal Agarraa"*** jedhuun Galaanaa Garoomsaa (2021) warra gootota isaa ajjessuutti yommuu dhaadatu:

**….**

Maaf na nyaaraa na hin nyaaru kanarra  
Maalan aarasi hin aaru kanarra  
Maalan boo'a hin boo'u kanarra  
Yoo jiraanne, birraa wal agarraa

Yoo jabaanne, birraa wal agarra
Yoo wal taanee, moonee wal agarra!
Wal agarra garraa, wal agarraa
Wal agarrees jirra
Walis arguuf jirra
Wal agarra!!
Birraa wal agarraa
....

**Madda: Galaanaa Garoomsaa, 2021)**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (sarara 1-5) irratti argamu, kana booda hin aaru, hin boo'u, hin gaddus jechuun uummanni Oromoo gadda keessaa ba'uun tokkomuu akka qabu, jajjaabeessaa jira. Fuula korraa ifti mul'atus, garaan koo immoo booree baasuuf qophiidha akka jechuudha. Gumaan dhiiraa immoo waggaa sagalittis, isaa gadittis yookaan isaa olittis ba'uu dandeessi jechuudha. Sabni Oromoo guddaan immoo fuuldura keenya, yeroo birraa wal agarra, yoo tokkomne mo'achuu, mo'achuun kan danda'amu yoo walii galle yookaan yoo wal taane qofa jechuudha. Waktiin Birraa Oromoof yeroo quufaa, yeroo ayyaanaa fi yeroo gammachuu waan ta'eef birraa walagarra jedha. Dabalaataniis, sabni Oromoo dhimma du'a aartisti Hacaaluu Hundeessaan gadda keessaa ba'aatii gara fuulduraatti tokkomuun mo'ichaaf of qopheessaa jechuun haala qabatamaa yeroo sirbi kun keessatti sirbameen saba abdii dhabeetti waan abdii himaa jirudha.

....

Sangaan usnaan iyyite qacceen
Beekaa riphnaan dhaadatti dawween
Eenyutu na'aaf bubbuttaree nyaara
Keessi hin mul'atu beeki garaan dhiiraa!
Gaafa dhiiraa lubbuun haa dabartu
Eessa abbaashii silas du'a hin haftuu
Gaafa xiiqii lubbuun haa dabartuu
Erga Haacaaluu lubbuun nan marartu!
Eega dhiiraa lubbuun haa dabartu
Gaafa giitii lubbuun haa dabartu

Gaafa gootaa lubbuun nan marartu

Gaaf dhugaakee lubbuun haa dabartuu

Wal agarraa garraa

Wal agarrees jirra

Waliis arguuf jirra

Birraa wal agarraa

**….**

**Madda: Galaanaa Garoomsaa, 2021**

Xiinxalli ergaa sirbaa "**Sangaan usnaan iyyite qacceen"** (Sarara 1) fi **"beekaa riphnaan dhaadatti dawween"** (sarara 2) irratti argamu immoo abbaan dhugaan jalaa dabde uummanni Oromoo osoo hin dubbatiin, inni dhugaa dabse dubbachuu eegale jechuudha. "Abbaan re'ee koo qalatee nyaate amma dubbata jennaan meerrere dubbachaa hoo hin jiruu?" jedhe jedhan namichi. Akkasumaas, Oromoon yommuu mammaku "osoo sangaan hin iyyiin qacceen iyyiti" jedha. Sabni Oromoo dantaan isaa jalaa haqanqaalame, osoo jiruu saba Oromoo irratti shiiraa fi ajjeechaa kan raawwatte dubbachuu eegalte jechuudha. Kanaaf immoo dhaloonni dhugaan isaa jalaa dhokate bor dhugaa isaa argachuun hin oolu jechuudha. Dabalaataniis, ergaan qabiyyee sirbaa **"eenyutu na'aaf bubbutturee nyaara"** (Sarara 3) fi ergaan walaloo sirbaa **"keessi hin mul'atuu beeki garaan dhiiraa"** (sarara 4) irratti argamu immoo, diinni yookaan alagaan nyaara guurtees dhaloonni sodaa qawwee akka hin qabnee fi gara fuulduraattis cimee falmaachuuf dhaloonni of qopheessuu akka qabu, garaan dhaloota kanaa biyya keessaaf biyya alaan akka madaa qabu sirna biyya bulchaa jiruu fi warren faallaa saba kanaa ta'anii, qaqqaliwwaan Oromoo ajjeessaa fi darraraa jiranitti hima.

## 4.2.2.15 Dadhaabina Sirnnichaa

Mataduree weelluu isaa **"Wal Agarraa"** jedhuun Galaanaa Gaaromsaa ( 2021) waa'ee dhokachuu dhugaa Oromoo fi dadhaabina sirnnichaa yommuu ibsu:

**….**

Gowwaan hosseen karra cufa

Namni kufuu hawwe teessumatti kufaa

Gara kuteessatti dukkanni ni ifa!

Obsuu fi dhoksuu koo dabuma seetee?

Ni beektii garaan koo akka na gootee

Sibiilallee sibiilatuu qaraa

Dhugaan namaa galgala gala

Hadhaba cabsaa inni karaa beeku

Haqatti hin gamuu namni hanqii beeku

**….**

**Madda: Galaanaa Garoomsaa, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **"gowwaan hosseen karra cufaa"** (Sarara 1) fi **"namni kufuu hawwe teessumatti kufaa**" (sarara 2) irratti argamu immoo hosseen muka boqqoolloo humna hin qabnedha. Karra ittiin cufachuuf haa turuutii ittiin waa rukutuuf iyyuu hin taatu. Gowwaan egaa hojiin isaa akkaana. Akkasumaas haala qabatamaa yeroo sirbi kun keessatti sirbameen mootummaan amma biyya kana bulchaa jiru saba cimaa qabatee deemaa jira osoo hin taane, saba xiqqoo humna hin qabne faana deema jira jechuun haala yeroo sirbi sun keessatti sirbamee fi waan mootummaan yeroo sanatti saba biroo waliin ta'uun, hayyoota Oromoo fi aartiistoota Oromoo gammeeyyii balaaleeffachaa ture qeeqaa kan jirudha. Namni fedhii kufuu qabu immoo dhaabbatee osoo hin taane taa'eeti kufa jechuudha. Kun immoo humnaa ol dadhabina sirnnichaa agarsiisa. Akkasumaas, ergaan qabiyyee sirbaa (sarara 3-7) irraatti argamu immoo lubbuun wanta qaalii gatiidhaan argamuu hin dandeenyedha. Yoo baddees deebi'uu hin dandeessu. Garuu guyyaa xiiqii lubbuun qaalii kun na hin maraartu, yookaan saba koof haa taatu jechuu isaati. Akkuma weellistoonni keenya qaaliin Oromiyaaf jecha lubbuu isaanii kennan, anis lubbuun koo kennuuf qophiidha jechuun warren faallaa Oromoo dhaabbatanitti dubbachaa kan jirudha. Walumaagalaatti, sirbi mata dureen isaa *wal Agarraa* jedhu kun waa'ee dhugaa dhabuu Oromoo, waa'ee dadhaabina sirnnichaa, waa'ee ajjeeffamuu fi hidhamuu Oromoo kan ibsudha.

Mataduree sirba isaa *"Bulloo"* jedhuun Yosaan Getaahuun (2021) mootummaa haayyoota Oromoo dhaaga'uu dideen yommuu qeequ:

**….**

Ohoo ohoo ehee ehee

Didee waayyoo waayyuu dide ( 2x)

**….**

**Madda: Yosaan Getahuun, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (Sarara 1 fi 2) irratti argamu immoo waa’ee farda isa uummata ganee yookaan ilma Oromoo ta’ee Itoophiyaa isa bulchaa jiruu isa uummaataaf hidhamee jiru waliin wal qabsiisuun isa tokko qeeqaa, isa kan immoo jajjabeessaa kan jirudha. Bakki ijoo aangiin ammaas kunooti. Bakka kanaatti Yoosan Getahuun isa nu gane qeeqa."Farda wayyuu dide"jedha. Waayyuu jechuun beekaa beekaan olii, ogeessa ogeessan olii jechuudha. Akkasumas, waayyuun sirna gadaa fi amantaa waaqeffannaa keessatti moggaasa beekamaadha. Yoosanis Farda waayyuu dide jechuun nama beektoota dhaga'uu dide, kan abbootii gadaa dhaga'uu didee fi kan uummata Oromoo dhaga'uu didetti fakkeessuun, haala qabatamaa yeroo sirbi sun baheen sirna amma biyya bulchaa jiru qeeqaa waan jirudha. Dabalataaniis, akka dhugeeffannaa Oromoo ganamaatti waayyuun namoota waa beekoo fi raagdota waan Waaqaaf waaqeffannaa namatti ibsu dubbatanidha. Akka kitaaba Daaniyaa keessatti ibsametti Waaqni uumama hundaaf walqixa ta’ullee, raajiifi seerri isaa namoota hunda biratti walqixa kan hubatamu miti. Kanaaf namoonni raajii fi seera isaa hubatanii mil’uufi mul’ii akkasumaas, ayyaanaa fi kennaa waaqaan guutaman kunniin dhugaa, gaarummaa fi badhaadhina waaqaa namoota birootti ibsuuf kan wayyoomanidha.

**….**

Fardi qofaa hin kaatuu
Maaf qofaa kaatee? (2x)
Dide Garbuu nyaachuu
Luugama nyaatee (2x)

**…..**

**Madda: Yosaan Getahuun, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **“Fardi qofaa hin kaatuu**” (Sarara 1) fi “**maaf qofaa kaatee?”** (sarara 2) irratti argamu immoo kallattummaan ilma Oromoo ta'ee biyya Itoophiyaa bulchaa isa jiru kana haala qabatamaa yeroo sirbi kun baheen akka inni uummata isaa malee adeemaa jiru beekuun gara uummata keetti deebi’i jechuun hima. Akkuma aadaa Oromootti fardi kan miidhagu yoo koraa bareedaa ija namaatti tolu qabatee fi namni isa gulufsiisu sirritti gulufsiisuu kan danda’u yoo ta’edha. Akkasumas, xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **“dide garbuu nyaachuu”**

( sarara 3) fi **“luugama nyaatee”** (sarara 4) irratti argamu farda farda isa caalu hidhee yookaan hayyoota Oromoo mana hidhaa kessee eenyu waliin galma ga’uuf qofaa kaatu yookaan qofaa figdu jedhee haala yeroo sana tureen waan qoondalttoota mootummaa gaafachaa jirudha. Fardi inni qofaa figu immoo waan quufeef garbuu dhiisee luugama nyaate jedha. Kun kallattummaan haala qabatamaa yeroo sirbi sun keessatti sirbameen sirna biyya bulchaa jiru kan akka Feederaalatti jiruu fi akka naannootti jiru yaada laammii isaanii dhaga'uu didaanii alagaaf bakka kennaan waan ilaallatudha.

### 4.2.2.16 Warra Kaabaa

Mataduree weelluu isaa *“Bulloo”* jedhuun Yosaan Getaahuun (2021) haala qabatamaa yeroo sirbi sun keessatti sirbamee, paartilee Oromoo ta’aanii warra Kaabaa waliin marii jalqabaan yommuu qeequ:

**…..**

Reebicha dibbee
Sirba karaa kaabaa
Faana ragaduu kuni badaa nu qabaa
Faana ragaduu kana nurraa dhaabaa
Shishiqirrisee marxifatee kaabaa
Maaliif na firooma wanbadeen kaabaa

**….**

**Madda: Yosaan Getahuun, 2021**

Handhuurri isa olii kana. Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (Sarara 1-6) jiru immoo haala siyaasni Oromoo haala qabatamaa yeroo sirbi sun bahee ibsa. Akkasumaas, firooma siyaasa warra kaabaa warra harmaa fi harka nu muree nurraa dhaabaa jedha. Yaadama siyaasa kaabaa jedhu bifa qeeqaatiin ibsa. Qaamoleen siyaasaa warri akka badhaadhinaa damee Oromiyaa firooma siyaasaa warra kaabaa akka dhabaan gaafata. Yaadni kun yaada guddaa fi yaaxinaawaa ta'edha.

Qorattoonni baay’een siyaasa kaaba Itoophiyaa yommuu ibsan, dhortuu humna kibbaati jechuun ibsu. Paartileen siyaasaa Oromoo kamuu firooma warra kaabaa warra bakka arganitti uummata keenya godaansiisaa fi rakkisaa akkasumaas, ajjeessaa fi darraraa jiran akka nurraa dhaaban gaafata. Kun haala siyaasni Oromoo yeroo ammaa keessa jiru akkaataa gaariin waan

hubachiisudha. Kaaba yommuu jennu kana kallattii qofaan ilaaluun gaarii miti. Yaadni Kaaba jedhu kun ilaalcha Nafxaanyaa jedhus waan ibsudha. Afaan tokko eenyummaa fi amantaa tokko yaada jedhuus ni ibsa. Kunis bara bittaa sirnoota warra kaabaatiin kan mallatteeffamee fi ilaalcha warra durii sana Oromoo irratti fiduuf warra taatafataan waan falleessu kan ta'edha. Firoomni kaabaa wallee kana keessatti balaaleffatames, yaada Nafxaanyummaa yeroo ammaa bolla keessaa ka'uun afaan isaan sabni kun akka hin waaqqeeffanne, afaan isaan akka hin baranne, hin dubbanne, alabaan mootummaa naannoo Oromiyaa magaalaa guddoo Finfinnee keessatti akka hin farfamne, akkasumaas afaan Oromoo afaan baadiyyaa qofaa ta'uu qaba isa isaan jedhaan waan qeeqaa jirudha. Akkasumaas, haala qabatamaa yeroo sirbi kun keessatti sirbameen Nafxaanyaan diina Oromoo akka ta'ee fi paartiin badhaadhinaa damee Oromiyaa firooma waliin qabna jedhanii warra kaabaa waliin wal dhadheessaan irraa akka deebi'an akkeekachiisa.

### 4.2.2.17 Oromootti abdii himuu

Mataduree weelluu isaa ***"Gumaa Gurraacha"*** jedhuun Falmaataa Kabbadaa (2022) uummata goota isaa dhabee gadda keessa jiruutti yommuu abdii odeessu,

**….**

Guddattu yaa haadha firaa
Ilmi kee hin dune jiraa (2x)
Hundeessaa yaa abbaa firaa
Ilmi kee hin dune jira
Likkii yaa haadha firaa
Ilmi kee hin dune jiraa
Galaan yaa abbaa firaa
Ilmi kee hin dune jiraa
Likkee yaa haadha firaa
Ilmi kee hin dune jiraa
Leelloo yaa haadha firaa
Ilmi kee hin dune jiraa
Yaayyoo Buree irra jiraa
Maandii Innaggoo jiraa

Jimmaa Aggaroo jiraa
Baalee Arsii irra jiraa
Hin dune hin dune jiraa
Seenaan kee hin dune jiraa
Dhugaa kee ol keenyee jirraa (3x)
….

**Madda: Falmaataa Kabbadaa, 2022**

Oromoon durii kaasee daangaa hanga daangaatti sirna gita bitoottaa irratti osuma mirgi isaa jala haqaanqalamuu falmaa turuun isaa beekamaadha. Bu'uuruma kanaan osoo abbaa Irree kana faana walaansoo wal qabuu tokko yoo du'ees, uummanni kun soda qawweef mirga isaaf hanga ammatti falmii isaa kan hin dhiifnee fi falmaachaa kan jirudha. Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa sarara armaan olii irratti argamu kun immoo weellisaan kun maatii gootota keenyaa yookiin aartistoota keenya qaqqaalii Dadhii Galaanii fi Haacaaluu Hundeessaa waamuun dhugaan ijoollee isaanii warri harka mootummaa gaabromfataan ajjeeffamaan akka bahuu fi dhaloonni dhugaa isaanii akka hin dhoksinee waan abbaa hanga haadhatti, haadha hanga haadha manaatti, haadha manaa hanga saba Oromootti waamuun waan jajjabeessaa jirudha. Akkasumaas, xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (sarara 13-19) irratti argamu immoo godinaalee Oromiyaa hanga aanaatti, aanaa hanga gandaatti waamuun du'a Haacaaluu Hundeessaa fi Daadhii Galaaniif saba garaan isaa miidhame waan jajjabeessaa jirudha.

## 4.2.3 Hawwii Bilisummaa

### 4.2.3.1 Dhaamsa

Mataduree weelluu isaa ***"Gaafa roorroo"*** jedhuun Taammiraa Tolaasaa roorroo alagaa jalaa sabichi akka ba'uuf dhaamsa isaa yommuu dabarsu,

….

Ohoo ohoo ohoo ohoo
Maaf teenya hin qajeelluree?
Allaattii koo bariiftuu (2x)
Dhaamsa koo hin dhageenyereemee?
…..

**Madda: Taammiraat Tolaasaa, 2022**

Xiinxalli ergaa sirbaa (Sarara 1-4) irratti argamu dhaloonni kun garbummaa baatee ta'uu akka hin qabnee fi dhaamsa walitti dhaamee roorroo alagaa jalaa bahuu akka qabu dhaamsa yookiin ergaa dabarsa. Oromoon kaleessa dhaamsa walii dhamuun roorroo alagaa sirnoota addaa addaa baroota hedduuf injifaateras injifachaas jira.

**….**

Qomoo koo akka gootu siifaan dhamaa
Waliif dhamuun yoona yoonaa
Akeekkadhu laammii koo siifaan dhamaa
Waliif dhamuun yoona yoonaa naa jedhii
Yoo yartuun qe'eetti sii doorsisuu
Dhiira waamuun yoona yoonaa
Ajjeessee isa reeffa lakkoofsisuu
Goota waamuun yoona yoonaa

**….**

**Madda: Taammirat Tolasaa, 2022**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa armaan olii kun, uummata Oromoo qe'ee yookiin biyya isaa irratti alagaan doorsifamuun haala qabatamaa yeroo sirbi kun sirbameen WBO (waraana bilisummaa Oromoo) waamadhu jechaa kan jirudha. Akkasumaas, alagaa qe'ee fi qabeenya Oromoo qabatee samaa jiru irratti jallattoota Oromoo, waraana bilisummaa Oromoo fi kanneen mirga Oromoo yookiin dhimmi uummata na galcha jedhanii warra falmaa jiran waan waamaa jirudha.

### 4.2.3.2 Gaabbii

Mataduree weelluu isaa *“Gaafa roorroo”* jedhuun Taammiraat Tolaasaa dheebuu bilisummaa sabni kun qabuu fi miidhama sirnaan uummata kana irra gahe yommuu ibsu:

**….**

Ilaallee dadhaabne kaa
Addeessa urjii samii (2x)

Ijaarree hanqannee kaa haa

Ol seenuun guyyaa kami? (2x)

….

**Madda: Taammiraat Tolasaa, 2022**

Oromoon seenaa biyya kanaa keessatti sirnoota darbanii fi sirna amma biyya bulchaa jirun qabsoo hadhooftuu taasisuun gara aangootti fidaa turuun isaa beekamaadha. Haa ta'u malee garuu bakka isaa maluuf kabajaa isaa ta'uu mootummoota gara aangootti fide kanarraa argachuu hin dandeenye. Xiinxalli ergaa sirbaa "ilaallee dadhaabne kaa haa" ( sarara 1) irratti argamu qabsoofnee yookiin itti duunee bilisummaa dhugaa argachuu dhabne waan jedhudha. Akkasumaas ergaan qabiyyee sirbaa **"addeessa urjii samii" (**Sarara 2) fi **"ijaarree hanqannee kaa haa"** (sarara 3) irratti argamu ifa bilisummaa uummanni kun hawwu akka hin argin jiru, qabsaa'ee dhiigni qarree fi qeerroo dhangala'uun mootummaa kana gara aangootti fidees gara bilisummaatti akka hin dhufne, ammaas uummanni kun roorroo fi dhiibbaa kaleessaa keessa jira jechuun sirna amma aangoo irra jiru qeeqaa kan jirudha. Dabalataanis, sirbi **"ol seenuun guyyaa kami?"** (Sarara 4) irratti argamu guyyaa sabni kun haawwii bilisummaa qabu yookiin roorroo kaleessaa keessaa bahee, ilmi sanaaf dhaabbatu guyyaa kam biyya kana bulcha kan jedhu gaaffii uummata Oromoo gaafachuudha.

## 4.2.3.3 Gorsa

Akkasumaas mataduree weelluu isaa *"Gaafa roorroo"* jedhuun Taammiraat Tolaasaa ( 2022) dhaloonni soda tokko malee qabsaa'uu akka qabu yommuu addeessu,

….

Biyyaa fi lubbuun dhiiraa haa

Sanaaf dhalachuun dhiiraa haa

Nu geessee dubbiin shiiraa haa

Teenyee hin bonyuu yaa firaa haa

….

**Madda: Taammirat Tolasaa, 2022**

Oromoon sirnoota dhufaa darbaa biyya kana bulchaa turaniin hojiin shiiraa irratti raawwatamaa turuun isaa beekamaadha. Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa "**biyyaa fi lubbuun dhiiraa haa**"

(Sarara 1) jedhu kanaan uummanni Oromoos ta'e qeerroo fi qaarreen Oromoo biyya isaaf jedhee lubbuu isaa dabarsaa kan ture ta'uu isaa, akkasumaas walaloo sirbaa **“sabaaf dhalachuun dhiiraa haa”** (Sarara 2) irratti jedhu kun saba ofiif dubbachuun gootummaa, saba ofiif loluun kabaja jechuudha. Dabalaatanis ergaan sirbaa **“nu geesse dubbiin shiiraa haa”** (sarara 3) fi **“teenyee hin boonyu yaa firaa”** (Sarara 4) jedhu irratti mootummoonni kaleessa biyya kana bulchaanis ta'e, mootummoonni har'a biyya kana bulchaa jiran uummata Oromootti hirkataanii aangoo qabachaa akka turanii fi erga aangoo qabatanii booda oolmaa uummata kanaa dagachuun dhugaa isaa dabsuu, maqaa hin taane itti moggasuun hidhuu fi darraruu, akka malee ajjeessuu fi qabeenyaa isaa shiraan saamaa kan turanii fi saamaa kan jiran, akkasumaas aartist Hacaaluu Hundeessaa fi aartistoota kaawwan dhugaa isaanii dhookateef teenyee bo’uu osoo hin taane, falmaannee harqoota gabrummaa cabsuu qabna kan jedhudha. Kanaaf uummanni kun gadda keessaa bahee, obboleessa isaa du'ee fi obboleettii isaa duute dagachuun tokkummaan of qopheessuu akka qabu waan akeekkachiisaa jirudha.

### 4.2.3.4 Obsa

Mataduree weelluu isaa ***“Bulloo”*** jedhuun Yosaan Getaahuun (2021) uummanni Oromoo roorroo isaatti dhufe obsaan jala darbuu akka qabu yommuu himu,

**....**

Obsaan sadii obsa
Obsi tokkichaa
Agartu yaadattaa isa gaafachaa

**….**

**Madda: Yosaan Getahuun, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (Sarara 1-3) irra jiru kun immoo waltajjii siyaasaa biyya kanarraa waggoota sadii asitti haala qabatamaa yeroo sirbi sun keessatti sirbameen Oromoon waan gurguddaa sadii dhabeera .Wantootni dhaabamaan sadan kunis, tokko aartiist Hacaaluu Hundeessaan warren faallaa Oromoo dhaabbataniin  galaafatamuu, inni lammaaffaan immoo qabsaa’onni gameeyyii Oromoo mana hidhaatti guramuu fi inni sadaffaan dhaaboleen siyaasaa Oromoo kan akka ABO fi KFO waltajjii siyaasaa biyya kanaarraa dhaabamuudha. Keessattuu gaafa aartiist Hacaaluu Hundeessaan du’u ummaata Oromoo biyya keessaa fi biyya alaa irra

ga’e, taate gaafa sana ta’e yaadattaa jechuun waan mootummaa gaafachaa jiruu fi akka uummanni Oromoo guyyaa sana ta’ees waan uummaticha yaadachisaa jirudha.

**….**

Birraa abdatanii
Ganna hin qoosanii
Murtee bara kanaa kana hin beekanii

**….**

**Madda: Yosaan Getahuun, 2021**

Oromoon gaafa mammaku “isa lafaan fudhaatti isa ukaa bufti” jedha. Xiinxalli ergaa Qabiyyee sirbaa (sarara 1-3) irratti argamu kun dhaloonni sirna amma biyya bulchaa jiru kana abdachuun, qabsaa’oota isaa fi dhaboota isaa dagachuu akka hin qabne, akkasumaas haala adeemsa siyaasa Oromoo keessatti dhugaan dhokachuun, warri dhugaa qaban osoo mana hidhaa keessatti darraaramaa jiranii, warri uummata nagaa irratti shiira hojjetaan immoo bilisummaan jiraachaa jiru waan jedhudha.

## 4.2.3.5 Roorroo

Mataduree weelluu isaa *“Gaafa roorroo”* jedhuun Taammiraat Tolaasaa (2022) dhaloonni gabrummaa alagaa jala jiru hiidhatee roorroo of irraa cabsuu akka qabu yommuu ibsu,

**….**

Hidhu hin seenna yaa tiru

Tollaan karaan hin jiruu
Dhiigaan laga of ceesisuun
Roorroon nam hin teesisuu
Roorroon nama hin teesisuu jaranaa

**….**

**Madda: Taammiraat Tolaasaa, 2022**

Weellisaan kun wallee isaa kanaan uummanni Oromoo sirna mootummoota darbaniis roorroo jalaa ba'uuf hidhaatee lolaa akka ture, dhaloonni gabrummaa balaaleeffachuun hidhaatee bosona akka turee fi hiidhatee akka jiru  jecha "tiruu" jedhu immoo bakka saba isaa buusuun jecha

maraasifannaan waamaa kan jirudha. Haaluma wal fakkaatuun mootummoonni dur turaniis ta'e, mootummoonni amma jiran yeroo qabsoon adeemsifamu uummata kanatti hirkataanii yookaan fakkaatanii adeemuun, injiffannoo booda garuu uummata kana dagachuun uummanni kun gara hidhannoo qawweetti akka deebi'u taasisaa turaniru. Dabalaataniis, walaloon sirbaa (Sarara 2-5) irratti argamu uummanni kun booda deebi'uu akka hin qabne, cimee falmaachuu akka qabuu fi roorroo yookiin gabrummaa warren faallaa isaa jalaa bahuuf hanga lubbuu isaa kennuutti of wareeguu akka qabu, kana gochuuf tokkummaa cimaan uummata kana akka barbaachisu ibsa.

**….**

Waan facaasaan hammatu yoo tole
Galaa bulte nyaatanii
Hamma yoomii dhamootu yaa lolee
Godaanisa baatanii ?

**….**

**Madda: Taammirat Tolasaa, 2022**

Qabsoo Oromoon biyya isaa keessatti mirga isaaf taasisaa ture sana isa dhumaaf cabsuuf tarkaanfii suukanneessaa; dhiira Oromoo kolaasuu fi Haawwan Oromoo harmaa fi Harka irraa muruun raawwate. Haala kanaan Miniliki sirna bulchiinsa isaa diriirsee ergamtoota isaa biyya Oromoo keessa qubachiisee afaan Oromoo fi aadaa Oromoo balleessuuf afaan kan ofii isaanii akka baratan dirqamasiise. Oromoon garuu, aadaa isaas ta’e afaan isaa jiruu fi jireenya guyyaa guyyaa isaa keessatti kunuunsee hanga kufaatii Mootummaa abbaa irreetti (1983) turfachuu danda’ee jira. Oromoon “waan facaasaan hammatu” jedha yeroo mamaaku. Uummanni kun bara mootummoota darbanii kaasee hanga ammaatti haayyoota, qarreef qeerroo, jaarsaaf jaartii hidhaaf ajjeechaan dhabuun godaanisa bara baraan hin faayine baatee jiraachaas jira jiraachaas tureera. Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (sarara 2-4) irratti argamu uummanni kun durii kaasee miidhamaa akka jiruu fi sababa qarree, qeerroo, haayyoota isaa du'aa fi ajjeechaan dhabeen madaa hin qorre baachaa akka jiru wallee isaa kanaan hubachiisaa jira.

**….**

Kilashiin gumaa badde baasisaa
Gaafa xiiqii gaafa roorroo

Duruu beeknaa maaltuu nuu naasisaa

Gaafa xiiqii naa jedhii gaafa roorroo

**….**

**Madda: Taammiraat Tolasaa, 2022**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (Sarara 1-2) irratti argamu biyya Itoophiyaa jedhamtu kana keessatti qaqqaliiwwan Oromoo sirna mootummaa gabroomfataan osoo dhugaaf dubbatanii ajjeeffaman gumaan isaanii hin bane. Gumaa kana fiduu yookiin deebisuu kan danda'u haala qabatamaa yeroo sirbi sun keessatti sirbameen kilashiinidha akka jechuu isaati. Akkasumaas ergaan sirbaa (Sarara 3-4) irratti argamuus gaafa roorroon hammatte mirgaa isaa falmaachuuf uummanni kun sodaa akka hin qabnee fi akkuma gaabromfataa kaleessaa aangoo irraa buuse gaabromfataa har'aas aangoo irraa buusuuf uummanni kun sodaa akka hin qabne seenessa.

**….**

As deebite dubbiin akka kaleessaa

Barri xiiqii waammadhu barri roorroo

Yaa qeerroo walitti sagaleessaa

Gaafa xiiqii gaafa roorroo

Akka hin bulletti dubbiin amma kaleessaa

Barri xiiqii waammadhu barri roorroo

Yaa qeerroo walitti sagaleessaa

Gaafa xiiqii gaafa roorroo

Yaa ijoollee Oromoo wal jajjabeessaa

Gaafa xiiqii gaafa roorroo

Wal waamataan wal baasu ibidda keessaa

Gaafa xiiqii waamadhu gaafa roorroo

Waamadhu waamadhu waamadhu

**….**

**Madda: Taammiraat Tolaasaa, 2022**

Xiinxala ergaa qabiyyee sirbaa armaan olii kana irraa hubachuun akka danda'amuutti gidiraan yookiin roorroon kaleessa uummata Oromoo irratti sirnoota mootummoota darbaniin taasifamaa ture, har'aas mootummaa biyya bulchaa jiruun rakkinni kaleessaa uummata kanaatti deebi'era

jechuun seenessa (Sarara 1-2). Kanaaf dhaloonni kun roorroo kana of irraa kaasuuf akkuma kaleessa qeerroo fi qaarreen mootummaa gabroomfataa falmaanii of irraa kaasan roorroo har'a uummanni kun jala jiruus walii dhamuun bakka jiranitti tokkummaan falmuun ofirraa kaasuu danda'a jechuudha. Dabalaataanis amma roorroo kaleessa jala ture, uummanni kun roorroo jala turuu akka hin qabnee fi wal jajjabeessuu akka qaban ergaa dabarsaa kan jirudha. Akkasumaas dhaloonni roorroo yookiin darraraa jalaa bahuuf walwaamachuu, dhaamsa waliif dabarsuu akka qabuu fi Oromoon kaabaa, kibbaa, bahaa fi lixaa tokkomee gabrummaa jalaa bahuu akka qabu waan hubaachisaa jirudha.

**….**

Harka hin lannuu boonyi turee bubbuluus
Dhugaatu falmaataa
Gaaf tokko dhaadannaa walitti hunkurree
Gumaa hin nyaannu goonni du'ee baduus
Gootumati dhalataa

**….**

**Madda: Taammirat Tolasaa, 2022**

Ergaan sirbaa **"harka hin lannuu boonyi turee bubbuluus**"(Sarara 1) fi **"dhugaatu falmaataa"**(Sarara 2) irratti rakkoon yookaan ajjeechaan uummata kana irra yoo tureyyu dhuma irratti injifachuun hin oolu jechuun uummata gaddaaf humna gaabromfataa kana jala jiruuf waan abdii kennaa jirudha. Akkasumaas, xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (Sarara 3-5) irratti argamu immoo uummanni gadda keessa jiru kun gara fuulduraatti bilisummaa argachuun gammaduun isaa akka hin oollee fi dhaloonni gumaa gootaa baasuu akka qabu, akkasumaas qaqqaliiwwan ijoolleen Oromoo diinaan yoo ajjeffamaaniis Oromoon goota akka qabuu fi akka dhalchu weellisaan kun weelluu isaa kanaan kan ibsedha.

**….**

Gumaa hin nyaannu ajjeefnee baafannaa lubbuu gurgurree
Sanyii dhiiraa dhirumaati guddaataa jabaa jalatti
Ilmii hin jiraatu gurra abbaa nyaatee
Sodaa diinaa maaltuu jiraataa alagaa jalatti

Gotatti dhalchee nutti himanaa latee (2x)

**….**

**Madda: Taammirat Tolasaa, 2022**

Bara 1963 Oromoon hoogganssa Jeneraal Waaqoo Guutuu jalatti, human gabroomfataa irratti dhukaasa dhukaasa qabsoo bilisummaa bane. Qabsoon kun haala rakkisaa ta'e keessatti osoo addaan hin citin waggaa torbaaf geggeeffameera. Erga qabsoon Baalee ukkaamamtee boodas qawween bilisummaa Oromoo gutummaatti afaan walitti hin qabanne. Jajjabeen Oromoo sirna gabroomfaatatti harka hin lanne.

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa **(Sarara 1-3)** irratti argamu dhaloonni imaanaa goototа kaleessaa akka hin dagaanne, kanaaf du'anii ajjeessanii gumaa goototа kaleessaaf har'aa deebisuu akka qaban kan ibsudha. Akkasumaas qabiyyeen sirbaa **(Sarara 4-7)** irratti argamu Oromoon kaleessaa goota akka qabuu fi har'aas goota akka qabu akkasumaas, dhaloonni akkuma akaakilee fi abaabilee isaanii durii goota ta'uu akka qaban, maqaa gootota kaleessaa eegsiisuu akka qaban kan ibsudha. Dabalaataniis, ergaan sirbaa (**Sarara 9-12**) irratti argamu immoo dhaloonni alagaa jala jiraachuu akka hin qabne yookaan diinaaf harka kennuu akka hin qabnee fi imaanaa gootota kaleessaa dhaloonni dagaachuu akka hin qabne waan hubaachisaa jirudha. Ummanni Oromoo erga gita bittaa alagaa jalatti jalqaba jaarraa 19ffaa kufee eegalee karaa addaa addaatiin qabsoo mirga abbaa biyyummaa isaa yeroo inni itti bifa gurma'eenis ta'e bittina'een hin taasisin hafe hin jiru. Haata'uu malee gitni bitoottni sirnoota darbanii Oromoota gantuu ta'an faayidaadhaan ofitti qabuun Oromoo irratti kaasuun akka cabsaa turan galmeen seenaa ni addeessu.

## 4.2.4 Ergaa Qabeenya Oromoo fi Hawaasummaa ibsuuf dhiyaate

Ummanni Oromoo erga waanjoo garbummaa jalatti kufee kaasee, mirga humnaan sarbame deebisee gonfachuun biyyaa isaa irratti abbaa biyyummaa isaa mirkaneeffachuuf baroota dheeraaf qabsoo geggeessaa ture. Qabsoon kun har'allee yeroo kamiyyu caalaa itti fufee jira. Hiree ofii murteeffannaaf moototа Habashaa dhufaa, darbaa waliin ta'aa turee fi jiru kana keessattis, golee Oromiyaa hunda keessatti sabboontotni Oromoo kumaa fi kitilatti lakkawaman akka wareegaman seenaan dhugaa ba'a.

### 4.2.4.1 Qabeenya Oromoo Daawwachisuuf

Mataduree weelluu isaa **“saglii”** jedhuun Leencoo Gammachuu (2021) qabeenya Oromiyaa yommuu ibsu,

**….**

Iseet hiriyaa, see tiyya, see tiyya
Eetiyya yaa ee tiyaa yee
Eetiyya ee tiyyaa
Cooraa Noonnoo Buunnoon baayee
Iluu Abbaa Boor yoo deemte beeyyee
Yoo deemte beeyyee (2x)

**….**

**Madda: Leencoo Gammachuu, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa ‘Iseet hiriyaa, see tiyya, see tiyya’ (Sarara 1) fi ‘Eetiyya yaa ee tiyaa yee**’** (sarara 2) irratti argamu weellisaan kun hiriyyaa isaa waliin sirbuuf waan waammachaa jiru fi ‘Cooraa Noonnoo Buunnoon baayee’(sarara 3**)** fi ‘Iluu Abbaa Boor yoo deemte beeyyee’(sarara 4) irratti argamu kun qabeenyaa fi miidhagina Iluu Abbaa Booraa qabdu deemii daawwadhu jechuun warra firaa Oromoo ta’anii fi warra hin taanetti himaa kan jirudha. Akkasumaas aanaalee godina Iluu Abbaa Boor keessa jiru waan ibsaa yookiin daawwachisaa jirudha. Dabalaatanis, Iluu Abbaa Boor Oromiyaa bakka bu'a waan ta'eef qabeenyaa Oromiyaan qabdus waan addunyaa guutuu daawwachisaa jirudha.

**….**

Hiddinaan hiddi malee yaa korma koo
Maal maqaan axanxarii
Sirbinaan sirbi malee yaa damma koo
Maal maqaan na gabbarii

**….**

**Madda : Leencoo Gammachuu, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa ‘hiddinaan hiddi malee yaa korma koo’ (Sarara 1) fi‘maal maqaan axanxarii’ (sarara 2) irratti argamu kun hiriyyaa isaa waliin geellisuu akka waammachuu

fi hin fafakkeesinii sirbi jechaa waan jiru, akkasumaas yaada walxaaxaa biyyaaf qabaachuun sirrii akka hin taane hubaachisa.‘Sirbinaan sirbi malee yaa damma koo’(sarara 3) fi ‘maal maqaan na gabbarii’(sarara 4) irratti argamu erga waamees hin dhaabatinii geellisi yookaan sirbi jechuun waan itti himaa jiru ta'uu isaati jechuudha. Dabalaataniis, sirritti sirbi malee hin fakkeessin, of nan kadhachiisin yoo sirbite sirbi yaada jedhuun waan cabse itti dubbataa kan jirudha. Karaa biraatiinis haala qabatamaa yeroo sirbi kun keessatti sirbameen yoo bulchaan seeran biyya bulchuu malee uummata burjaajjessuun gaarii akka hin taane mootummaa biyya bulchu bifa qeeqaan gaafachaa kan jirudha.

**….**

Dooranii irraan Bureen baayee
Suphee Mattuun Hurrumuu baayee
Eee ehee ---beenyee
Eee been yee Daarimuun baayee

**….**

**Madda: Leencoo Gammachuu, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee  sirbaa ‘Dooranii irraan Bureen baayee’ (Sarara 1),‘suphee Mattuun Hurrumuu baayee’(sarara 2) irratti argamu kun aanaalee Iluun qabdu keessa nanna'itii, deemii qabeenyaa isheen qabdu dawwadhu, qabeenyaa Iluu Abbaa Boor qabdu keessaa qabeenya naannoo suphee jedhamu yaadan daawwachisaa waan jiruu fi  qe’ee Abbaa Gammachiis nama Oromoof seenaa jabaa hojjetee fi godinni Iluu Abbaa Booraa qabeenyaa ija namaatti tolaan baay’ee waan qabduuf waan tuuristoota biyya keessaa fi tuuristoota biyya alaan daawwadhaa, kottaa misoomsaa jechuudha.  Akkasumaas qabeenyi Oromiyaa keessatti argamuu mallattoo fakkoommii Oromoo addunyaatti kan mul’isedha.

### 4.2.4.2 Gootummaa

Mata duree weelluu isaa “saglii” jedhuun Leencoo Gammachuu (2021) waa’ee gootota Iluu yommuu ibsu,

**….**

Gurraalee saayyan boruu yaa korma koo
Gootichoo barii duule
Innan bo'uuf suma yaa daalattii
Daalattii komee lulee

Ilu Abbaa Boor---oooyye
Iluu Abbaa Boor---oooyye
Ajjeessan faachuma koora
Ilu Abbaa Boor Fardi koraa
Ajjeessaan faachuma koora
Boora malee hin yaabanii
Yaa kiloolee sirbii malee

**….**

**Madda: Leencoo Gammachuu, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa armaan olii irratti argamu kun immoo seenaa, aadaa, gootummaa, duudhaa fi falaasama Oromoo kan dubbatudha. Iluu Abbaa Booraa erga waamee booda, waa’ee farda Abbaa Booraa dubbachaa kan jirudha. Itti fufee immoo gara baqqootti nu geessa. Baqqoon bakka itti ajjeessanii kooran fi bakka itti ajjeessanii diibatan jechuudha. Kan bakka itti ajjeesse faacha baatu; kan ajjeesse immoo faachaan koorudhaas. Akkasumas faacha jechuun, akka aadaa Oromoo Maccaatti namni yookaan ajjeessaan Baqqoo deemee Leenca, Arba, Gafarsa fi.k.k.f ajjeesse, ajjeessaa jedhamuuf gogaa yookiin gaanfa fudhee gala. Kun faacha jedhama. Faachi mallattoo gootummaan ittiin geeraramu, ittiin kooramu, ittiin sirbamu jechuudha. Dabalaatanis faachi kan goota isa lolaa fi loluutti beekuudha. Mallattoo injiffannoo kaleessa Oromoon dirreewwan lolaa garaagaraa keessatti agarsiisaa turee fi agarsiisaa jirudha.

**….**

Kannisni farsoo hin soortuu
Yaa korma koo yee
Damma bifaantti sontii
Mancufeen daammarra hin teessuu
Korma koo yee
Eessa dhaquuf damma kortii?
Boorri inni Booraa ajjeessaan faachuma koraa

**….**

**Madda: Leencoo Gammachuu, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa armaan olii irra jiru kun immoo falaasama yookaan jechama Oromootiin qabee waa waan nutti himaa jirudha. Bakki guddaan yookaan gobaan galeessi bakka kanadha. Kannisni farsoo hin soortu jedhe. Kannisni silas damma sorti malee farsoo miti. Amma garuu kannisni kan soraa jirtu farsoodha. Akkasumaas, Oromoon ajjeessee Faachan akka koru danda'uu fi Oromoon kaleessas, har'as saboota xixxiqqoo Itoophiyaa keessa jirataaniif utubaa ta'ee akka jiruu fi saboonni xixxiqqoo kunis immoo gochaa uummanni kun isaanii godhe kan dagataa jiranidha. Dabalaatanis, walaloo sirbaa armaan olii kana keessatti saboonni Itoophiyaa keessaa jiraatan uummata Oromoo malee jiraachuu akka hin dandeenye waan hubaachisaa jirudha.

**....**

Abbaan koo duruu jagnaa
Saglii lugna hin muudanii
Afaan kee duroo Dammaa
Maaf sogidda cuubanii?

**....**

**Madda: Leencoo Gammachuu, 2021**

Oromoo akka sabaatti goota baayyee, kumaa fi kitila ta'an kan garbummaaf hin jilbeenfannee fi bilisummaa saba isaaniif jecha diina waliin kokkee wal qabanii ajjeessanii gootummaan darban baayyee of keessaa biqilcheera. Isa kanaafis gootonni Iluu Abbaa Booraa kan diina waliin wal'aansoo walqabaa turaan kan akka Caalii shaanoo, Fattansaa Iluu, Firrisaa Abbaa ooggaa fi.k.kfn ragaadha. Xiinxalli ergaa qabiyyee walaloo sirbaa 'abbaan koo duruu jagnaa' (Sarara 1) fi ergaan walaloo sirbaa'saglii lugna hin muudanii' (sarara 2**)** irratti argamu immoo Oromoon kaleessas goota akka turee fi har'aas goota akka ta'e, akkasumaas sodattuu akka hin muudne fi Oromoon baroota sirnoota darbanii irraa kaasee hanga ammaatti gaabrummaa diinaa jalaa biyya kana baraaraa kan turedha. Akkasumaas gootonni Oromoo dirreewwan lolaa biyya kana keessatti taasifamaa ture kan akka dirree lola Aduwaa fi dirre lola Saambee ijifannoon galuu dubbii qolaan hubachiisaa kan jirudha. Itti aansee *Salgii* lugna hin muudanii jedha. *Salgi*i inni jedhuus kan waraanaati. *Salgiin* Oogganso lolee sagaliiti. Sirna Gadaa keessatti cifiraa isa xiqqaa akka komaandootti ilaalamudha. Akkasumaas, humna qaba; xiqqaatee waan guddaa raawwachuu kan

danda'u jechuudha. Walitti qabama dargaggoota jajjaboo sagaliiti. Kanaaf *Salgiin* goota malee lugna miti jechuudha.

Dabalataaniis, xiinxalli ergaa qabiyyee walaloo sirbaa ‘afaan kee duroo dammaa’ (sarara 3) fi ‘maaf sogidda cuubanii’(sarara 4) jedhu irratti afaan damma ta’e maaliif sogidda godhu jechuudha. Waan miyawu maalif kuraawaa taasisu jechuuti. Oromummaa nuti jaallannu maa waan hin taaneen bakka buusuuf yaaddu yookaan Oromummaa keenya maaliif gara biraatti geederuu barbaaddu jechuudha. Gootonni Oromoo kaleessaa fi har’aa dhiiga isaanii itti lolasaa jiranii fi itti lolasaa turaan maaliif gara daantaa biraatti jijjiruu barbaaddu jechuun warra faallaa Oromoo dhaabbatanii jiraniif sirna biyya bulchaa jiruun haala qabatamaa yeroo sirbi kun keessatti sirbameen afaan kee fi hojiin kee akka kaleessa Oromoon si abdatee gara aangootti si baase miti jechuun waan itti himaa jirudha.

….

Deemnullee waa nun argu yaa korma koo
Biilaa kichuu hin muranii
Waan baaneef erga dhabnee yaa korma koo
Gameessa hin takaalanii
Safeeffattuu kuulashii
Soonee mudhiin Sabbataa
Yoo sirbitu sirbashii
Onneen maaf na dhiittataa?
Warra waaccuttin sirbuu yaa damma koo
Aallee argaan naasisuu
Sirbituun silas dikkoo yaa korma koo
Daabanaan nan ceesisuu
Boorri hin Booraa
Ajjeessan faacha kooraa
Yaa tumaa shangoo meexxii
Beengooleen bilaatuudha
Waan taane sila taanee
Kan sichii malaachuu dha

....

**Madda: Leencoo Gammachuu, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (sarara 1-2) irratti argamu, sirna mootummoota darbaniis ta'e, sirna mootummaa amma biyya bulchaa jiru keessatti qabsoo Oromoof jecha daa'imman Oromoo fi gootonni Oromoo ajjeeffamaa akka turanii fi ajjeeffamaa akka jiran kan ibsu, kun immoo sirrii akka hin taane weelluu isaa kanaan waan qeeqaa jirudha. Akkasumaas, 'waan baaneef erga dhaabnee yaa kuula koo' (sarara 3) jedhu irratti ummanni Oromoo kan yaadee ka'e, kan hawwe hunda, kan bara baay'ee itti qabsaa'e dhabeera yookaan hin arganne jechuudha. Uummanni kun kaleessa qabsoo hadhaa'aa taasisaa kan ture garbummaa keessaa gara bilisummaatti yookaan alagaan dhanamuu keessaa gara kabajamee jiraachuutti dhufuuf falmaachaa ture, kanaaf inni kun immoo faallaa ta'ee, akka isa hawwee ka'e kana dhabe uummanni kun haa amanu, kanaaf tokkomee haa falmaatu jechuudha. Akkasumaas, ergaan qabiyyee walaloo sirbaa (sarara 4-15) irratti argamu immoo haayyoonni, qaarrewwanii fi qeerroowwan Oromoo sirnoota darbaniinis ta'e, mootummaa amma biyya kana bulchaa jiruun hidhaamaa kan turanii fi hidhamaa kan jiran sirrii akka hin taanedha. Dabalaatanis, uummanni kun bilisummaa dhabeera jedhee caalluma jedhee ta'uu osoo hin taane, furmaata isa itti aanuuf of haa qopheessu jechuun ibsaa jira. Akkasumaas, roorroo yookiin gabrummaa warren faallaa Oromoo kana jalaa bahuuf haa falannu, haa mallannu, haa tokkomnu jechuudha. Oromoon "gabbii fi eegeen booda dhufti" jedha yeroo mammaku; Kanaaf uummanni kun isa darbeef of duuba ilaaluu osoo hin taane gara fuulduraaf of qopheessuu akka qabu waan akeekkachiisaa jirudha.

....

Kalaamaayee kalaamaa ija booruu  
Turuu sirraan oluu  
Abbaabessa kee jala horasaa buduqfatuu  
Dargaggessa kee jala dhirri lama hin dubbatuu  
Baddaa keessa kaatanii maqaa gureen geeraruu  
Gabaatamoo hin dhuftare, jaalataan garaa hin hiruu

....

**Madda: Leencoo Gammachuu, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa 'kalaamaayee kalaamaa ija booruu'(Sarara 1) fi 'turuu sirraan oluu'(sarara 2) irratti argamu kun sirba Geelloo keessaa kan dargaggeessi millaan lafa dhiitee

morma shamaraa jala seenee dhiichisu, walumaagalaatti hurrubbii aadaa Iluu Abbaa Booraa waan agarsiisudha. Akkasumaas, xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa ‘abbaabessa kee jala horasaa buduqfatuu’ (Sarara 3) fi ‘dargaggessa kee jala dhirri lama hin dubbatu’ (sarara 4) irratti argamu immoo Oromiyaatti waan dubbachaa jirudha. Oromiyaan qabeenya uumamaan badhaatuu akka taate, qabeenya Oromiyaa kanatti immoo hunduu akka fayyadamaa jiru waan Oromiyaatti dubbachaa jirudha. Dabalaataniis, ati gootota sirrii qabda gootota kee jala eenyullee dubbachuu hin danda’u jechuun waan Oromiyaatti odeessaa jirudha. Akkasumaas ergaan qabiyyee sirbaa (sarara 5-6**)** irratti argamu goota ajjeessee reeffa diinaa lakkoofsisu qabdaa yookaan Oromoon gootadha jechuun warra qaqqalliwwaan Oromoo gad xiqqeessaa jiranitti waan himaa jirudha. Baddaa fi bosona keessatti kan siif ajjeessee maqaa Gurreetiin geeraru har’as qabda jechuudha.

**….**

Abidde korma golee
Kan qaroon didimaatu
Argita atuu kot malee
Korma dhugaaf booratu
Ijaareen Kaaba kabbaa
Doggiin gaadisaam duruu
An deemee nagaa nagaa
Shaggee koorri irraa tolu
Sanbatee narraa fudhuu
An abbaa jiruun ta’ee
Waanbadee barbaadadhu
Eee----tiyyaaa----Eee tiyyyaa

**….**

**Madda: Leencoo Gammachuu, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (sarara 1-4) goota Oromoo dhugaaf dubbatu arguun kee hin hafu kottuu ilaali jechuun warra faallaa saba kanaa dhaabbatanitti himaa jira. Akkasumaas, araara Oromoon jaallatu fi wal dhibdee qabnu gaadisa jala teenyee dubbii keenya xumuranna jechuudha. Oromoon yoo wal dhabe yookaan yoo walitti bu’e Odaa jala ta'ee kan araaramudha. Dabalataanis, ergaan qabiyyee walaloo sirbaa (Sarara 5-7) irratti argamu immoo ani dhimma

yookaan haajaan qaba, ani abbaa maatiiti waanbadee yookaan nama akka kee hojii hin qabne barbaaddadhu jechuun ibsa. Sirba kana keessatti jechi Sanbatee jedhu kan namoonni waliin ta'uun dabareedhaan ji'a keessaa guyyaa tokko kan dhugamu yookaan nyaatamudha. Mana abbaa dabaree sanaa, abbaan dabaree biraa kan inni fudhaatee galu sun immoo Xuwwaa jedhama. Bakka sanaatti jaalala, tokkummaa, haala jiruu fi jireenyaa, haala turtii ji'a sana keessatti darbe kan waliin haasa'anidha malee, bakka lolaa fi jibbaa miti. Bakka jaalalli, tokkummaan, nagaan itti laabsamudha.

….

Yas godhii sirbi kuullee yaa damma koo
Hortee warra Daallamee
As asii dhiisi as kommee yaa damma koo
Argaafan si beellame
Ijummaan si ilaaludha.

….

**Madda: Leencoo Gammachuu, 2021**

Xiinxalli ergaa  sirbaa (Sarara 1-5) irratti argamu kun immoo sirritti sirbi, olii gadii figuu kana dhiisi si arguun barbaada jechuun hortee Iluu Abbaa Booraa keessaa warra hortee Daallamee jaallatee waan waammachaa jirudha. Akkasumaas, iddoo yookaan bakka filachuuf hin rakkatiin, as as hin jedhiin jechuudha.

## 4.2.4.3 Gadda

Mataduree weelluu isaa " saglii" jedhuun Leencoo Gammachuu garaan uummata Oromoo gadda akka qabu yommuu ibsu,

….

Irra keessa qootannaa sangaan keenya battalii
Bar sangaan keenya battalii
Irra keessa kofallaa garaan keenya gargarii
Garaa dhiiraa hin beekanii

….

**Madda: Leencoo Gammachuu, 2021**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa armaan olii irratti argamu kun kalaqa yookaan barreeffama weellisaa kanaa fakkaatee mul'ate. Bakka kanaatti wallee hawwaasaa keessaa nu baasa. Bakki kun bakka inni itti dhimma hawaasni Oromoo itti jiruu fi weellisichi dhimma ofii isaa itti jiru ciigoon ibsatedha. Yookaan immoo seeraan hin qotanne, kan ittiin qotannuus isa idileessuu osoo hin taane isa battalaati jechuudha. Kan nuti koffallus garaa irraa osoo hin taane kolfa ilkaaniti jechuudha. Sababni isaa haala qabatamaa yeroo sirbi kun sirbameen garaan saba kanaa gadda qaba; boo'icha keessa jira jechuudha. Akkasumaas, kolfi keenya kolfa garaa osoo hin taane, kolfa irra keessati yookaan kolfa sobaati jechuun quuqqaa garaa isaa keessa jiru ibsachaa waan jirudha.

**….**

Aariin garaacha gubee
Gaarachi fuula gubee
Waaregamuun kan jiru
Waarega ilma keeti na gubee

**….**

**Madda: Falmaataa Kabbadaa, 2022**

Oromoo seenaa biyya kanaa keessatti bara mootummaa kamuu miidhamaa akka ture galmeewwaan seenaa addaa addaa ni ibsu. Xiinxalli ergaa qabiyyee walaloo armaan olii Oromoon xinnaa hanga guddaatti, biyya keessaa hanga biyya alaatti ajjeeffamuu qarree fi qeerroo jibuun garaan isaa gaddaan rukkatameera, akkasumaas rakkoo siyaasaa biyya kanaan obboleessi, obboleetiin, hiriyyaaf hiriyyaan, abbaa fi ilmi du'aan waldhabuun taatee yeroo duriis, taatee yeroo ammaas ta'aa kan jirudha. Keessattuu du'i qalii Oromoo aartiist Haacaaluu Hundeessaa mana Oromoof gadda kan ta'ee fi mana warren faallaa saba kanaa dhaabbataaniif garuu gammachuu ta'uun wantootni nama hubaachisaan hedduutu jiru. (sarara 1-4).

**….**

Burqaan raanda jalaa
Gaanda keessa yaati
Waraabuu waraabuu

Waraabii waraabii

Gumaan kun gurraachaa

Maa ilaalta jedhanii ilaalu (2x)

**….**

**Madda: Falmaataa Kabbadaa, 2022**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (sarara 1-2) irratti argamu kun alagaan qe'ee Oromoo keessatti bakka argachuu fi mootummaan gaabroomfataa lafa Oromoo irratti alagaa moosisee jiraachaa kan turee fi jiraachaa kan jiru ta'uu isaa kan ibsudha. Akkasumaas xiinxalli ergaa walaloo sirbaa (sarara 3-6) irratti argamu immoo diina qee'ee Oromoo qabattee jirtu irraa kaasuu jechuun dhaloota mootummaa abbaa Irree jalatti kufee jiru waan gaafachaa jirudha. Dabalaatanis, dinni lafa Oromiyaa qabaattee jirtu gadda uummanni kun keessa jiru kan hin hubannee fi miidhama saba kanaa akka qoosaatti yookiin akka gammachuutti fudhaatee ilaalaa kan jiru ta'uu isaa ibsaa waan jirudha.

## 4.2.5. Ergaa Gama Gamtaa Oromoo Mul'isuuf Dhiyaate

Oromoon sirna mootota darbanii kaasee sirna gita bittaa alagaa jalatti erga kufee garaan isaa gaddaa fi rakkina addaa addaa bataa akka ture galmeen seenaa ni ibsu. Weelluun mata dureen isaa ***"Gumaa gurrachaa"*** jedhu kun aartistii qaalii Oromoo kabajamaa fi jaalatamaa Falmaataa Kabbadaan bara 2022 keessa kan bahe yommuu ta'u, weelluun kun rakkina uummanni Oromoo alagaa jalatti argaa jiruu fi Oromoo du'a ijoollee isaaf gaddi akka itti hin dhaggaa'amnne, akkasumaas tokkoomuu akka qabu kan hubachiisudha. Kanaaf weelluun kun waan uummanni Oromoo kaleessa keessa ture kan yaadachiisuu fi uummanni kun gadda keessaa ba'ee gara gammachuutti dhufuu akka qabu uummatichaaf abdii waan odeessaa jirudha.

**….**

Booratee bula burree caalee borri (3x)

Of abdatee bulaa lafee caalee foonii

Kottu gamtaan tollaa jedhaa gonni (2x)

**….**

**Madda: Falmaataa Kabbadaa, 2022**

Xiinxalli ergaa qabiyyee sirbaa (sarara 1-3) irratti argamu, qeerroo yookiin gootonni Oromoo warren faallaa isaanii dhaabataan, caalanii akka jiraataniif, dhugaan soba injifaatee akka bara

baraan jiraatu kan agarsiisudha. Akkasumaas, gootonni Oromoo alagaa warra jiraachuuf isaan jibban caalaanii jiraatu waan jechaa jirudha. Dabalaataanis, Oromoof gamtaan yookiin tokkummaan akka barbaachisu kan akeekuu fi kan hubaachisudha. Baroota darbaan addaa addaatti Oromoon gamtoomee warreen faallaa isaa dhaabbataan injifachaa akka turee fi Oromoof gamtaan akka barbaachisu kan hubaachisudha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA

Boqonnaan kun kutaa yaadni cuunfaa, argannoo fi yaanni furmaataa itti dhiyaatedha. Cuunfaan qorannoo kanaa gabaabinaan bakka itti cuunfamanii kaa'amanidha. Argannoo kan jennu ammoo, hojii qorannoo kana keessatti qorataan ragaawwan funaanuun erga qaaccessee booda argannoon qorannicha irraa argame kaa'amuun yaanni furmaataa qorannichaa ibsameera. Haaluma kanaan, boqonnaa kana jalatti cuunfaa, argannoo fi yaanni furmaataa wal duraa duubaan dhihaataniiru.

## 5.1 Cuunfaa

Sirbi weellistoonni ergaa hedduu dhaggeeffatoota bira akka qaqqabsiisaan isaan dandeessisa. Weellistoonni Oromoo gochaalee ummata Oromoo irratti sirna mootummaa ammaa fi mootummoota yeroo darban Itoophiyaa bulchanin dursamuun raawwatamaa ture karaa wallee isaaniin akka galmeessanii hawaasaaf dhiheessaniif isaan dandeessiseera. Akka qorannoon kun agarsiisutti sirbi gahee sadarkaa adda addaatti dhaggeeffatoota amansiisuu fi onnachiisuun haala keessa jiran gara jijjiiruutti hojjetaniif gargaara. Dabalataanis, ummanni Oromoo sirna mootummaa cunqursaa irratti jijjiirama fiduuf falmii taasise keessatti sirbi Oromoo meeshaa qabsoo ummata Oromoo ta'uu qorannoon kun agarsiiseera. Weellistoonni Oromoo haala rakkisaa keessatti hojii kana fakkaatu hojjechuun isaanii weellistoota qofa osoo hin taane qabsaa'oota fi falmattoota mirga Oromooti.

Sirba isaaniin weellistoonni Oromoo miidhaa geggeessitoota sirnnichaan gama siyaasan ummata Oromoo irra gahaa ture kaasuun hubachiisaniiru. Ummanni Oromoo bara dheeraaf, warren faallaa isaa dhaabbatan haraarama tokko malee falmii gochaa jiraachuun isaa weellistoonni kun wallee isaaniin mul'isaniiru. Humni garboomfataa tooftaa adda addaa uumuudhaan saamicha qabeenya isaa irratti raawwachuun jireenya gad aanaa keessatti, akka jiraatuu taasiseera. Akkasumas, hacuuccaa fi cunqursaa jalatti akka jiraatu waan taasifameef, mirga abbaa biyyummaa isaa kabachifachuuf diina isaa lolee cabsuun biyya dhuunfachuun furmaata akka ta'ee kaasaniiru. Dabalaatanis, hacuuccaa fi cunqursaa ummata Oromoo irra jiru yeroo kana keessa hanga ummatichi baachuu danda'uu ol waan ta'eef, lolee warren faallaa isaa dhaabbatan of irra cabsu akka qabu kaasaniiru.

Seenaa Oromoo keessatti jaaraa 16ffaa booda yeroo ummanni Oromoo biyya keessa fi alaa osoo siyaasaan, amantaaf gosaan wal hin qoodin mirga abbaa biyyummaa ofii falmaachuuf walfaana hiriiree hin beeku. Weellistoonni Oromoo rakkoo siyaasaa ummanni Oromoo keessa jiru wallee isaaniin hubachiisaa, ilmaan Oromoo tokkummaan ka'ee akka falmaatu faarsuun isaaniis, gochaan akka mul'atu gahee taphataniiru. Weellistoonni kun hacuuccaaf cunqursaa sirna mootummaa ammaa fi mootummoota dur Itoophiyaa bulchaa turaniin dursamu keessatti irra gahaa ture ofirraa kufisuuf, ummanni Oromoo akka gurma'insa sirna bulchiinsa Gadaa duraatiin falmaachuu akka qabu kaasaniiru. Weellistoonni Oromoo sirba isaaniin ummata Oromoo saba guddaa fi sirna bulchiinsa mataa isaa Gadaa dimookiraatawaa ta'een wal bulchaa ture tooftaa adda addaa (lagaan, gosaan, amantaan, kutaan) uumuun tokkummaa isaa diiguun adda baasanii sirna bittaa bulchiinsa isaanii jalatti akka kufu taasisuu sirnoota darbanii mirkaneessaniiru.

Ergaan ijoo sirboota kana keessatti argaman keessa (ummanni Oromoo sirnoota darban keessattis ta'e har'a: lafa isaa irraa buqqa'aa, qabeenya isaan saamamaa, tokkummaa isaa diigaa, aadaa fi seenaasaa mancaasaa jiraachuu isaa hubachiisuun bilisuummaa ykn hiree ofii ofiin murteeffachuuf furmaanni tokkummaan qabsaa'uu yookiin falmuu) kan jedhu hubachiisuuf, ammaas uummanni kun gowwomuu akka hin qabne ummataa akka kakaasan gochuun ergaa bu'uuraa sirboonni calaqqisiisuuf faayidaa guddaa qabaachuu isaanii beekameera.

Xiinxalli ergaa sirboota Oromoo haala wal qabaatinsa siyaasa Oromoo ibsu irratti xiyyeeffatanii bara 2021-2022 ALAtti bahan irratti hunda'ee qorannoon geggeeffameera. Qorannoon kunis kan geggeeffame sirboota weellistoota Oromoo Caalaa Daggaafaa, Galaanaa Gaaromsaa, Yoosan Getaahuun, Falmaataa Kabbadaa, Taammiraat Tolaasaa fi Leencoo Gammachuu irratti xiyyeeffatee kan adeemsifamedha. Kaayyoon qorannoo kanaa sirboota Oromoo baroota 2021-2022tti bahan haala siyaasa Oromoon ibsu irratti xiyyeeffatan ergaa ijoo qabiyyee isaanii xiinxaluudha. Sirboonni kun kan filataman dhimma irratti xiyyeeffatan irratti kan hunda'anii fi karaa yaadxina seenawaa fi hawaasummaa ta'een kan xiinxalamanidha. Weellistoonni Oromoo karaa walaloo sirboota isaanii miira kakaasanii, miidhaafi, dhiibbaa, hacuuccaa fi cunqursaa, akkasumaas, saamicha ummata Oromoo irra gahaa turee fi gahaa jiru ibsu keessatti gahee guddaa taphataniiru.

Sirboota Oromoo haala walqabaatinsa siyaasa Oromoo ibsan irratti qorannoo gaggeeffameen, weellistoonni Oromoo dhimma xiyyeeffannaa isaanii mul'isuuf, karaa mala dubbii, fakkoommii, irra deddeebii, ifaafi dhokataa ta'etti fayyadamaniiru. Akka qorannoon kun addeessuutti, weellistoonni Oromoo sirboota isaanii keessatti sirna mootummaa amma jiruu fi mootummoota dur Itoophiyaa bulchaa turan kanaan dursamu  miidhaa fi dhiibbaa gama siyaasaan ummata Oromoo irratti gaggeeffamaa ture kaasanii mul'isaniiru. Dabalataaniis, qorannoon kun akka mul'isutti, siyaasni Oromoo bara 2021-2022tti ummata Oromoo irratti sirnnichaan taateewwan adda addaa gaggeeffamaa turan, weellistoonni Oromoo karaa sirboota isaanii isa kiloolee fi qalbii addunyaa booji'u sanan uummata isaaniif dhiheessaniiru. Haaluma wal-fakkaatuun, qorannoon kun akka agarsiisutti, weellistoonni Oromoo miidhaafi dhiibbaa ummata Oromoo irratti sirna mootummaa kanaan gama siyaasan gahaa ture dhiittaa mirga namummaa (butanii dhabamsiisuu, hidhaa, darraraa, qaama hir'isuu, ajjeechaa), godaansa, tokkummaa isaa diiguu, amantaan, kutaan, lagan adda qooduu, haqa dhabsiisuu, saamichaaf qabiyyee lafa irraa qonnaan bulaa buqqisuu fi qaama eenyummaan isaa hin beekamne hidhaachisanii qe'eef qabeenyaa isaa irraa godaansiisaa akka turaanii fi godaansiisaa akka jiran aartiistoonni Oromoo walaloo sirboota isaaniin qeequun uummata aaddunyaaf uummata Oromoo hubachiisaniiru.

## 5.2 Argannoo

Bu'aan qorannoo kanaa akka mul'isutti, dhiibbaa gama siyaasaa ummata Oromoo irratti geggeeffamaa ture weellistoonni kun wallee isaanii kanaan bifa kanaa gadiin ibsaniiru.

- Sirna mootummaa ammaa fi mootummoota dur biyya Itoophiyaa bulchaa turaaniin dursamu kana keessatti akkuma sirnoota Habashaa darbanii ummata Oromoo lagaan, kutaan, amantaan fi ilaalcha siyaasaan addaan qooduun ykn tokkummaa isaa diiguun miidhaa fi dhiibbaa jala akka jiraatu taasifamu isaa weellistoonni walaloo sirboota isaaniin qeequun hubaatameera.
- Geggeessitoonni sirnnichaa daantaaf faayidaa dhuunfaa ofii tiksachuuf ummata Oromoo tokkummaa isaa karaa adda addaan diiguun miidhaa fi dhiibbaa irratti raawwachaa turuu isaanii hubachiisaniiru.

- Lammiileen Oromoo dhiibbaaf miidhaa gama siyaasa sirnnichaan irra gahaa ture irraa kan ka'e, gara biyya hambaatti godaananii rakkoo fi gidiraa addaa addaaf saaxilamanii

jiraachuuf dirqamuu isaanii, hayyoonni qaqqaalii Oromoo mana hidhaa sirnnichaa fi mana dhuunfaa isaaniitti hidhamuun darraramaa akka turan qorannoon kun adda baasera.

- Qarree fi qeerroo, kutaa hawaasa adda addaa Oromoo gochaalee sirnichi ummata Oromoo irratti geggeessuu mormuun, namoota hiriira nagaa bahan irratti ykn gaaffii mirgaa gaafatan irratti kallattiin rasaasa dhukasanii ajjeessuu, reebuu, hidhuu, darraruu, seera shoororkeessaatiin himachuu, barnoota irraa ari'uu, qaamaf qalbiin shoororkeessuu, juumulaan bakka tokkotti ajjeessuu irratti raawwachuun haqa dhabuu isaanii weellistoonni kun wallee isaaniin agarsiisaniiru.
- Dacheen Oromoo gootota hedduu akka qabduu fi Oromiyaan qabeenya uummama hedduu akka qabdu, qabeenya kanaattis dhaloonni ishee fayyadamaa akka hin turre, Oromoon Gadaan buluu akka beeku, Oromoon sodattuuf muudama akka hin keenine weellisttoonni kun adda baasanii hubachiisaniru.

## 5.3 Yaada Furmaataa

Aartistoonni Oromoo rakkoo siyaasa ummata Oromoo irraa karaa sirna mootummaa dhufaa darbaa keessatti uummata isaanii irra gama hundaan dhiibbaan ga'aa turuu isaa ogummaa qabanitti gargaraamuun addeessaniiru. Sabni guddaan jaalalaaf nagaa jaalatu kun abbootii Irree biyyaattii bulchaaniin darraramaa turuu fi ammas gidiraa argaa jiraachuu hojii ogummaa isaaniitiin walaloo sirbaa qindeessan keessatti hammachiisuun uummata isaaniif sagalee ta'aa turaniiru. Ammas hawaasa kanaaf sagalee ta'aa jiru. Qorannoo tokkoof yaada qorannoo gara fuulduraa ykn kallattii gara fuulduraa kennuun barbaachiisaa waan ta'eef, qorataan kunis yaadota armaan gadii dhiyeessuu jaalata:

- Weellistoonni Oromoo hedduun haala jiruufi jireenya ummanni Oromoo keessa jiru wallee isaaniin sirnoota adda addaa keessatti kaasanii wellisaaniiru. Haata'u malee, qorannoo murasa irra kan hafe, qorannoon geggeeffame hin jiru. Waan kana ta'eef, sirboota kana irratti qorannoo geggeessuun ergaa isaan hawaasaaf dabarsan xiinxaluun dhalootni akka barumsa irraa argatan gochuun barbaachisaadha.

- Qorannoon kun kan gaggeeffame sirboota weellistoota jahaa haala walqabaatinsa siyaasa Oromoon jedhu irratti yommuu ta'u, rakkoo siyaasaa ummata Oromoo irratti xiyyeeffatani bara 2021 hanga 2022 ALAtti bahan irratti waan ta'eef, qorannoon wal

fakkaatuu sirboota weellistoota Oromoo biraa irratti gara fuulduraa osoo geggeeffamee gaariidha.

- Sirbi meeshaa guddaa waan hawaasaa baasee mul'isu waan ta'eef kutaa barnootaa sadarkaa hunda keessatti hammatamee osoo ittin barsiifamee gaariidha.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo (concept of Applied Research).* Finfinnee: Oromiyaa.

Asafaa Tafaraa. (2006). *Daaniyaa*: Finfinnee: Oromiyaa.

Asafaa Tafarraa. (2009). *Seenaa oguma Oromoo*: Finfinnee: Oromiyaa.

Asafaa Tafarraa. (2004). *Theorizing the Present*: *to wards a Sociology of Oromo Literature: Jarso Waqo's poetry.* Addis Ababa: Branna Printing Press.

Baqqalaa Lataa. (2011). *Seenaa qabsaa'ota Oromoo fi Wareegama*: Oromiyaa: Finfinnee.

Collin, J. and Slater, S. (2001). *Literature in the language classroom*. UK. Cup.

Dammituu Argoo. (2008). *Oromo Art as a Political Resistence:* Journal of Oromo Studies. Volume 15 number 2. *https://advocacy4oromia.org/action/oromo-art-as-a-political.*

Davis Sheila.(1998). *The Craft of Lyric Writing. United States of America:* Writer's Digest Books.

Fedhasaa Taaddasaa. (2017). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*: Maxxansa 2ffaa. Finfinnee: Oromiyaa.

Fekade Azeze. (1991). *Introduction to Oral Litereture*: Artistic Printing Enterprise.

Filee Jaallataa. (2019). *Malleen Qorannoo*: Mana Maxxansaa ADP. Finfinnee: Oromiyaa.

Finnegan, R. (2012). *Oral Literature in Africa:* 2nd ed. Oxford: Oxford University Press.

Fiixee Birrii, (2013). *Seenaa fi Aadaa Oromoo:* Mana Maxxansaa. EECMY. Finfinnee: Oromiyaa.

Gammachuu Baqqalaa. (2003). *A study of Major Themes in Game Selected Songs of Ilfinash Keno:* Unpublished MA Thesis. Addis Abeba University.

Habtaamuu Baluudee. (2019). *Xiinxala Sirboota Diddaa, Xiyyeeffannoon Fayyadama Afaanii Sirboota Ittiiqaa Tafarii Saaqi Saanqaafi Itti muddi Keessatti:* Qorannoo digirii 2ffaa Kan hin maxxanfamin. Yuunivarsiitii Haramaayaa.

Irranaa Gammachuu, (2019). *Handhuura Oromoo Seenaa Dagaagina Magaalaa Finfinnee:* Finfinnee: Oromiyaa.

Jireenyaa Ayyalaa, (2008). *Yaad-Hiddama Aartii fi Qajeeltoowwan Ogummaa Dizaayinii Waliigalaa (jildii 1ffaa)*: Biiroo Barnoota Oromiyaa.

Jonathan, C. (1997). *Literary Theory* : A Very Short Introduction.Oxford: Oxford University press.

Lammeessaa Tarreessaa. (2022*). Mil'uu Oromummaa*: Sirboota Warraaqsaa Keekiyyaa Badhaadhaa Filataman Keessatti. Qorannoo digirii 2ffaa Kan hin maxxanfamin. Yuunivarsiitii Haramaayaa.

Li, Tao and Li, Lei. (2010). *Music Data Mining: An Introduction*. Retrieved on January, 2018, http://citeseerx.ist.psu.edu/viewdoc/download?doi=10.1.1.297.5458&rep=rep1&type=pdf

Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii: Bu'uura Afoola Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo :* Finfinnee: Oromiyaa

Mooney, Knox and Schacht. (2007). *Understanding Social problems*: Retrived November 2018 from https: www.eolss.net/sample-chapters/Co4/E6-99A-26.pdf

Muhammad Sayid. (2006). *Seenaafi Qabsoo Oromootaa*: Finfinnee: Itoophiyaa.

Neguss Yilma, (2018). *Thematic Analysis of Selected Amharic Song Lyrics:* A Sociological Approach. Addis Ababa University: Unpublished PhD Dissertation.

Palmer, Jesse. (1998). *Using Songs as Original Sources in History and Government Classes [Electronic Version]:* The Clearing Hoouse, Vol. 71, No. 4 , pp. 221-223.

Pattison, Pat. (2012). *Similarities and Differences between Song Lyrics and Poetry:* In Charlotte

Seale, C. (2004). *Social Research Methoods*: A Reader. London: Routledge.

Sofiyaa Huseen. (2019). *Xiinxala Qabiyyee Walaloo Sirboota Miidhaa fi Diddaa Oromoo Ibsan*: Qorannoo digirii 2ffaa Kan hin maxxanfamin. Yuunivarsiitii Jimmaa.

Tesfaye Tolesa Bessa. (2013). *A History of Oromo Cultural Troupes (1962-1991):* Star Journal: Science, Technology and Arts Research Journal, Jan-Mar 2013, 2(1): 86-94. https://

Waldayohaannis Warqinah fi Gammachuu Malkaa. (2008). *Seenicha suukanneessaa barri dhokse:* Finfinnee: Itoophiyaa.

Zoltan, D. (2007). *Research Method in Applied Linguistics :* Oxford: Oxford University press.

# Dabalee

## 1 Wal Agarraa Bara 2021 (Galaanaa Gaaromsaa )

Nan geerara aarii koo
Kan na keessaa boba'uu
Yoo gaalee ta'ee malee
Supheen gaachana hin ta'uu
Leenca ta'ee dhaladheen
Kondhoolleemmoo ta'aaree

Namni bakaakkaa beeku
Dibbee dhaannaan na'aaree?
Ijoolee biyya kootii
Gugurraa mataan furaa
Eenyutu eenyuun haalee
Maali irbuun gaafa duraa
Otoo birbirsi jiruu
Maaltuu faarsa miciree?
Guddaan gaanfa Afrikaa Oromoo koo mitiree?
Oromiyaa mitiree? sirna Gadaa mitiree?
Oromummaa mitiree?

Gadaa fi dhugaadha kallachi keenyaa
Jiifuu fi safuudha kabajni keenyaa
Gadaa malee hin farsinu gadoo
Lubaan bullaa hin qabnu madoo
Nan gala hin jedhu namni osoo hin geenyee
Fala hin argatu namni faloo hin beeknee

Na nyaartullee hin na'u gonkaa
Dhugaa irraa maaltuu na dhorkaa?
Eessatti kufee namni dhugaaf guulee
Galgala hin tolu namni sobaaf duule!
Eega eegan kudhaan obsee
Kudhaan dhokseen kudhaan numan gorse

Hima diinan kufuun itti cabse
Obsi daangaa darbu qabaa
Harki bokkuu qabu bodees inuma qabaa
Natuu si baata situu of dadhabaa!

Obsuu fi dhoksuu koo dabumaa seetee
Ni beekti garaankoos akka na gootee
Sibilaallee sibiilatu qaraa
Dhugaan namaa galgala galaa
Hadhaaba cabsaa inni karaa beekuu
Haqaatti hin gatu inni hanqii beekuu

Sangaan usnaan iyyite qacceen
Beekaa riphnaan dhaadatti dawween
Eenyutu na'aaf bubbutturee nyaara
Keessi hin mul'atu beeki garaan dhiiraa!
Maaf na nyaara na hin nyaaru kanarraa
Maalan aarasii hin aaru kanarra
Maalan boo'aa hin boo'u kanarraa
Yoo jiraanne Birraa wal agarraa
Yoo jabanne Birraa walagarraa
Yoo jiraanneef bullee walagarraa
Yoo wal taanee moonee wal agarra!

Walagarraa walagarraa
Walagarree jirraa waliis arguuf jirraa 2x
Yaa ijoolle yaa ijoolle
Kan jenne hin oolle!
Yaa ijoolle yaa ijoolle ammaas na folee

Gadaa malee hin faarsinu gadoo
Lubaan bullaa hin qabnu madoo
Nangala hin jedhuu namni osoo hin geenyee
Fala hin argatu namni faloo hin beeknee!
Na nyaartulle hin na’u gonkaa

Dhugaa irraa maaltuu na dhorkaa

Eessatti kufe namni dhugaaf dulee
Galgala hin toluu namni sobaaf dulee
Dhugaan qaxxisa tirattii
Akka arge hin deemtu karaadha filattii
Gaafa ol batuu tulluudhaan mul' attii

Gowwaan hosseen karra cufaa
Namni kufuu hawwe teessumatti kufaa
Gara kuteessatti dukkanni ni ifa!

Obsuu fi dhoksuu koo dabumaa seetee
Ni beekti garaan koo akka na goote
Sibilaallee sibiilatu qara
Dhugaan namaa galgala galaa
Hadhaaba cabsaa inni karaa beekuu
Haqaatti hin gatu inni hanqii beeku

Sangaan usnaan iyyite qacceen
Beekaa riphnaan dhaadatti dawween
Eenyutu na'aaf bubbutturee nyaaraa
Keessi hin mul'atu beeki garaan dhiiraa!

Gaafa dhiiraa lubbuun haa dabartuu
Eessa abbashii silas du' a hin haftuu
Gaafa keetii lubbuun haa dabartuu
Erga Haacaaluu lubbuun na hin marartuu!
Egaa dhiiraa lubbuun nan marartuu
Gaafa keetii lubbuun nan marartuu
Gaafa gootaa lubbuun nan marartuu
Gaaf dhugaa kee lubbuun nan maraartuu

**2. Bulloo 2021 (Yoosan Getaahun)**

Dho'aa dho'ee dho'e

Dhowwisa dha'e dhoo'e (2x)

Dhawwisa Jawwee saafaa

Naachi rifatee qabatee

Naachatu riphee qabatee

Ohoo ohoo ehee ehee

Didee waayyoo waayyuu dide ( 2x)

Fardi qofaa hin kaatuu

Maaf qofaa kaatee?(2x)

Dide Garbuu nyaachuu

Luugama nyaatee(2x)

Bulloon garmaamuuf tolaa

Maa mana hidhaa oolaa? 2x

Roobe bubbise buuse bakkaakkaa

Qaxxisa lolee seenee walakkaa( 2x)

Bulloo Bulloo (4x)

Bulloo kiyya Bulloo

Bulloo Farda Bulloo (2x)

Hayyicha sanyii gootaa

Yoo tuqan lolee isa qolachuu beekuu

Maa tuttuqanii tola nurraa eegu (2x)

Naanaa naanaa

Lammacha koo naanaa (2x)

Yaa lammacha koo

Yaa lammacha koo

Lammachi Fardaa yaa lammacha koo

Yoo kaate tolaa yaa lammacha koo

Lammachi sangaa yaa lammacha koo

Yoo qote tolaa yaa lammacha koo

Lammachi Harree yaa lammacha koo

Yoo baate tolaa yaa lammacha koo

Lammachi namaa yaa lammacha koo

Yoo lole tolaa yaa lammacha koo

Reebicha dibbee

Sirba karaa kaabaa

Faana ragaduu kuni badaa nu qabaa

Faana ragaduu kana nurraa dhaabaa

Shishiqirrisee marxifatee kaabaa

Maaliif na firooma wanbadeen kaabaa

Goota dhabanii callifachuun hooda

Dhiiga marartuu sana nuu barbaadaa (2x)

Geeraru malee an akkamiin cooku

Haa ba'u gumaan ilma dhugaa beekuu(4x)

Bulloon garmaamuuf tola

Ma mana hidhaa oolaa 3x

Obsaan sadii obsa

Obsi tokkichaa

Agartu yaadattaa isa gaafichaa

Birraa abdatanii

Ganna hin qoosanii

Murtee bara kanaa kana hin beekanii

Dhugaatu nu qaba

Yaa dhugaa dhabaa

Hacuucamni rabbii

Obsi waa qabaa

Sagaltama garbaa ce'e milli kee

Yoo humna dhabdellee jira waaqni kee

Walee kiyya walee

Yaa walaawwaltuu

Asan jira jettee natti hin birmatuu (2x)

Bulloo Bulloo Bulloo

Bulloo kiyya Bulloo

Bulloo Farda Bulloo (2x)

**3. Gaafa Roorroo Bara 2022 (Taammiraat Tolaasaa)**

Ohoo ohoo ohoo ohoooo
Maaf teenya hin qajeeluuree
Allattii koo bariiftuu (2x)
Dhaamsa koo hin dhageenyereemee
Hidhannee hin aleeluuree

Yaa simbirroo maa hin dhuftuu
Simbirroo koo na hin dhuftuu
Yeroon jenne hin geenyeree

Ilaallee dadhaabne kaa
Addeessa urjii samii (2x)
Ijaarrees hanqannee kaa haa
Ol seenuun guyyaa kamii ?(2x)
Biyyaa fi lubbuun dhiiraa haa
Sabaaf dhalachuun dhiiraa haa
Nu geessee dubbiin shiiraa haa
Teenyee hin bonyuu yaa firaa haa

Hidhuu hin seenna yaa tiruu
Tollaan karaan hin jiruu
Dhiigaan laga of ceesisuu
Roorroon nama hin teesisuu
Roorroon nama hin teesisuu jaranaa

Waan facaasaan hammatuu yoo tole
Galaa bulte nyaatanii
Hamma yoomii dhamootu yaa lole
Godaanisa baatanii ?
Gaafa guute yaabbatu yaa lole
Bulloo ganna sooranii
Falmaachaa wal waamatu yaa lole
Silaa du'a hin olaanii (2x)

Shaaggarii garmamti daraartunii

Otoo biyyi abbaa qabuu
Koo rasaasa nyaatti dhalatuunii
Hoo gonni gumaa dhabuu
Olulee ijaarree maqaatti hafnaa
Laammii gantuus yaa yartuu
Yoo lubbuun jiraanne wal gaafannaa
Guyyaan kun darbuu hin haftuu (2x)
Kilashiin gumaa badde baasisaa
Gaafa xiiqii gaafa roorroo
Duruu beeknaa maaltuu nuu naasisaa
Gaafa xiiqii naa jedhii gaafa roorroo
As deebite dubbiin akka kaleessaa
Barri xiiqii waamadhu barri roorroo
Yaa qeerroo walitti sagaleessaa
Gaafa xiiqii gaafa roorroo
Akka hin bullet dubbiin amma kaleessaa
Barri xiiqii waamadhu barri roorroo
Yaa qeerroo walitti sagaleessaa
Gaafa xiiqii gaafa roorroo
Yaa ijoollee Oromoo wal jajjabeessaa
Gaafa xiiqii gaafa roorroo
Wal waamataan wal baasu ibidda keessaa
Gaafa xiiqii waamadhu gaafa roorroo 4x
Waamadhu waamadhu waamadhu 4x
Waan facaasaan hammatuu yoo tole
Galaa bulte nyaatanii
Hamma yoomii dhamootu yaa tole
Godaanisa baatanii ?
Gaafa guute yaabbatu yaa lole
Bulloo ganna sooranii
Falmaachaa wal waamatu yaa lolee

Silaa du'a hin olaanii (2x)

Imimaaniif sunsuma taane kaa

Baraan ibiddaan loluu

Ilmi harkaan guddisnees nu dhaane kaa

Walaallee kan nu toluu

Silaa yoona booksna yoo tole

Jaabatuu gumaa dhabee

Beenu seenne gobsna yaa lolee

Haa yaasu karaa cabee 2x

Qomoo koo akka gootu siifaan dhamaa

Waliif dhamuun yoona yoona

Akkeekadhu laammii koo siifaan dhamaa

Waliif dhamuun yoona yoona naa jedhii

Yoo yartuun qe'eetti sii doorsisuun

Dhiira waamuun yoona yoona

Ajjeesse isa reeffa lakkoofsisuu

Goota waamuun yoona yoonaa 4x

Qaajelee gaaffii inni sitti asassuu

Dhiira waamuun yoona yoonaa

Alelee isa dhiiga faffacasuu

Harka hin lannuu boonyi turee bubbuluus dhugaat falmaataa

Gaaf tokko dhaadannaa walitti hunkurree

Gumaa hin nyaannu goonni du'ee baduus

Gootumati dhalataa

Gumaa hin nyaannu ajjeefnee baafannaa lubbuu gurgurree 2x

Sanyii dhiiraa dhirumaat guddaata jabaa jalaattii

Ilmii hin jiraatu gurra abbaa nyaatee

Sodaa diinaa maaltuu jiraata alagaa jalatti

Gotatti dhalchee nutti himanaa latee (2x)

Maal abbashee ormaatti hin dheesaanii

Yoo qawwee dhabaniis

Lafee fi ribuunii falmaachuun sholee
Maal abbashee lafa hin sileesanii
Yoo wareegamaaniis
Hafe lubbuu maraarfachuun olee (2x)

Kuma nyaattee warri gumaa
Har'aas halbee qaraattii
Ilaali korma keenya qalachuuf marree
Erga hammattee falli dhumaa hin jiruu
Hidhaachuun alattii
Sichii lubbuu maraarfachuun marree (2)

Haaya dhiiroo sichii lubbuu maraarfachuun marree
Rasaasaan gombisuu sichii lubbuu maraarfachuun marree
Seenanii gombisuu sichii lubbuu maraarfachuun marree
Haaya dhiiroo sichii lubbuu maraarfachuun marree
Ehee ehee ehee ehee

**4. Nuti Maal Taanaa? Bara 2021 (Caalaa Daggaaffaa)**

Biyya abbaasaatittuu
Hoda kormi mar'achuunii
Alagaan nun bittuu
Dirqama tatii hidhaachuunii

Biyya abbaasaatittuu
Maalii kormi mar'achuunii
Hileensi hin mixattii
Dirqama keenyaa hidhaachuunii

Ati yaa abbaa lafaa
Maaf gurgurtaa
Qabiyyeen siif maalti hafaa (2x)

Dhabooleen Oromoo
Karaa nagaa falmaanii
Hidhaatti guraamanii
Nuti maal taanaa?

Akka taanu hin dhaabnuu
Nuti maal Taanaa?
Qawweedhaan falmannaa (2x)

Waan fala kan abbaa malaa
Kettoon barcuma Iyyaasuu butee
Gobanaan bakka awwaalchaa dhabee
Kallachi haqaa nuf kala
bitamaan akkuma saree yoo dutee
Booddee salphina kan sabni adabe

Maal abdattee irbuu gootaa gantee?
Eessa abbaa kee eessa abbaa kee 2x
Yaa warra cubbuun nutti maltee
Maal abdattee irbuu gootaa gantee ?
Eessa abbaa kee eessa abbaa kee
Yaa warra horiin saba gantee .

Dhaamsi gootaa dhufee ohoo ohee
Bosonaa fi gaara ohoo ohee
Sirnni Dargii hin kufee ohoo ohee
Akkamiin si nyaara ohoo ohee
Muka damee muruun ohoo ohee
Jirma gabbisuufii ohoo ohee
Jeedala madaaksuun ohoo ohee
Biyyee nyaachisuufii ohoo ohee

Deebite kaa sirnni mootii gonfoo
Wal jabeessaa,weerartuun hin diigamu 2x
Qe'een warra ulfoo
Oromiyaa godhaan dachee dhiigaa
Hidhadhu garaa
Kanee maltuu jalqabee dhiisaa
Hidhadhu qawwee
Of dhabanii lafti namaan fiigaa

Hidhadhu garaa
Yoona luugnatuu galee cisaa
Hidhadhu qawwee
Dinqa keetti si hidduuf deemaa
Bofti hafaa jala riphee ciisuu
Hidhadhu garaa
Hidhadhu qawwee
Dhiigan tiksi dabaree seenaa
Inni abbaaf dhufe ilmoo hin dhiisuu
Hidhadhu qawwee

Biyya abbaasaatittuu
Hoda kormi mar'achuunii
Alagaan nun bittuu
Dirqama tatii hidhaachuunii

Biyya abbaasaatittuu
Maalii kormi mar'achuunii
Hileensi hin mixattii
Dirqama keenyaa hidhaachuunii
Ati yaa abbaa lafaa
Maaf gurgurtaa
Qabiyyeen siif maalti hafaa (2x)

Warri kaayyoo dabsee
Daboo dabaa dhaqee
Raqaaf karaa maqee
Maal taanuu?
Akka taanu beeknaa
Nuti maal taanuu?
Biyya keenya eegnaa 3x

Nuti bara meeqa ganamnee
Susiyinoos ilmoo guddifachaa
Keessaan nu gane maqaa nu himachaa

Yaa warra abbaa hin himanne
Jarraa oliif nu dhaabdan dhaddachaa
Haloon hin haftuu  ni baafanna dachaa

Maal abdattee irbuu gootaa gantee ?
Eessa abbaa kee eessa abbaa kee 2x
Yaa warra horiin saba gantee .ohoo ohee

Qarri qara hin muruu ohoo ohee
Tafkiin laga hin ceetuu ohoo ohee
Fakkeessuun nun furuu ohoo ohee
Abshala of seetuu ohoo ohee
Wajjiin teenyee teenyee ohoo ohee
Kanee fudhuun dhibee ohoo ohee
Warri safuu hin beeknee ohoo ohee
Bulchinee nu dhibee ohoo ohee

Deebite kaa sirnni mootii gonfoo
Wal jabeessaa, weerartuun hin diigamu 2x
Qe'een warra ulfoo

Maraamartoo tapha siyaasa baraa
Hidhaadhu garaa hidhaadhu qawwee
Saba nagaat gidduutti gagi'amee
Hidhadhu garaa hidhadhu qawwee
Hayyoonni keenyas asumaa walmaraa
Hidhadhu garaa hidhadhu qawwee
Dhufa Hacee Oromummaan yaakkamee
Hidhadhu garaa hidhadhu qawwee
Beeljigiin shakashakii yasii
Hidhadhu garaa hidhadhu qawwee
Qe'ee kee irratti abbaa tataa
Hidhadhu garaa hidhadhu qawwee
Gumaa hin nyaatinii gumaa baasii
Hidhadhu garaa hidhadhu qawwee

Warri kalee har'aas mataa bataa
Hidhadhu garaa hidhadhu qawwee
Hidhadhu garaa hidhadhu qawwee

4 **Saglii Bara 2021 (Leencoo Gammaachuu)**

Iseet hiriyyaa ,see tiyya,see tiyya
Eetiyya yaa ee tiyaa yee
Eetiyya ee tiyyaa
Cooraa Noonnoo Buunnoon beeyyee
Iluu Abbaa Boor yoo beente beeyyee
Ee ee ee yoo beente beeyyee
Dooranii irraan Bureen baayee
Suphee Mattuu Huruumuun baayee
Ee ee ee Daarimuun baayee

Hiddinaan hiddi malee yaa korma koo
Maal maqaan axanxarii
Sirbinaan sirbi malee yaa damma koo
Maal maqaan na gabbarii
Gurraalee sayyaan Booraa yaa korma koo
Gootichoo barii dulee
Ani inniin joruuf sumaa Ayyaantiittii
Ayyaantittii milkiin tolee

Iluu Abbaa Boor oyyee
Iluu Abbaa Boor oyyee
Iluu abbaa Boor Fardi Booraa
Ajjeessan faachuma koora
Koora malee hin yaabanii
Yaa kiloolee sirbii malee

Irra keessa qotannaa sangaan keenya battalii
Bar sangaan keenya battalii
Irra keessa kofallaa garaan keenya gargarii
Garaa dhiiraa hin beekanii

Kannisni farsoo hin soortu
Yaa korma koo yee
Damma bifaatti sontii
Manxufee daamarra hin teessuu
Korma koo yee
Ee dhaquuf damma kortii?
Boorri inni Booraa ajjeessaan faachuma koraa
Abbaan koo duruu jagnaa
Saglii lugna hin muudanii
Afaan kee duroo dammaa
Maaf sogidda cuubanii
Yas godhii sirbi kuullee yaa damma koo
Hortee warra daallamee
As asii dhiisi as kommee yaa damma koo
Argaafan si beellame
Deemnullee waa nun argu yaa korma koo
Biilaa kichuu hin muranii
Waan baaneef erga dhabnee yaa korma koo
Gameessa hin takaalanii
Safeeffattuu kuulashii
Soonee mudhiin sabbataa
Yoo sirbitu sirbashii
Onneen maaf na dhiittataa?
Warra waaccuttin sirbuu yaa korma kooyye
Alli argaan naasisuu
Sirbituun silas dikkoo yaa korma koo
Daabanaan nan ceesisuu
Boorri hin Booraa
Ajjeessan faacha kooraa
Yaa tumaa shangoo meexxii
Tumaan kan shangoo meexxii

Beengooleen bilaatuudha

Waan baanef sila taanee

Kan sichii malaachuudha

Kalaamaayee kalaamaa ija booruu

Turuu sirraan oluu

Abaabbesa kee jala horasaa buduqfatuu

Dargaggessa kee jala dhirrii lama hin dubbatuu

Baddaa keessa kaatanii maqaa gureen geeraruu

Gabaa tamoo hin dhuftare,jalataan garaa hin hiruu

Abidde korma golee

Kan qaroon didimaatuu

Argita atuu koo malee

Korma dhugaaf booratuu

Ijaareen Kaaba kabbaa

Doggiin gaadisaam duruu

An deemee nagaa nagaa

Shaggee koorri irraa toolu

Saanbatee narraa fudhuu

An abbaa jiruun ta'ee

Waanbadee barbaadadhuu

Eee----tiriyaaa----Eee tiriyaa

Eee –tiriyaa---Eee tiriyaa

Eee----tiriyaaa----Eee tiriyaa

Eee –tiriyaa---Eee tiriyaa

**6. Gumaa Gurraacha Bara 2022 (Falmaataa kabbadaa)**

Booratee bula burree calee borri(3x)

Of abdatee bulaa lafee laalee foonii

Kottu gamtaan tollaa jedhaa gonnii(2x)

Booratee bula burree calee borri (3x)

Of abdatee bulaa lafee laalee foonii

Kottu gamtaan tollaa jedhaa gonnii (2x)

Waan garaa isaatii

Baasee sitti himaanaan

Haqa isaa walaaltee

Dhugaa keenya haaltee

Ilmaa sabaaf qalii

Maaf du’aaf dabaarsitee lattee.(2x)

Waan garaa isaatii

Baasee sitti himaanaan

Haqa isaa walaaltee

Dhugaa keenya saamtee

Ilmaa sabaaf qalii

Maaf du’aaf dabaarsitee lattee.(2x)

Burqaan raanda jalaa

Ganda keessa yaati

Waraabuu waraabuu

Waraabii waraabii

Gumaan kun gurraachaa

Maa ilaalta jedhanii ilaalu

Gumaan kun hunda keenya

Maa ilaalta jedhanii ilaaluu 2x

Aariin garaacha gubee

Gaarachi fuula gubee

Waaregamuun kan jiru

Waarega ilma keeti na gubee 2x

Gamaas faffakaatee

Gamaanaas faffakaatee

Onnee jaalalaa midhee

Bineensaaf nu latee

Guddattuu yaa haadha firaa

Ilmi kee hin dune jira(2x)

Hundeessaa yaa abbaa firaa

Ilmi kee hin dune jira 2x
Likkii yaa haadha firaa 2x
Ilmi kee hin dune jiraa
Galaan yaa abbaa firaa 2x
Ilmi kee hin dune jiraa
Likkee yaa haadha firaa
Ilmi kee hin dune jiraa
Leelloo yaa haadha firaa
Ilmi kee hin dune jiraa

Yaayyoo Buree irra jiraa
Maandii Innaggoo jiraa
Jimmaa Aggaroo jiraa
Baalee Arsii irra jiraa
Hin dune hin dune jiraa
Seenaan kee hin dune jiraa
Dhugaa kee ol keenya jiraa(3x)

Booratee bula burree calee borri (3x)
Of abdatee bulaa lafee laalee foonii
Kottu gamtaan tollaa jedhaa gonnii (2x)
Booratee bula burree calee borri (3x)
Of abdatee bulaa lafee laalee foonii
Kottu gamtaan tollaa jedhaa gonnii (2x)

Waan garaa isaatii
Baasee sitti himaanaan
Haqa isaa walaaltee
Dhugaa keenya saamtee
Ilmaa sabaaf qalii
Maaf du'aaf dabaarsitee lattee.(2x)

Fayyuus godaanisumaa
Madaan madaa haguugee
Har'aas nu keessa jira

Kan sanyii nu duguugee

Sobni addagumaa isheetiin

Bakka hunda qubaattii

Eeba dhugaaf qophaa’e

Sobduun hin fudhattuu

Gumaan kun gurrachaa

Gumaa diimaa seetee

Gumaan kun gurrachaa

Gumaa adii seetee

Guddattuu yaa haadha firaa

Ilmi kee hin dune jira(2x)

Hundeessaa yaa abbaa firaa

Ilmi kee hin dune jira 2x

Likkee yaa haadha firaa 2x

Ilmi kee hin dune jiraa

Galaan yaa abbaa firaa 2x

Ilmi kee hin dune jiraa

Likkee yaa haadha firaa

Ilmi kee hin dune jiraa

Leelloo yaa haadha firaa

Ilmi kee hin dune jiraa

Boosetti Fantaalee jiraa

Walloo Kamisee jiraa

Hexoo Humbanaa jira

Gojjaam Mataakal jiraa

Mormoor Dhidheessa jiraa

Hin dune hin dune jira

Seenaan kee hin dune jiraa

Dhugaa kee ol keenyee jirra 2x